Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Seeraa fi Raawwii

Qorattootni:

Milkii Makuriyaa

Abdii Tasfaa

Gulaaltotni:

Alamaayyoo Massalaa

Sulxaan Abdoo

Addunyaa Ahmad

Caamsaa, 2010

Galata

Hirmaattota qorannichaa yeroo isaanii aarsaa gochuun odeeffannoo qorannoo kanaaf gargaare nuu kennan maraaf galatni keenya guddaa dha.

Obbo Jaarraa Bariisoo daataa qorannoo kana keessatti hojiirra oole keessaa kan Godinoota Afurii walitti qabuun deeggarsa olaanaa taasiseef galata addaa qaba.

Contents

BOQONNAA TOKKO 1

GUMEE QORANNOO 1

1.1. Seensa 1

1.2. Hima Rakkoo 3

1.3. Gaaffilee Qorannoo 4

1.4. Kaayyoo qorannichaa 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo 5

1.4.2. Kaayyoowwan Gooree 5

1.5. Daangaa Qorannichaa 6

1.6. Mala Qorannoo 6

1.7. Faayidaa fi Fayyadamtoota Qorannichaa 9

BOQONNAA LAMA 10

GAHEE ABBAAN ALANGAA MIRGA SHAKKAMAA KABACHIISUU KEESSATTI QABU: SAKATTA'IINSA SANADOOTA IDIL-ADDUNYAA FI SEEROTA BIYYA KEESSAA 10

Seensa 10

2.1. Sanadoota Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Aardiileetti Gahee Abbaa Alangaa Ilaalichisee Bahan 11

2.1.1. Sanada Waldaa Abbootii Alangaa Idal-Addunyaatiin Qophaa'e 11

2.1.2. Sanada Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin Qophaa'e 13

2.1.3. Sanada Gamtaa Awurooppaatiin Qophaa'e 13

2.2. Sakatta'a Sanadoota Idil-Addunyaa: Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu 14

2.2.1. Himannaa Dura 14

2.2.2. Himannaa Hundeessuu fi Komii Oliyyannoo Qopheessuu Keessatti 16

2.2.3. Sadarkaa Gaggeessa Falmiitti 16

2.3. Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Fi Himatamaa Yakkaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Sakatta'a Seerotaa fi Sanadoota Biyya Keessaa 19

2.3.1. Heera Mootummaa RDFI 19

2.3.2. Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa 19

2.3.2. Seera Adeemsa falmii yakkaa Itoophiyaa, Labsii.Lak.185/1961 20

2.3.3. Labsii Abbaa Alangaa Muummichaa RDF Itoophiyaa hundeessuuf bahe, Lab. Lak. 943/2008 21

2.3.4. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Lab. Lak. 199/2008 22
2.3.4. Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak.161 /2005 23
2.3.5. Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa Qajeelfama Lakk 9/2006 23
2.3.6. Maanuuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) 24
2.3.7. Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006) 25
BOQONNAA SADII 26
GAHEE ABBAAN ALANGAA MIRGA SHAKKAMAA FI HIMATAMAA KABACHIISUU KEESSATTI QABU: XIINXALA DAATAA 26
Seensa 26
3.1. Xiyyeeffannaa Hojii Mirga Shakkamaa Kabachiisuuf Kenname 27
3.2. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Qorannaa Yakkaatti 32
3.2.1. Mirgoota Bu'uuraa Shakkamtoota Yakkaa Hubachiisuu fi Kabachiisuu 32
3.2.1.1. Mirga callisuu fi mirga gorsaa seeraa argachuu 32
3.2.1.2. Sababa gahaa malee shakkamaan to'annaa jala akka hin oolle taasisuu 34
3.2.1.3. Mirga wabii bu'uura SDFY kwt 28'tiin kennamuu 36
3.2.2. Himatamaan Ragaa Sobaatiin Akka Hin Himatamne Gochuu 38
3.2.3. Ragaa fudhatama hin qabne gargaaramuu irraa of-qusachuu 40
3.2.4. Ragaa Himatamaa Fayyaduu Danda'u Himatamaa Beeksisuu 42
3.3. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Himannaa Hundeessuutti 44
3.3.1. Qabiyyee himannaa qophaa'uu fi sirna himannaan himatamaa ittiin dhaqqabsiifamuun walqabatee 44
3.3.2. Hiiktuu afaanii fi ogeessa seeraatiin deeggaramuu himatamaatiin walqabatee 45
3.3.3. Ragaa Gahaan Jiraachuu Isaa Mirkaneessuun Himata Dhiheessuu 46
3.3.1. Ijoo Seeraa Fi Firii Dubbii Dogongoraa Bu'uureffachuun Himannaa Hundeessuu, Cimsuu Ykn Heddummeessuu Irraa Of-qusachuu 47
3.4. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Falmii Dhaddachaatti 50
3.4.1. Yaadota gara garaa mana murtiif kennamaniin walqabatee 50
3.4.1.1. Mirgi wabii himatamaa akka eegamu deeggaruu 50
3.4.1.2. Ijoo seeraa ykn ragaa himatamaa fayyadu dhaddachaaf kaasuu 53
3.4.1.3. Yaada adabbii haqummaan kaasuun walqabatee 57

3.4.2. Gaaffii ragaa ittisaa gaafataniin walqabatee 59
3.4.3. Ragaa adeemsa seeraa hordofee hin argamnee fi qaama mirga namoomaa shakkamaa cabsan irratti tarkaanfii fudhatamu 61
3.5. Dhimmootni si'oominaan furmaata akka argatan gochuun kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaatiif gumaachuu 63
BOQONNAA AFUR 67
YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA 67
4.3. Yaada Guduunfaa 67
4.2. Yaadota Furmaataa 69
Miiltoolee i

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QORANNOO

1.1. Seensa

Gaheen abbaan alangaa sirna haqa yakkaa cimaa ijaaruu keessatti qabu daran olaanaa dha. Kana irraa kan ka'e seerotni dirqama hojii abbaa alangummaa bitan lammiilee yakka irraa tiksuuf kan kaayyeeffatan qofa osoo hin taane, bulchiinsa haqa yakkaa haqa-qabeessa (equitable) ta'e mirkaneessuuf kan dandeessisan ta'uu qabu.[1]

Dirqama abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaatti, akka ardii fi biyyaatti sanadootnii fi seerotni gara garaa bahaa turaniiru. Haa ta'u malee seerotni ykn sanadootni dhimmicha ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaatti qophaa'an humna dirqisiisaa kan hin qabne dha[2]. Kanneen keessaa: *''the Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors''* kan jedhu isa tokko dha. Sanadni kunis bara 1999 ALA'tti Waldaa Abbootii Alangaa Idal-Addunyaatiin kan qophaa'e dha. Sanadni inni biraa sadarkaa idil-addunyaatti bahe *''Guidelines on the Role of Prosecutors''*[3] kan jedhu yoo ta'u innis dhaabbata mootummoota gamtoomaniitiin bara 1990 ALA kan qophaa'e dha.

Sadarkaa Ardiileettis sanadootni garagaraa dhimma kana bitan qophaa'anii hojiirra jiru. Sanadoota kanneen keessaa tokko *'the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System''* kan jedhu dha. Sanadni kun yaada gorsaa gamtaa Awurooppaatiin bara 2000 ALI'tti bahe dha.[4]

Qabiyyee sanadoota kanaa akka waliigalaatti yoo ilaallu abbaan alangaa dirqama hojii isaanii haqa qabeessummaan, si'oominaa fi haala mirga namoomaa lammiilee kabachiisuu danda'uun

---

[1] Guidelines on the Role of Prosecutors, Adopted by the Eighth United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders, Havana, Cuba, 27 August to 7 September 1990, Preamble.

[2] James Hamilton, Director of Public Prosecutions, Ireland, the role of public prosecutors in upholding the rule of law, 2006:1

[3] *The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by the International association of Prosecutors, 1999.* Available at the website of the association: www.iap-association.org , visited up on 07/06/18

[4] The Role Of Public Prosecution In The Criminal Justice System, Recommendation Rec(2000)19
Adopted by the Committee of Ministers of the Council of Europe on 6 October 2000

bahaachuu akka qaban kan teechisani dha. Kunis adeemsa seeraa murtiin haqaa ittiin kennamu /due process of law/ mirkaneessuu fi sirni haqa yakkaa kaayyoo isaa akka galmaan ga'u taasisuu keessatti gumaacha olaanaa kan qabu ta'uu irraa madda.

Gaheen hojii abbaa alangaa biyyarraa biyyatti garaagarummaa kan qabu yoo ta'u biyyoota hedduu keessatti hojiilee ijoo abbaa alangaa kan ta'an: qorannaa yakkaa gaggeessuu, himannaa yakkaa hundeessuu fi raawwatamuu adabbii yakkaa to'achuu dha[5]. Kaayyoon hojii abbaa alangaa nama yakka raawwate adabsiisuu qofa osoo hin taane haqa barbaaduu ta'u qaba[6]. Hojiin kunis namootni yakka raawwatan qofti adabbii madaalawaa akka argataniif mana murtiitti dhiyeessuu akkasumas namootni yakka hin raawwanne akka hin adabamne kutannoodhaan hojjachuu gaafata. Abbaan alangaa gahee isaa kana yeroo raawwatu dantaa mootummaa fi uummataa kan bakka bu'u ta'uu ni beekama. Haa ta'u malee sanadoota armaan olitti caqasaman irraa akka hubatamutti abbaan alangaa mirga shakkamtootaa fi himatamtootaa kabachiisuudhaaf akkasumas mirga isaanii sarbuu irraa of qusachuudhaaf dirqama qaba.

Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessattis gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuuf qabu kan tumu seerri addatti qophaa'e yoo jiraachuu baates, Imaammatni Sirna Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa, Seerri Deemsa Falmii Yakkaa Itiyoophiyaa, Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe[7], Labsiin Hundeeffama Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa 943/2008, Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Federaalaa lakk. 44/91, Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf bahe[8], Qajeelfamni dambii lak.161/2005 hojiirra oolchuuf bahe qajeelfama lak. 8/2006, Qajeelfamni Naamusa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa[9] kanneen adda duraan caqasamani dha. Seerota kanaan alattis Maanuuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) fi Sanada JBAH

[5] The public Prosecution service at a Glance https://www.scribd.com/document/.../The-Public-Prosecution-Service-at-a-Glance

[6] Prosecution Function, Criminal Justice Section Standards; available at: https://www.americanbar.org/publications/criminal_justice_section_archive/crimjust_standards_pfunc_blkold.html, gaafa 18/01/2010 kan ilaalame.

[7] Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Labsii 199/2008.

[8] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lakk.161 /2005

[9] Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Lakk 9/2006.

Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006) keessatti gaheen abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu teechifameera. Qabiyyee seerotaa fi sanadoota kanneeniis akka waliigalaatti yeroo ilaallu mirgi namoota yakkaan shakkamanii fi himatamanii akka hin sarbamne eegumsi taasifamuufi akka qabu teechisaniiru. Eegumsi gama abbaa alangaatiin taasifamus sadarkaa qorannaa yakkaatti, himannaa hundeeffamuu fi falmii dhaddacha irratti taasifamu keessatti akka ta'e seerotni kunneen ni teechisu. Akkasumas gaheen abbaa alangaa kun shakkamtoota to'annaa jala jiran ilaalchisee haala qabiinsa isaanii fi kara seera-qabeessa ta'een to'annaa jalaa akka bahan deeggarsa taasisuu kan dabalatu dha.

Eegumsa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiin walqabatee seerotni keenya akkaataa sanadoota idil-addunyaatti tumaalee gara garaa of keessatti haammachuuf kan yaalan yoo ta'es, qabiyyeen seerota kanneeniin qabatamaan hammam hojiitti hiikkamaa jira inni jedhu dhimma xiyyeeffannaa argatee karoorfamee irratti hojjetamaa ture miti. Rakkoolee gama kanaan jiran adda baasuu fi furmaata akeekuuf qorannoon armaan dura gaggeeffames hin jiru. Kanaaf, qorannoon kun rakkoo seeraa fi hojimaataa gama kanaan mul'atan sakatta'uun kallattii furmaata teechisuun barbaachisaadha ka'uumsa jedhu kan qabu dha.

1.2. Hima Rakkoo

Gaheen abbaan alangaa sirna haqa yakkaa keessatti qabu namootni yakka raawwatan seeraaf dhiyaatanii akka adabaman taasisuu qofa osoo hin ta'iin murtiin kennamu haqa-qabeessa akka ta'u gochuu fi mirgi shakkamaa fi himatamaallee akka hin sarbamne eegumsa taasisuu kan dabalatu dha. Sababni isaas abbaan alangaa haqni akka hin dabne mirkaneessuufis dirqama waan qabuufi dha.[10] Haala qabatamaa biyyaa fi naannoo keenyaa yoo ilaalle garuu abbootiin alangaa haala bu'a-qabeessa ta'een dirqama isaanii mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiin walqabatee jiru xiyyeeffannaa kennuun bahachuu keessatti rakkooleen gara garaa ni mul'atu.

[10]The scope of the duty of prosecutor is most eloquently summarised by the US Supreme Court in *Berger v United States* as follows …. It is as much the duty of a prosecutor to refrain from improper methods calculated to produce a wrongful conviction as it is to use every legitimate means to bring about a just one. (Kan argamu: https://www.supremecourt.gov.sg/Data/Editor/Documents/J%20Steven%20Chong%20Speeches/The%20Role%20and%20Duties%20of%20a%20Prosecutor%20(10.11.11).pdf; Kan ilaalame 02/05/2018)

Rakkoon inni tokko abbaan alangaa dirqama ogummaa isaa giddu-lixummaa hin malle irraa bilisa ta'ee akka raawwatu sirni dandeessisuu fi eegumsi seeraa taasifameef gahaa ta'uu dhabuu dha. Fakkeenyaaf, labsiin Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa hundeessuuf bahe abbaan alangaa dirqama isaa yeroo bahutti gochaa raawwatuuf himannaa siviilii, yakkaa fi itti gaafatamummaa biroo irraa bilisa akka ta'uu qabu ni kaa'a. Akka naannoo keenyaatti garuu sirni abbaa alangaatiif eegumsa akka kanaa taasisu hin jiru. Kun ta'uun isaa immoo abbootiin alangaa dirqama isaanii mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiin walqabatee jiru sodaa irraa bilisa ta'uun akka hin bahanne kan taasisu dha.

Gama biraatiin, kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiif xiyyeefannoon akka seektaraatti kenname gahaa ta'uu dhabuun ni jira. Kana malees, mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuuf miirri itti-gaafatamummaa gama abbootii alangaa fi hooggansaatiin jiru laafaa ta'uunis rakkoo isa biraati. Hooggansi jirus, abbaan Alangaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa kan adabsiisu malee, mirgi isaanii akka hin sarbamne gahee taphachuu qabuuf xiyyeeffannoo hin kennani. Abbaa alanagaa akka bakka bu'aa miidhamaa dhuunfaatti lakkaa'uu fi dantaa himatamaatiif yoo dhaabbate akka dantaa miidhamaa sarbeetti lakkaa'uun hooggansa biratti yeroon mul'atu ni quunnama.

Akka waliigalaatti rakkooleen kun bakka jiraniitti abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti gahee isarraa eeggamu ni bahata jedhanii yaaduuf waan rakkisuuf, kun immoo hojii haqa argamsiisuu fi amantaa uummatni sirna haqaa irraa qabu mirkaneessuun akka hin danda'amne waan taasisuuf qorannoo kana gaggeessuun dhimma yeroon kennamuufi hin qabne ta'ee argameera.

1.3. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadiif deebii kan kennu ta'a.

1. Abbaan alangaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa haala guutuu ta'een akka kabajuufi kabachisiisu sirni dirqiisuu fi eegumsa kennuuf ni jiraa?
2. Yeroo qorannaan yakkaa gaggeeffamu, yeroo falmiin yakkaa taasifamuu fi kenniinsa murtii adabbii keessatti mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamu abbootiin alangaa gahee isaan irraa eegamu hagam bahatu?

3. Rakkoolee kabajamuu mirga namoomaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa waliin wal qabatee abbaan alangaa gahee isaa bahaachuu dhabuuf furmaata akkamiitu barbaachisa?

1.4. Kaayyoo qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee gooroo fi gooree armaan gadii qaba.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamuuf abbaan alangaa qixa sanadoota idil-addunyaa, seerota biyyaa fi naannoo keenyaatiin isarraa eegamu hangam bahachaa akka jiru sakatta'uu fi hanqinaalee seeraa fi hojimaataa jiran adda baasuun kallattii furmaataa kaa'uu dha.

1.4.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoon kun qabatee ka'e kanneen armaan gadii ti:

1. Sadarkaa qorannoo yakkaatti, himannaa hundeessuu fi falmii gaggeessuutti sababa gahee ofii bahachuu dhabuu abbaa alangaatiin mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa haalli itti sarbamu yoo jiraate adda baasuu.
2. Abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuuf akka hin dandeenye sababootni taasisan yoo jiraatan sakatta'uu
3. Mirgi namoomaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa yeroo sarbametti gama abbaa alangaatiin tarkaanfiin fudhatamaa jiru maal akka fakkaatu adda baasuu.
4. Qajeelfamni ykn istaandardiiwwan hojii abbaa alangaa ittiin gaggeeffamu mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamu taassisuuf hangam akka gargaaran madaaluu
5. Hojiin mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu hooggansa sadarkaa sadarkaan jiruun hangam xiyyeeffannoo argatee akka hoogganamaa jiru adda baasuu.
6. Sababa gara garaatiin mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa yoo sarbame tarkaanfiin seeraan ykn hojimaataan fudhatamu maal akka ta'e adda baasuu

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannichi godinaalee naannoo Oromiyaa filataman irratti kan daanga'u ta'a. Hojii fi itti gaafatamummaa abbaa alangummaa kallattii kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatin jiru irratti qofa kan xiyyeeffate dha. Kana jechuun qorannichi mirga himataan yakkaa murtii dhumaa erga argate booda qabu hin sakattaane. Kana malees qorannoon kun mirga namoota murtii dhumaa argatanii kan dabalate miti. Galmeewwan mana murtii ragaaleen istaatiksii akka daataatti qorannoo kana keessatti hojiirra oolan bara 2005 as kan jiran qofa. Kunis qorannichi dhimmootaa fi hanqinaalee wayitaawaa ta'an qofa akka agarsiisu yaadameeti dha. Kana malees, qorannichi gahaa abbaa alangaa idilee Biiroo Haqaa jalatti gurmaa'anii malee abbaa alangaa qaamolee raawwachiiftuu biroo jalatti gurmaa'anii kan uwwisu miti. Qoranichi raawwii labsii yeroo muuddamaa kan hammatu miti.

1.6. Mala Qorannoo

Gaaffilee qorannichi qabatee ka'e deebisuuf malli qorannoo akkamtaa fi hammamtaa waliin hojiirra oolfameera. Malli qorannoo hammamtaa kan hojiirra oole galmeewwan mana murtii murtii argatanii fi gabaasawwan raawwii hojii sakatta'uun, marii garee fi af-gaaffii gaggeessuuni dha. Kana malees, bar-gaaffiin akka madda daataa qorannichaatti hojiirra ooleera. Hog-barruuleen, sanadootnii fi waliigalteewwan sadarkaa idil addunyaatti jiranii fi seerotni rogummaa qabanis xiinxalamaniiru.

Af-gaaffiin (indepth interviews) hooggantoota qaamolee haqaa fi abukaattota dhuunfaa fi mootummaa waliin kan gaggeeffame yoo ta'u, innis sadarkaa abbaan alangaa dirqama isaa mirga shakkamaa kabachiisuuf qabu itti bahachaa jiruu fi rakkoolee gama sanaan mul'atan irratti muuxannoo fi miirri isaan qaban maal akka fakkaatu gadi fageenyaan sakatta'uuf hojiirra oole. Mirgi namoomaa shakkamaa fi himatamaa yakkaa yeroo sarbameetti gama abbaa alangaatiin tarkaanfiiwwan fudhataman yoo jiraatan daataa af-gaaffiidhaan argamuun kan ibsaman dha.

Malli inni biraa hojiirra oole **marii garee (focus group discussion)** yoo ta'u innis sirreeffamtoota seeraa waliin kan gaggeeffame dha. Odeeffannoon mala kanaan walitti qabames abbaan alangaa dirqama isaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu hammam akka bahachaa jiruu fi rakkoolee jiran agarsiisuuf kan yaale dha. Hirmaattotni marii garee kun sirreeffamtoota mara keessaa akka feeteedhaan (random sampling) kan filatamani dha.

Galmeewwan mana murtii sakatta'amanis sadarkaa gaggeessa falmiitti abbootiin alangaa mirga shakkamaa ilaalchisee yaada kennanii fi falmii isaanii keessattis hammam haqa argamsiisuuf qofa akka hojjetan sakatta'uuf yaalameera. Galmeewwan daawwatamanis galmeelee idilee murtii argatanii cufaman, galmeelee mirgi wabiifi yeroon beellamaa irratti gaafatame, fi kkf dha. Odeeffannoon **ba-rgaaffii** irraa argamus ogeessota qaamolee haqaatiin guutamus dhimma qorannoon kun irratti gaggeeffamuun walqabatee rakkoolee jiran, sadarkaa rakkoowwan kanaa fi sababoota isaanii kan agarsiisu dha. Mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka kabajamuuf abbaan alangaa qaamolee biroo waliin qindoominaan hojiin hojjataa jiru hangam bu'a qabeessa akka ta'e daataan agarsiisus odeeffannoo bar-gaaffii irraa argamuun kan deebi'e dha.

Hog-barruulee fi sanadootni sadarkaa idil addunyaa fi **seerotni keenya** dhimma qorannichaa waliin kallattiin walqabatan xiinxalamanii jiru. Gabaasni raawwii fi karoorri hojii BHO ilaalameera. Xiinxalli kunis abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuu keessatti qabu maal akka ta'eefi karaalee dirqamni kun ittiin bahamuu qabu kan agarsiise dha. Kana malees, hanqina seerota akka naannoo keenyatti raawwatiinsa qaban keessa jiru agarsiisuu fi yaadota furmaataa qorannichi teechisuu qabuufis yaadota galtee ta'an agarsiiseera.

Qaamoleen daataan irraa funaanamus akka naannootti Manneen murtii, Biiroo Haqaa Oromiyaa, Komishinii Poolisii Oromiyaa fi Komishinii Manneen Sirreessaa kan dabalate dha. Kanaaf, caasaalee qaamolee kanneenii sadarkaa naannoo irraa hanga aanaatti jiran irraa daataan funaanameera. Funaansa daataatiif godinootni fi aanotni armaan gadii filatamaniiru. Isaan kunis:

1. Shawaa Lixaa (Gudar,Ejeree)
2. Wallagga lixaa (Gimbii, Innaangoo)
3. Jimma (Aggaaroo, Jimmaa)
4. Go/A/N/Finfinnee (Aqaaqii, Buraayyuu)
5. Harargee Lixaa (Ciroo, Baddeessaa)
6. Arsii Lixaa (Dodolaa, Shaashamannee)
7. Shawaa Bahaa (Baatuu, Ada'aa)

Godinaalee fi aanaaleen kunneen kallattiiwwan mara (giddu-galeessa, baha, lixa, kaabaa fi kibba) irraa haala naannicha bakka bu'uu danda'aniin kan filatamani dha. Gabateen armaan gadii

qorannoo kana gaggeessuuf baay'inaa fi qaama daataan irraa funaanamee fi mala hojiirra oole waliin kan agarsiisu dha.

Gabatee 1: Gabatee baay'ina daataa funaanamuu fi hirmaattota qorannichaa agarsiisu

Gosa daataa	Baay'ina daataa		Qaama daataan irraa funaaname
Af-gaaffii	Aanaa	76	• Mana murtii irraa: Pirezdaantii ykn B/B isaa • Waajjira haqaa irraa: Hoogganaa ykn Abbaa Adeemsa Mu/Ha/Ke fi AA N-1 • Waajjira poolisii irraa: Abbaa Adeemsa Mu/Ha/Kennisiisaa • Qaama biraa: Godinarratti abukaatoo dhuunfaa fi kan mootummaa • Godinarratti Hogganaa yookin A/A/H/I/Ha/Si/Seeraa Manneen sirreessaa.
	Godina		
	Naannoo		
Bar-gaaffii	Aanaa	187	• Abbootii seeraa, abbootii alangaa fi qorattoota poolisii • Naannoorratti qaamolee sadan irraa
	Godina		
	Naannoo		
Galmee	Aanaa	70	• Galmeewwan 3 tokkoon tokkoo godinaa fi aanaa irraa ni funaanamu / yoo argame galmee poolisii, abbaa alangaa fi mana murtii ni dabalata/
	Godina		
	Naannoo		
Marii garee	Godina	7	• Godinaalee deemaman mara keessatti mariin garee tokko sirreefamtoota seeraa waliin gaggeeffameera. • Mariin garee tokko yoo xiqqate nama 5 kan ofkeessatti qabaate dha.

1.7. Faayidaa fi Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaawwan hedduu ni qabaata. Dhimma qorannichaatiin walqabatee rakkoo hubannoo ogeessota qaamolee haqaa keenya bira jiru adda kan baase dha. Kun immoo qaamoleen leenjii kennanis dhimmoota irratti xiyyeeffachuu qaban kan agarsiise dha. Kana malees, hanqinaalee abbootiin alangaa keenya gama mirga shakkamaa kabajchiisuutiin qaban waan agarsiisuuf Biiroo Haqaa Oromiyaatiif akka galteetti ni fayyada. Dabalataanis rakkoolee qorannichaan adda bahan fudhachuun furmaata kennuuf qaamolee qooda fudhattoota ta'an maraa qorannichi galtee ta'uun ni gargaara.

BOQONNAA LAMA

GAHEE ABBAAN ALANGAA MIRGA SHAKKAMAA KABACHIISUU KEESSATTI QABU: SAKATTA'IINSA SANADOOTA IDIL-ADDUNYAA FI SEEROTA BIYYA KEESSAA

Seensa

Ga'een hojii abbaa alangummaa biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qabu dha. Sanadootni sadarkaa idil-addunyaa fi akka ardiileetti jiran ga'ee hojii abbaa alangaa bifa garagaraatin teechisaniiru. Sanadni Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaa gaheen abbaa alangaa adeemsa himannaa yakkaa fi foyya'iinsa haqa yakkaa bulchuu irratti kan xiyyeeffatu akka ta'uu qabu kaa'a[11]. Sanadni waldaa ogeessota seeraa Ameerikaa kun dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu qofa akka hin taane ifatti teechiseera[12]. Kana malees abbaan alangaa dantaa dhuunfaa ykn siyaasaa argamu giddu galeessa godhatee himannaa hundeessuu hin qabu jechuun ni kaa'a.[13]

Sanadni gamtaa Awurooppaatiin gahee abbaa alangaa teechisuuf qophaa'e immoo abbaan alangaa angowaa mootummaa dantaa uummataa bakka bu'uun namootni seera cabsan akka itti gaafataman taasisuu akka ta'e teechiseera. Gahee isaa kanas yoo bahatu kabajamuu mirga shakkamaa ykn himatamaa yakkaa fi bu'a qabeessummaa sirna haqa yakkaa haala mirkaneessuun akka tahuu qabu sanadni kun teechiseera[14]. Ulaagaa shakkamaa ni fayyadaa ykn hin fayyadu jedhu xiyyeeffannaa keessa osoo hin galchiin adeemsa qorannaa fi himannaa yakkaa keessatti taateewwaan raawwii yakkaa waliin wal qabatan kamiyyuu adda baafachuuf abbaan alangaa itti adeemuu qaba[15].

Kana malees, abbaan alangaa dirqama hojii isaa yeroo bahatutti seerotni bu'uuraa fi adeemsaa haqa kan jallisan ykn haqa argamsiisuuf gahaa kan hin taane yoo ta'an tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu taassisuu akka qabu sanadootni teechisanis ni jiru.[16]

Biyyoota sirna seeraa *siivili* fi k*oomanii* hordofan gidduuttis gaheen hojii abbaa alangummaa garaagarummaa kan qabu dha. Sirna seeraa *siiviilii* keessatti abbaan alangaa himatamaa

[11] Olitti yaadannoo lakk.6, standard 3- 1.2
[12] Olitti yaadannoo lakk.6, Standard 3- 1.2 /c/
[13] Olitti yaadannoo lakk.6, Standard 3- 3.9 :(d)
[14] Olitti Yaadannoo lakk. 4,Paragraph. 1
[15] Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph. 26
[16] Olitti yaadannoo lakk.6, Standards 3-1.2/d/

adabsiisuun akka dirqama isaatti kan ilaalamu miti. Kanarraa kan ka'e ragaa himatamaa fayyadu yoo argetti himatamaaf ykn abukatoo himatamaf ifa gochuun irraa eegama. Gama biraatin sirna seeraa *koomanii* keessatti abbaan alangaa dirqama bifa kanaa hin qabu.[17]

Gaheen hojii abbaa alangaa biyyaa biyyatti garaagarummaa yoo qabaate illee mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti ga'een qabaatan akka waliigalaatti olaanaa akka ta'e hubachuun barbaachisaa dha. Qaamni abbaa alangummaa mirgi namoomaa lammiilee qaama biraatiin akka hin sarbamneef illee waardiyyummaa kan dhaabatu ta'a. Kunis abbaan alangaa dantaa hawaasa bal'aatiif qofa kan dhaabatu osoo hintaane shakkamtoota yakkaa dabalatee kabajamuu mirga nama dhuunfaafis dirqama akka qabu kan agarsiisuu dha[18].

2.1. Sanadoota Idil-Addunyaa fi Sadarkaa Aardiileetti Gahee Abbaa Alangaa Ilaalichisee Bahan

Dirqama abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaatti, akka aardii fi biyyaatti sanadootnii fi seerotni gara garaa bahaa turaniiru. Haa ta'u malee seerotni ykn sanadootni dhimmicha ilaalchisee sadarkaa idil-addunyaa fi sadarkaa aardiileetti qophaa'an humna dirqisiisaa kan hin qabne dha[19]. Sanadoota kanneen keessaa isaan gurguddoo akka armaan gadiitti ilaalla.

2.1.1. Sanada Waldaa Abbootii Alangaa Idal-Addunyaatiin Qophaa'e

Sanadni kun *"The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors"* jedhamee kan beekamu yoo ta'u, bara 1999 ALA'tti Waldaa Abbootii Alangaa Idil-Addunyaatiin (International Association of Prosecutors) kan qophaa'e dha. Kaayyoon sanada kanaas akka itti aanutti seensa sanadichaa keessatti teechifameera.

> *[the document will] serve as an international benchmark for the conduct of individual prosecutors and of prosecution services. [It] should not simply be a bold statement but rather a working document for use by prosecution services to develop and reinforce their own standards*[20].

[17] Chandrasekharan Pillai, Journal of Indian law Institute, Vol 50: 631
[18] EU convention on human rights art. 5 and 6
[19] James Hamilton, Director of Public Prosecutions, Ireland, the role of public prosecutors in upholding the rule of law, 2006:1
[20] The Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by the International association of Prosecutors, 1999. Available: www.iap-association.org/getattachment/Resources-Documentation/IAP-Standards-(1)/English.pdf.

Akka hima armaan olii irraa hubatamutti sanadni kun tajaajilli abbaa alangummaa bifa kamiin gaggeeffamuu akka qabu sadarkaa addunyaatti muuxannoo gaarii ta'uuf, biyyootnis sanadoota haala raawwii abbaa alangaa isaanii yeroo baafatan jajjabeessuuf akkasumas abbaan alangaa dhuunfaan akka qajeelfama hojii isaatti akka gargaaramuu danda'u yaadamee sanada qophaa'e ta'uu isaati.

Qabiyyeen sanada kanaa kutaalee jahatti kan qoodamee dhiyaate dha. Kutaan inni duraa qajeeltoowwan naamusaa gurguddoo abbaan alangaa ogummaa kana keessatti mul'isuu qabu (professional conduct) dha. Kana jalatti abbaan alangaa hojii isaa yeroo raawwatu ogummaa isaatiif kabaja qabaachuu akka qabu, hojii isaa akka ogeessaatti (professionally) raawwachuu akka qabu, mirga haqa argachuu himatamaatiif eegumsa gochuu akka qabu fa'a caqasa. Kutaan lammaan bilisummaa abbaa alangaa kan ilaallatu yoo ta'u, innis dhimmoota abbaa alangaa murtiif dhiifaman (prosecutorial descretion) keessatti abbaan alangaa qaama alaa yookin siyaasaa kamiyyuu irraa bilisummaa qabaachuu akka qabu teechifameera.Kutaa 3ffaa sanadichaa jalatti abbootiin alangaa hojii isaanii gaggeessuu keessatti allogummaan qajeelfamuu akka qaban kan ibsame yoo ta'u, kana keessattis abbaan alangaa yeroo mara dhugaa baasuuf, manni murtiis dhugaa akka argatu deeggaruu akka qabu teechiseera.[21]

Sanadichi kutaa 4ffaa jalatti gahee abbaan alangaa adeemsa falmii yakkaa keessatti taphachuu qabu kan agarsiisu dha. Kutaa kana jalatti akka teechifametti abbaan alangaa yeroo qorannaa yakkaa gaggeessu poolisii ogummaan hoogganuu akka qabuu fi qajeeltoowwan mirga namoomaa akka kabajaman hojjechuu qaba. Kanaan alattis sanadichi haala abbaan alangaa himannaa itti hundeessuu qabu, falmii gaggeessuu qabuu fi kkf kan teechifame yoo ta'u, kunis kutaawwan itti aanan jalatti kan ilaalamera. Sanadichi kutaa 5ffaa jalatti bu'a-qabeessummaa hojii isaatiif abbaan alangaa poolisii, abukatoo himatamaa, mana murtii fi kkf waliin qindoomina cimaa qabaachuu akka qabu ni kaa'a. Kutaan inni dhumaa sanadichaa abbaan alangaa hojii isaa sodaa kamirraayyuu bilisa ta'ee akka raawwatu eegumsi gahaan taasifamuufi akka qabu kaa'a. Kanaan walqabatee dirqama ogummaa isaa sababa bahateen itti-gaafatamummaa bulchiinsaa, hariiroo hawaasaa fi yakkaatiif saaxilamuu akka hin qabne dabalataan teechiseera. Akkasumas himannaan naamusaa yeroo irratti dhiyaatu mirgi dhagahamuu fi murtii haqa-qabeessa argachuu isaa akka kabajamuu qabu kaa'eera.[22]

[21] *Olitti yaadannoo lakk. 20* Kw. 3.
[22] *Isuma Olii* Kw. 6/f/

2.1.2. Sanada Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin Qophaa'e

Sanadni inni biraa dhimma kanaan walqabatee sadarkaa idil-addunyaatti qophaa'e *''Guidelines on the Role of Prosecutors''* kan jedhu yoo ta'u innis dhaabbata mootummoota gamtoomaniitiin bara 1990 ALA'tti kan qophaa'e dha. Sanadichi kutaalee 9 fi keewwattoota 24'tti qoodamee kan teechifame dha. Kutaan jalqabaa sirni calallii abbaa alangaa gahuumsa qofa malee ilaalcha siyaasaa fi ulaagaawwan loogii-qabeessa biroo bu'uureffachuu akka hin qabnee fi abbaan alangaa erga qacaramees gahee isaa irratti hubannoo gahaa akka qabaatu leenjiiwwaniin deeggaramuu akka qabu kaa'a. Kutaan 2ffaa fi 3ffaan eegumsa abbaa alangaa fi maatii isaatiif taasifamuu qabuu fi bilisummaa yaada ofii ibsachuu fi waldaan gurmaa'uuf abbaan alangaa qabu kan qabate dha.[23] Kutaan 4ffaan sanadichaa gahee abbaan alangaa adeemsa falmii yakkaa keessatti qabu kan agarsiisu dha. Innis abbaan alanga akka qaama dantaa uummataa bakka bu'uutti qorannoo yakkaa fi raawwii murtii adabbii mana murtiin kennamu olaantummaan hoogganuu akka qabu kaa'eera. Kana malees, loogii bifa kamiiyyuu raawwachuu irraa of-qusachuu akka qabuu fi iccitii eeggamuu qabu eeguuf dirqama akka qabu kaa'eera. Kutaalee itti aanan keessattis sanadichi abbaan alangaa yeroo barbaachisaa ta'etti, himannaa addaan kutuuf, dhimmicha mala aadaatiin akka ilaalamu taasisuuf hayyamuu akka qabu, tarkaanfiin naamusaa abbaa alangaa irratti fudhatamu qaama bilisa ta'een akka keessa deebiin ilaalamuu qabu kaa'eera.[24]

2.1.3. Sanada Gamtaa Awurooppaatiin Qophaa'e

Sadarkaa Aardiileettis sanadootni garagaraa dhimma kana bitan qophaa'aanii hojiirra jiru. Isaan keessaa tokko sanada *''the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice System''* jedhamu yoo ta'u, sanadni kun yaada gorsaa gamtaa Awurooppaatiin bara 2000 ALI'tti bahe dha. Sanadichi miseensotni gamtichaa seerotaa fi hojimaata isaanii qajeeltoowwan sanadicha keessa teechifaman akka bu'uureffatanii sirreeffatan kan gorsu dha. Sanadni Gamtaa Awurooppaatiin gahee abbaa alangaa teechisuuf qophaa'e kun jijjiirraan, guddinni abbaa alangaa ulaagaa ifa ta'e k an bu'uureffateefi loogiif saaxilamaa ta'uu akka hin qabne kaa'a. Kana malees abbaan alangaa ajajni hojii kennamuuf tokko ajajni sun bifa barreeffamaatiin akka isa dhaqqabu gaafachuufi ajajni isaa kennames seera waliin yookin sammuu isaatiif fudhatamuu kan hin dandeenye yoo ta'e abbaan alangaa kan biraa dhimmicha akka qabatu sirni dandeessisu jiraachuu qaba jechuun teechiseera.[25] Sanadni kun hariiroo abbaan alangaa poolisii waliin qabaachuu qabu bal'inaan kan teechise yoo ta'u, abbaan alangaa seera-

[23] Olitti yaadannoo lakk.1, kwt 1-9.
[24] Olitti Yaadannoo lakk.1, kwt 10-21.
[25] Olitti Yaadannoo lakk. 4; paragraph 1-6.

qabeessummaa qorannoo gaggeeffamuu qorachuufi himannaan akka itti fufu yookin jalqabu murteessuufis aangoo qabaachuu akka qaban ni kaa'a.[26] Kana malees, sanadichi gahee abbaan alangaa mirga himtamtootaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabaachuu qabu bal'inaan kan agarsiisu, yoo ta'u kunis kutaa itti aanu keessatti ilaalamuuf yaalameera.

Itti aansuun sanadootni kun sadarkaa himannaan duratti, sadarkaa himannaa hudeessuu fi sadarkaa falmiitti gaheen abbaan alangaa qabu maal maal akka ta'e qabiyyee isaan teechisan ilaaluuf yaalla.

2.2. Sakatta'a Sanadoota Idil-Addunyaa: Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Kabachiisuu Keessatti Qabu

2.2.1. Himannaa Dura

a. Seerummaa fi Haaqummaa Qorannoo Hoogganuu

Hojiin qorannaa yakkaa adda duraan kan gaggeeffamu qorataa poolisiin yoo ta'es seerotni garagaraa qorannaa yakkaa keessatti gahee abbaa alangaa bifa garagaraatiin kaa'aniiru. Gamtaan Awurooppaa yaada gorsaa kaa'een abbaan alangaa seerummaa qorannoo yakkaa hoogganuu akka qabu ni kaa'a[27]. Poolisiin ajaja sakatta'iinsaa fi qabiinsaa mana murtii gaafachuun dursa abbaa alangaa beeksisuu akka qabu istaandardii hojii abbaa alangummaa ogeessota seeraa Ameerikaan bahe illee ni kaa'a.[28] Sanadootni biroos haaluma wal fakkaatuun abbaan alangaa seerummaa fi haqummaa qorannoo itti dhiyeenyaan hordofuu akka qabu ni kaa'u. Yeroo gaggeessi qorannoo adeemsa seeraa irra maqus abbootiin alangaa tarkaanfii akka fudhatan ni eeru.[29]

b. Mirga namoomaa shakkamaan qabu hubachiisuu fi mirgi kun akka kabajamu taasisuu

Abbaan alangaa sadarkaa dhagaha dhimmaa dura shakkamaan ykn himatamaan akkaataa sirna jiruutiin mirgi wabiidhaan gadi dhiifamuu akka eegamuuf ilaalcha qajeelummaa qabuun deeggaruu qaba.[30] Bu'uura sanada waldaa ogeessota seeraa Ameerikaa /ABA/'n qophaa'eetiin abbaan alangaa shakkamaan gorsaa seeraatiin bakka bu'amuu akka qabu gorsuuf dirqama qaba. Dabalataanis adeemsa himatamaan tajaajila kana itti argachuu danda'u hubachiisuu fi carraa kana himatamaan argachuu kan danda'u ta'uu isaa mirkaneeffachuuf

[26] Olitti Yaadannoo lakk. 4; paragraph 7-9.
[27] *Olitti Yaadannoo lakk.4,* paragraph 21
[28] Olitti Yaadannoo lakk. 6 : Standard 3-3.4
[29] Olitti Yaadannoo lakk.1 paragraph 11, and IPPA kw 4.2
[30] Olitti yaadannoo lakk. 6 –standard 3.3.10/b/

dirqama qaba.[31] Kana malees, abbaan alangaa shakkamtoota sababa dhama qabeessa malee to'annaa jala oolaniif furmaata seeraa kennuudhaaf dirqama qaba.[32]

c. Ragaa bu'uura seeraan alaatiin argame irratti tarkaanfii fudhatamu

Abbaan alangaa ragaa mirga namoomaa shakkamaa ykn himatamaa sarbuun argame bu'uureeffachuun himannaa hundeessuu hin qabu. Qaama gocha seeraan alaa kana raawwachuun ragaa qindeesse seera fulduratti dhiyeessuun tarkaanfiin seeraa akka irratti fudhatamu taasisuufis dirqama qaba.[33]

d. Ragaan gahaan yoo hin jiraanne tarkaanfii fudhatamu

Abbaan alangaa himannaa hundeessuuf sababni isa dandeessisu yoo jiraachuu baate ykn ragaan gahaa fudhatamummaa qabu yoo hin jiraanne himannaa hundeessuun irra hin jiraatu.[34] Abbaan alangaa istaandardii fi adeemsa iyyannoo dhiyaatu ittiin madaalee himannaa hundeessu qabaachuu qaba[35]. Adeemsa himannaa keessatti sirni abbaan alangaa murtii kamiyyuu itti kennu seeraan ykn qajeelfamaan ifatti teechifamuu kan qabu dha[36].

Kana keessatti abbaan alangaa bilisummaa ogummaa qabaachuu qaba. Abbaan alangaa balleessummaa shakkamaa irratti shakkii dhama qabeessa yoo qabaate himannaa akka hundeessuuf hogganaa isaatiin hin dirqisiifamu.[37] Haalli ramaddii galmee alloogummaa fi bilisummaa abbaa alangaa kan kabaju ta'uu qaba. Abbaan alangaa hojii isaatiin wal qabatee qajeelfamni kennamuuf kamiyyuu barreeffamaan akka ta'u gaafachuuf mirga ni qaba. Qajeelfamni hojii kennameef seeraan kan wal hin simne ta'ee yoo itti mul'ate ykn sammuu /conscience/ isaatiin kan wal dhahu yoo ta'e adeemsi galmeen sun abbaa alangaa biraatiif ittin dabarfamee kennamu jiraachuu qaba. Qajeelfamni ykn ajajni abbaa alangaatiif qaama aangoo qabuun kennamus iftoominaa fi bu'uura seeraa kan qabu ta'uu qaba[38].

---

[31] Olitti Yaadannoo lakk..6 : Standard 3-3.10:
[32] UN doc. E/CN.4/1999/63, Report of the Working Group on Arbitrary Detention; kan argamu: http://www.ohchr.org/Documents/Publications/training9chapter5en.pdf ; kan ilaalame, 27/11/2017.
[33] Olitti Yaadannoo lakk. 1 paragraph 16 & I PP Standard for profession paragraph 4.3
[34] Olitti Yaadannoo lakk..6 Standard 3-3.9 & Olitti Yaadannoo lakk..1 paragraph 14 & Olitti Yaadannoo lakk..4 paragraph 27
[35] Olitti Yaadannoo lakk..6 Standard 3- 2.5 & standard 3-3.4
[36] Olitti Yaadannoo lakk 1, paragraph 17
[37] Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3- 3.9 :(c)
[38] Olitti yaadannoo lakk. 20 kw. 2.

Akkasumas abbaan alangaa dirqama ogummaa isaa giddu lixummaa hin mallee irraa bilisa ta'ee akka raawwatu mootummaan tarkaanfii barbaachisu fudhachuuf dirqama qaba. Kunis abbaan alangaa dirqama isaa bahuun wal qabatee hojii raawwatuuf himannaa siviilii, yakkaa fi itti gaafatamummaa biroo irraa bilisa akka ta'uu gochuu kan dabalatuu dha.[39] Kana malees doorsisa, qoccolaa, dhiibbaa hin mallee fi kkf irraa eegamuu akka qabu sanadootni teechisanis ni jiru.[40] Fedhii namoota dhuunfaa ykn kutaa hawaasaa akkasumas dhiibbaa miidiyaalee fi uummata bal'aa irraa bilisa ta'anii hojii ogummaa hojjachuun dirqama abbaa alangaati.[41]

2.2.2. Himannaa Hundeessuu fi Komii Oliyyannoo Qopheessuu Keessatti

Yeroo yakki raawwatamee argamutti kan adabamuu qabu kutaa xinsammuu yakkamaati. Namni yakka raawwates yakka raawwate sana qofaaf adabamuu qaba. Abbaan alangaa firii fi ijoo seeraa dogongoraa irratti hundaa'uun himannaa hundeessuu akkasumas komii oliyyannoo qopheessuu hin qabu. Kana malees bay'inni himannaa akkasumas ulfaatinni yakkaa himannaan jalatti dhiyaatuu ragaa qabatamaan kan deeggaramee ol ta'uu hin qabu.[42] Eegumsi kun himatamaan adabbii ykn tarkaanfii hin malleef akka hin saaxilamne kan taasifamu dha.

2.2.3. Sadarkaa Gaggeessa Falmiitti

a. Ragaa sobaatin wal qabatee tarkaanfii fudhatamuu qabu

Abbaan alangaa ragaa barruu ykn namaa soba ta'usaa osoo beekuu dhadachaaf dhiyeessuu hin qabu. Ragaaleen kun erga dhiyaatan boodas soba ta'uu yeroo baretti ragaa soba ta'ee argame akka haqamu gochuu qaba[43]. Fudhatamummaa ragaa dhiyaate irratti shakkii yoo qabaate ragaa kana irratti manni murtii jala murtii akka itti kennu ni gaafata[44].

b. Ragaan gahaa fi fudhatamummaa qabu akka hin jirre yeroo bare tarkaanfii fudhatamu

Abbaan alangaa himannaa itti fufsisuuf sababni isa dandeessisu yoo jiraachuu baate ykn ragaan gahaa fudhatamummaa qabu yoo hin jiraanne himannaa isaa ittii fufuun irra hin

[39] Olitti Yaadannoo lakk 4, paragraphs. 9, 10 & 11
[40] Olitti Yaadannoo lakk 1, paragraph 4
[41] Olitti yaadannoo lakk. 20 kw. 3/b/
[42] Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3- 2.8 & Standard 3-3.9 (f)
[43] Olitti Yaadannoo lakk .6, Standard 3-5.6
[44] Olitti Yaadannoo lakk 4, paragraph 28

jiraatu[45]. Dabalataanis, ragaan dhiyaate fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu otuu beekuu ragaa kanatti gargaaramuuf dhadacha irratti falmii hin barbaachifne taassisuu hin qabu[46]. Qorannoon walaba ta'e himannaan dhiyaachuu akka hin qabne yoo agarsiise abbaan alangaa falmiin akka itti fufu taassisuu hin qabu[47].

c. Ragaa, firii dubbii fi seeraa himatamaa fayyaduu danda'u himatamaa ykn abukaatoo himatamaaf ifa gochuu.

Abbaan alangaa falmii yakkaa keessatti abukaatoo ittisaatiin yoo ka'uu baate illee seera ykn ragaa himatamaa fayyadu dhaddachaaf kaasuu qaba. Kanamalees ragaan murtii balleessummaa hambisuu danda'u ykn yakkicha ykn adabbii salphisuu danda'u jiraachuu isaa battala baretti abukaatoo ittisaa yookin himatamaa beeksisuu qaba[48]. Ragaa murtii haqa qabeessa kennuuf barbaachisaa ta'e hunduma adda baasuu fi dhiyeessisuuf tattaaffii olaanaa taasisuu qaba. Yaadni deeggarsaa gama gamtaa Awurooppaattiin ka'amees yaada kana kan deeggaruu dha[49].

d. Ilaalcha ragaa ittisaatiif qabaniin wal qabatee

Abbaan alangaa walitti dhufeenya abukaatoo ittisaa fi ragootaa gufachiisuu hin qabu. Namoota ragaa ittisaa ta'uu danda'aanis ragaa ittisaa akka hin taaneef gorsuu hin qabu. Gaaffileen qaxxaamuraa gama abbaa alangaatiin gaafatamaniis haqummaa kan qaban, kabaja ragaa ittisaa kan hin tuqne, doorsisaa fi dhaadachuu irraa bilisa kan ta'aan ta'uu qaba. Hanga ragaan ittisaa dhugaa raagaa jiruuttii abbaan alangaa jecha ragaa ittisaa ulfaatina dhabsiisuuf /discredit/ qofa gaaffii qaxxaamuraa akka meeshaatti gargaaramuu hin qabu[50]. Dabalataanis abbaan alangaa bilisummaa ragaa ogeessaa kabajuu qaba. Ogeessi ragaa yeroo kennutti bifa hojii abbaa alangaa gargaaruun akka kennu ogeessicha irratti dhiibbaa gochuu hin qabu[51].

e. Yaada mana murtiif kennamuun wal qabatee

[45] Olitti Yaadannoo lakk. 6 Standard 3-3.9 & Olitti Yaadannoo lakk 1, paragraph 14
[46] Olitti Yaadannoo lakk.6, standard 3-3.9 & standard 3-5.6
[47] Olitti Yaadannoo lakk. 4, paragraph 27
[48] Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3- 2.8(d) & Standard 3-3.11 :a & IPP Standard for profession paragraph 4.3
[49] Olitti Yaadannoo lakk . 4 paragraph 29. Public prosecutors should seek to safeguard the principle of equality of arms, in particular by disclosing to the other parties – save where otherwise provided in the law - any information which they possess which may affect the justice of the proceedings.
[50] Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3-3.1, Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3-5.7.
[51] Olitti Yaadannoo lakk. 6, standard 3-3.1

Abbaan alangaa firiiwwan dubbii galmee keessatti argamaniin ala itti yaadee firiiwwan dubbii biroo kaasuu fi qaama falmii isaa taasisuu hin qabu. Haa ta'u malee, abbaan alangaa firii dubbii galmee keessatti galmaa'ee hin jirre haalli itti kaasu ni jira. Kunis kan danda'amu firiin dubbii abbaan alangaa kaasuuf jiru beekumsa hawaasa waliigalaa / public knowledge/ kan ta'ee fi dhimma manni murtii tilmaama/ judicial notice/ irratti fudhachuu danda'u yoo ta'e qofaa dha[52].

Manni murtii murtii adabbii wal fakkaataa fi haqa qabeessa akka kennuuf abbaan alangaa yaada adabbii sirrii ta'e dhiyeessuu qaba. Odeeffannoo adabbii salphisuuf galtee ta'uu danda'u jiraachuu yeroo bare himatamaa ykn abukaatoo ittisaa hubachiisuu qaba. Ulfaatinni adabbii kennamu bu'a qabeessummaa raawwii hojii abbaa alangaa kan madaalu ta'uu hin qabu[53]. Abbaan alangaa mirga wabii ilaalchisee yaadni mana murtiif kennu gartummaa fi dhibbaa kamirraayyuu bilisa ta'uun ragaa dhugaa fi qabatamaa qofa kan bu'uureeffate ta'uu qaba.

f. Mirga Murtii Ariifataa Argachuu

Abbaan alangaa hanga danda'amaa ta'etti sirni haqa yakkaa si'oominaan akka gaggeeffamu mirkaneeffachuuf hojjachu qaba[54]. Seerotni fi sanadootni idila addunyaa baay'een isaanii namni yakkaan shakkamuun to'annaa jala oole daangaa yeroo gabaabaa keessatti mana murtiitti dhiyaachuu akka qabu ni kaa'u. Dabalataanis adeemsi keenniinsa murtii ariifataa ta'uu akka qabu ni kaa'u[55]. Raawwii fi kabajamuu mirga kanaatiif ga'een abbaa alangaa olaanaa ta'a. Abbaan alangaa qorannaa yeroo sababaawaa ta'e keessatti akka xumuramuuf hoogganuu, erga qorannaan xumurameen boodatti yeroo gabaabaa keessatti himannaa hundeessuun kabajamuu mirga ariitiin murtii argachuu himatamaaf gahee isaa bahaachuu qaba[56]. Barbaachisaa ta'ee hanga hin argamneetti dhimma lafarra harkisuuf qofa abbaan alangaa itti yaadee ulaagalee seerota adeemsaatti miira haqa qabeessa hin taaneen gargaaramuu hin qabu.[57]

[52] Olitti Yaadannoo lakk.6, Standard 3-5.9
[53] Olitti Yaadannoo lakk. Standard 3-6.1 & Standard 3-6.2 & Olitti Yaadannoo lakk. 4 paragraph 20
[54] Olitti Yaadannoo lakk. 4paragraph 28/c/
[55] ICCPR art. 9/3/
[56] Olitti Yaadannoo lakk. 6, Standard 3-2.9
[57] Olitti Yaadannoo lakk. 6, Standard 3- 2.9

2.3. Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa Fi Himatamaa Yakkaa Kabachiisuu Keessatti Qabu: Sakatta'a Seerotaa fi Sanadoota Biyya Keessaa

Kutaa kana keessatti seerotaa fi sanadoota biyyoolleessaa fi naannoo keenyaa dhimma qorannoon kun qabatee ka'e waliin rogummaa qaban warra ijoo ta'an gaggabaabsine akka armaan gadiitti ilaalla.

2.3.1. Heera Mootummaa RDFI

Heerri mootummaa RDFI gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabu ifatti tarreeffamaan teechisuu yoo baatanillee, mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa sadarkaa kamitti bifa kamiin kabajamuu akka qabu kaa'anii jiru. Heerri mootummaa yeroo ammaa hojiirra jiru mirgoota bu'uuraa namootni to'annaa jala oolanii fi hidhaman qaban keewwata 19 fi 20 jalatti teechiseera. Kana malees, seerri yakkaa duubatti deebi'ee kan hin hojjenne ta'uu, mirga murtii haqaa argachuuf lammiileen qaban, mirga yakka tokkoon yeroo lama adabamuu irraa eeggamuuf lammiileen qaban, kkf of keessatti haammateera.[58]

2.3.2. Imaammata Haqa Yakkaa Itoophiyaa

Adeemsi bulchiinsa sirna haqa yakkaa gosa lamatti qoodamee ilaalama. Kunis ' due process model' fi 'crime control model' dha. Adeemsi inni jalqabaa mirgoota dhuunfaa shakkamaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u inni lamaffaa yakka raawwatame irratti kan xiyyeeffatuu dha.[59] Bu'uura 'Due process model' tin uumamaan namootni yakki dalagamuu oggaa arganitti ykn dhaga'aanitti tilmaama madaalawaa Kan hin qabaanne waan ta'eef odeeffannoon yakka dalagame waliin wal qabatee funaanamu of eeggannoo guddaa dhaan ta'uu qaba jedhu. Adeemsichi adeemsa seeraa kan hordofee fi mirga dhuunfaa kan kabajee ta'uu qaba jedhu.[60] Gama biraatin adeemsi' crime control' model yakka dalagameef adabbii kennuun hojii sirna haqaa keessatti dursi kennamuufii qabu jechuun ka'a. Bu'uura adeemsa kanaatin qaamni seera raawwachiisu qaama yakka raawwate to'annaa jala hin oolchine yoo ta'e amantaan uummatni sirnicha irratti qabu daran kan gadi buusuu fi bilisummaa namootaa illee kan mancaasuu dha jedhu.[61]

[58] Heera Mootummaa RDFI, 1987, kwt 19,20,22,23, 37
[59] Herbert L. Packer, Two Models of the Criminal process, Standford Universirty press, 1968, fuula 1 http://my.ilstu.edu/~mgizzi/packer.pdf gaafa 5/31/2018 ilaalame
[60] Isuma Olii, fuula 7
[61] Isuma Olii, fuula 3

Imaammata haqa yakkaa bara 2003 bahe yoo ilaalle qajeeltoowwan gurguddoo imaammatichi bu'uureffate keessaa tokko adeemsa sirna haqa yakkaa keessatti murteen kennamu yookin tarkaanfiin fudhatamu kamiyyuu (abbaa alangaatiin kan fudhatamu dabalatee) mirga namoota dhuunfaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu qaba kan jedhu dha[62]. Qajeeltoon bu'uuraa biraa gochaan kamiyyuu sirna haqa yakkaa keessatti raawwatamu duudhaalee sanadoota sadarkaa idil-addunyaatti jiran waliin haala walsimuun raawwatamuu akka qabu kan jedhu dha. Kana malees imaammatichi adeemsa haqa yakkaa keessatti nama yakka raawwatee fi hin raawwatne adda baasuuf xiyyeeffannoo guddaan kennamuu akka qabuu fi balleessitoota irratti adabbiin darbus madaalawaa ta'uu akka qabu kan tumu dha.[63] Qajeeltoowwan maammata seera yakkaatiin teechifaman kunneen dirqama abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabuuf bu'uura akka ta'an hubachuun ni danda'ama. Kanarraayis kan hubatamu imaammatni sirna haqaa adeemsa 'due process model' kan hordofe ta'uu dha.

Aangoo abbaan alangaa sadarkaa qorannaa yakkaatti (hariiroo poolisii waliin) qabu ilaalchisees imaammatichi tumaalee murteessoo ta'an haammateera. Akka imaammata kanaatti abbaan alangaa fi poolisiin qorannaa yakkaa waliin gaggeessu. Haa ta'umalee, hojii qorannaa hoogganuu fi hordofuun dirqama hojii abbaa alangaa waliigalaati. Kana malees, abbaan alangaa hojii qorannoo ilaalchisee ajaja barbaachisaa ta'e kennuu fi seerummaa adeemsa qorannoo mirkaneessuuf aangeffameera. Qorataan poolisii kamiyyuu hojii qorannaa yakkaatin wal qabatee ajaja gama abbaa alangaatiin kennamuuf fudhachuu fi raawwachuuf dirqama qaba.[64]

2.3.2. Seera Adeemsa falmii yakkaa Itoophiyaa, Labsii.Lak.185/1961

Seerri kun akkaataa qorannaan yakkaa gaggeeffamuufi himannaan yakkaa itti hundeeffamu akkasumas sirna falmiin ittiin gaggeeffamuu fi murtiin ittiin kennamu bal'inaan kan teechisu dha. Seerri kun qorannaan yakkaa yeroo gaggeeffamu mirga himatamaan yakkaa qabu hedduu kanneen akka mirga callisuu, mirga gorsaa seeraatiin bakka bu'amuu, mirga sa'aatii 48 keessatti mana murtiitti dhiyaachuu, kkf kan teechise yoo ta'ellee,kana keessatti gaheen abbaa alangaa maal akka ta'uu qabu hanga barbaachisu ifatti hin agarsiifne. Ta'us seericha keewwata 8 jalatti abbaan alangaa hojii isaa yeroo raawwatutti ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa poolisiif kennuu akka danda'uu fi poolisootnis dirqama isaanii bu'uura seeraatiin kan bahatan ta'uu mirkaneeffachuuf ni aangessa. Kun sarbamuu mirga shakkamaa

[62] Imaammata seera yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe, kwt 1.2, fu 1
[63] Isuma Olii, kwt 1.4. (b, f,g)
[64] Isuma Olii, kwt 3.5; fuula 10.

poolisiin raawwatamu ittisuu keessatti gahee kan qabu yoo ta'ellee, akka armaan gaditti ilaalamu seerota qaamolee raawwachiiftuu hundeessuuf bahanii fi sanada JBAH'tiin aangoon kun kan gaaffii keessa gale dha.

Haata'u malee, seericha keessatti kutaan gahee abbaa alangaa agarsiisan muraasni ni jiru. Isaan keessaa tokko abbaan alangaa ragaan gahaan balleessummaa himatamaa mirkaneessu yoo hin taane ta'e galmee qoratamee dhiyaatuufis himannaa hundeessuu diduu kan jedhu dha.[65] Akkasumas himatamaan yookin shakkamaan mirga wabii yeroo gaafatu abbaan alangaa gaaffii mirga wabii irratti yaada qabu akka kennu seerichi ni teechisa.[66] Abbaan alangaa himannaa yeroo hundeessus argannoo qorannoo gaggeeffamee bu'uureffatee ta'uu akka qabuu fi kanas galmee qorannoo erga simatee guyyaa 15 keessatti dhiyeessuu qaba.[67] Manni murtii himatamaan balleessaa akka qabu yoo murteesse abbaan alangaa yaadni adabbii cimsu yookin salphisu yoo jiraate kaasuu qaba[68]. Kanaaf, abbaan alangaa aangoowwan seeraan kennamaniif kanneen keessatti gahee isaa mirga shakkamaa kabachiisuun walqabatus bahachuuf dirqama akka qabu tumaalee kanneen irraa hubachuun ni danda'ama.

2.3.3. Labsii Abbaa Alangaa Muummichaa RDF Itoophiyaa hundeessuuf bahe, Lab. Lak. 943/2008

Labsiin kun keewwata 6(8)C jalatti abbaan alangaa namoota buufata poolisii fi mana sirreessaa keessatti to'annaa jala jiran daawwachuun haalli qabiinsaa fi turtii isaanii bu'uura seeraatiin kan raawwatame ta'uu akkasumas gochaan seeraan ala ta'e yeroo isa quunname akka sirreeffamu ni taasisa. Namoota gochaa seeraan alaa raawwatan irrattis tarkaanfii ni fudhata yookin akka fudhatamu ni taasisa.

Labsichi keewwata 16 jalatti Abbaan alangaa muummichaa federaalaa seera qofa bu'uureffachuun jiddu-lixxummaa qaama kamiyyuu irraa bilisa ta'ee dirqamaa fi aangoo isaa bahachuu akka qabu ni kaa'a. Abbootiin alangaas hojii isaanii seera irratti hundaa'uun bilisummaadhaan akka hojjechuu qaban teechifameera. Labsichuma keewwata 17 (2) jalatti itti-waamamni abbaa alangaa hoogganaa isaa dhiyoo fi hoogganaa olaanaaf akka ta'e kaa'ameera. Akkasumas, namni kamiyyuu abbaa alangaa muummichaa federaalaa fi abbootiin alangaa hojii isaanii bilisa ta'anii akka hin raawwanne gidduu lixe adabbii cimaa

[65] Seeradeemsa falmii yakkaa Itoophiyaa,lan.Lak.185/196, kwt 38 fi 42/1/.
[66] Isuma olii, kwt 66.
[67] Isuma olii, kwt 109.
[68] Isuma olii, kwt 149/3/

waggaa tokkoo hanga waggaa shanii kan adabamu akka ta'e labsichi keewwata 24/1/ jalatti ni kaa'a.

Eegumsi biraa abbaa alangaatiif labsii kanaan keewwata 16/3/ jalatti teechifame abbaan alangaa yeroo aangoo fi gahee seeraan kennameef bahachaa jiran miidhaa qaqqabuuf itti-gaafatamummaa seeraa kan hin qabne ta'uu isaaniiti.

2.3.4. Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Lab. Lak. 199/2008

Seerota sadarkaa naannootti dhimma kanaan wal qabatee bahan keessaa tokko Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe isa tokko dha. Labsichi aangoo Biiroo Haqaa Oromiyaatiif kennaman tarreesseera. Isaan keessaa kanneen gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabuun walqabatan gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- mirgootaa fi bilisummaawwan uummataa fi dhuunfaa heeraa fi seera keessatti tumaman akka kabajaman mirkaneessuu[69]
- barbaachisaa ta'ee yoo argame himata kaasuu[70]
- raga-baatotnii fi eeruu kennitootni dhimma yakkaa eegumsa seeraa akka argatan gochuu[71]
- bulchiinsi sirreeffamtootaa fi namoota qabamanii yookin hidhamanii haala seera qabeessa ta'een mirgi isaanii kabajamuu hordofuu[72]
- namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamne yookin hin hidhamne ofeeggannoo barbaachisaa taasisuu[73]
- namootni yakka raawwatan jedhamanii shakkamanii to'annaa jala oolan gochi yakkaa isaan raawwatan mirga wabii kan isaan hin dhoorkisiifne yoo ta'e yookin ragaa gahaan kan irratti hin argamne yoo ta'e poolisii waliin mirgi wabii akka eegamuuf yookin akka gadi lakkifaman taasisuu, yeroo kanatti badiin isaanirratti raawwatame yoo jiraate tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu[74] fa'a kan jedhani dha.

[69] Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Labsii 199/2009, kwt 24(2)
[70] Isuma Olii, kwt 24(21),(22) fi (30)
[71] Isuma olii,, kwt 24(27)
[72] Isuma olii,, kwt 24(33)
[73] Isuma olii,, kwt 24(33)
[74] Isuma olii, kwt 24(33)

2.3.4. Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak.161 /2005

Dambiin kunis tumaalee gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabuun walqabatan haammateera. Isaan keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- mirga namoomaa fi kabaja namootaa tuquu irraa of qusachuu,[75]
- ragaa barreeffamaan kaa'ame ta'e jedhee gara sobaatti geeddaruu yookiin ragaa sobaatiin fayyadamuu irraa of qusachuu,[76]
- falmii yakkaa dhaddacha irratti haala ogummaan irraa eeguun falmuu dhabuu irraa of qusachuu [77]
- keewwata badii hin madaalleen himata hundeessuu irraa of qusachuu [78]
- Sababa gahaa fi qabatamaa hin taaneen hojii lafa irra harkiisuu irraa of qusachuu [79]
- Nama himatamuu hin qabne himachuu irraa of qusachuu [80]

2.3.5. Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa Qajeelfama Lakk 9/2006

Qajeelfamni kunis mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti gahee abbaan alangaaqabuun tumaalee walqabatan hedduu of-keessatti haammateera. Isaa keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- loogii irraa bilisa ta'uun hojii isaanii raawwachu qabu,[81]
- seera qofa bu'uura godhachuun hojjachu qabu[82]
- mirgoota namoomaa fi dimookraasii kabajuu fi kabajchiisuu,[83]
- qajeeltoo akka nama qulqulluutti tilmaamamuu shakkamaa kabajuu,[84]
- dhiibbaa qaama biraatiin hojjechuu dhabuu,[85]

[75] Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak.161 /2005, Kwt 65
[76] Isuma olii,, Kwt 78
[77] Isuma olii, , Kwt 78
[78] Isuma olii,, Kwt 78
[79] Isuma olii,, Kwt 78
[80] Isuma olii,, Kwt 78
[81] Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa Qajeelfama Lakk 9/2006, kwt 15.
[82] Isuma olii,, kwt 15.
[83] Isuma olii,, kwt 19/2/
[84] Isuma olii,, kwt 19/4/

- odeeffannoo sirrii hin taane dhiheessuu dhiisuu,[86]
- gaaffii nama aarsuu kaayyoo godhate gaaffachuu dhiisuu,[87]

2.3.6. Maanuuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008)

Maanuwaaliin kun Abbootii Alangaa hojii qorannaa yakkaa fi murtii haqaa kennisiisuu irratti bobba'anii jiran irratti raawwatiinsa kan qabu yoo ta'u, innis labsiiwwaan, dambiiwwaan fi qajeelfamoota waliin haala wal deeggaruun hojii irra akka oolu yaadamee bara 2008 kan bahe dha. Maanuwaalichi gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu kan ilaallatan qabiyyee bal'aa of keessatti qabateera. Isaan keessaa kanneen armaan gadii ijoo kan ta'ani dha.

- Ragaa gahaan jiraachuu isaa erga mirkaneesseen booda qofa himata dhiheessuu,[88]
- Ragaawwaan harka isaa jiru yeroo barbaachisaa ta'e keessaatti himatamaadhaaf beeksiisuu,[89]
- Ragaawwaan mirga namoomaa himatamaa sarbuudhaan argaman kufaa taasisuu fi namoota seera cabsan irratti tarkaanfiin akka fudhatamu taasisuu fi tarkaanfiin fudhatame jiraachuu isaa mirkaneessuu,[90]
- Namoota qulqulluu ta'uun isaanii hubatame himata irraa bilisa gochuu[91]
- Yeroo shakkamaan jecha isaa kennu bakka sanatti argamuudhaan haala mirga heera motummaatiin eegamee jecha isaa kennuu isaa mirkaneessuu[92]
- Poolisiin karaa seeraan alaatiin mirga wabii shakkamaa yoo dhorke beeksiisuu[93]
- Qabiinsi namoota to'atamanii to'achuu fi tarkaanfii fudhachuu[94]
- Mirgi heera mootummaatiin qabu shakkamaaf himamuu[95]
- Himannaa haala mirga of irraa ittisuu himatamaa hin daangeessineen wixineessu;[96]
- Dhimmi himatamaa yeroo gabaabaa keessatti murtii argachuu dhaddacha yaadachiisuu[97]

---

[85] Isuma olii,, kwt 22/5/
[86] Isuma olii,, kwt 22/2/
[87] Isuma olii,, kwt 25
[88] Maanuwalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa Keewwata 6/3/
[89] Isuma olii Keewwata 6/6/
[90] Isuma olii Keewwata 6/7/
[91] Isuma olii, Keewwata 9
[92] Maanuwalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa
[93] Isuma olii, Keewwata 18 (3)(4)
[94] Isuma olii, Keewwata 19
[95] Isuma olii, Keewwata 20/2/
[96] Isuma olii Keewwata 43

- Hiiktuun afaanii akka ramadamuuf mana murtii yaadachiisuu[98].
- Abukaatoon himatamaaf akka dhaabatu mana murtii yaadachiisuu [99]
- Himannii fi ragaan himatamaarratti irratti dhihate dursee akka isa qaqqabu taasisuu[100]
- Ragaa himatamaa fayyaduu fi eessatti akka argamu beeku himatamaaf kennuu[101].

2.3.7. Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006)

Sanadni JBAH aangoo fi gahee abbaa alangaa akkasumas hariioo abbaan alangaa poolisii waliin yeroo qorannaa yakkaa qabu waan teechiseef, gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuu keessatti qabu hanga tokko haammateera jechuun ni danda'ama. Sanada JBAH kanaan gaheen abbaa alangaatiif kenname tokko qabiinsa migoota namoomaa ni hordofa, bakka mirgi namaa cabee argametti qajeelfama barbaachisaa ta'e ni kenna kan jedhu dha.[102] Sanadichi gahee waliinii abbaa alangaa fi poolisiif kennaman jechuun qabxiilee teechise keessaa gaaffii mirga wabii bu'uura seera adeemsa falmii yakkaa kew.28'tiin kennamu irratti waliin ni murteessu kan jedhu isa tokko dha. Akkasumas namootni qabaman ykn hidhaman mirgi isaanii akka kabajamu ni hojjetu, akkasumas namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamne ykn akka hin hidhamne of eeggannoo barbaachisaa ta'e ni taasisu[103] jechuun kaa'eera.

Ciminaa fi hanqina seerota keenya kanneen keessatti mul'atanii fi hojiirra oolmaa isaaniitiin walqabatee rakkoo jiru boqonnaa itti aanu keessatti kan xiinxalamu ta'a.

---

[97] Isuma olii, Keewwata 53
[98] Isuma olii, Keewwata 53
[99] Isuma olii, Keewwata 53
[100] Isuma olii, Keewwata 53
[101] Isuma olii, Keewwata 53
[102] Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006), mata duree 2.2.2 (j), fu.21
[103] Isuma olii mata duree 2.2.1 (b,c), fu.21

BOQONNAA SADII

GAHEE ABBAAN ALANGAA MIRGA SHAKKAMAA FI HIMATAMAA KABACHIISUU KEESSATTI QABU: XIINXALA DAATAA

Seensa

Gahee Abbaan Alangaa Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Kabajachiisuu Keessatti Qabu sakatta'uuf daataan mala bar-gaaffiin, af-gaaffiin, sakatta'a galmee fi sanadaaleetiin hirmaattota qorannichaa irraa walitti qabame kutaa kana jalatti kan xiinxalamu ta'a.

Hirmaattotni qorannichaa af-gaaffii deebisan hooggantoota waajjiraalee haqaa fi pirezidaantota mana murtii yeroo ta'an, mariin garee immoo kan taasifame sirreeffamtoota seeraa waliini dha. Galmeewwan sakatta'aman immoo manneen murtii sadarkaa aanaa, godinaa fi naannoo irraa kan argamani dha. Hirmaattotni bar-gaaffii guutan abbootii alangaa, abbootii seeraa fi qorattoota poolisii sadarkaa aanaa hanga naannoo jirani dha. Daataan bargaaffi kan guutame abbootii alangaa 70'n, abbootii seeraa 56 fi qorattoota poolisii 61'ni dha. Waliigalatti hirmaattotni 187 bar-gaaffii kan guutan yeroo ta'u, gaaffii muraasa hirmaattotni marti akka guutan taasifamee gaaffilee kaan immoo gareen tokko yookin gareen lama qoft haalli akka itti guutu taasifame ni jira. Kanaaf hirmaattotni martikan guutan yoo ta'e gabatee daataa bar-gaaffii agarsiisu keessatti ida'amni 187 kan jedhu ta'a. Gaaffii tokko kan guute abbaa alangaa fi abbaa seeraa qofa yoo ta'e immoo ida'amni 126 ta'eet haftuun (missing value) 61 ta'a jechuu dha. Bu'uuruma kanaan baay'inni hirmaattota bar-gaaffii guutanii (frequency) dhibbeentaa fi dhibbeentaa sirrii (valid percent) bifa jedhuun teechifameera. Dhibbeentaa sirrii jedhamee kan teechifame dhibbeentaa baay'ina hirmaattota gaafficha guutan (haftuu osoo hin dabalatiin) keessaa hanga baafame yoo ta'u, dhibbeentaa jedhamuun kan teechifame immoo hanga hirmaattota waliigalaa bar-gaaffii (187) keessaa dhibbeentaa baafame dha.

Daataan bifoota gara garaa olitti caqasamaniin walitti qabames kutaa kana keessat
ti akkaataa ijoo dhiyaatuutiin walkeessa makamuun kan xiinxalamu ta'a.

3.1. Xiyyeeffannaa Hojii Mirga Shakkamaa Kabachiisuuf Kenname

Gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabajachiisuu keessatti taphachaa jiru daataa funaaname bu'uureffachuun xiinxaluun dura xiyyeeffannaa hojii mirga shakkamaa kabachiisuuf akka Biiroo Haqaa Oromiyaatti kenname ilaaluun gaarii ta'a. Xiyyeeffannaa gama Biiroo kanaatiin hojichaaf kenname hubachuuf seerota gara garaa fi maanuwaaliiwwan hojiirra jiran, sanadoota karooraa hojii fi gamaaggama raawwii Karoora Guddinaa fi Tiraansfoormeeshinii lammaffaa (kana booda KGT II) taasifame ilaalla. Biiroon haqaa Oromiyaa sadarkaa biirootti ergamni qabate *"naannoo Oromiyaa keessatti namoota heeraa fi seera darbanii fi gocha yakkaatiin shakkamani seeratti dhiyeessuun murtii saffisaa fi haqa qabeessa ta'e itti kennisiisuun olaantummaa seeraa mirkaneessisuudhaan nagaa fi tasgabbii ummatichaa eegsisuufi hubannoo seeraa hawaasichaa gabbissuun heerrii fi seerri bifa walfakkaatuun hojii irra akka oolu taasisuu*" kan jedhu dha.[104] Ergama akka Biiroo Haqaatti' qabame kana keessatti gaaleen "murtii saffisaa fi haqa qabeessa kennisiisuu" jedhu gahee abbaan alangaa mirga shakkamtootaa fi himatamtootaa kabachiisuuf qabu kan ofkeessatti qabate akka ta'e ifa dha. Akkasumas Sadarkaa karooraatti mirga namoota qabamanii, himatamanii fi murtii adabbii argatanii kabachiisuu kan jedhu karoora KGT II keessatti hammatamee jira.[105] Hanqinalee haaromsa keessatti adda baafaman keessaa inni guddaan tokko sarbamuu mirga shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaati.[106] Haata'u malee gabaasni raawwii hojii Biiroo Haqaa Oromiyaa kan walakkaa KGT II (kan waggaa lamaa fi walakkaa) kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiif xiyyeffannaa kenneefii hin jiru.[107] Kana malees, kabajamuun mirga shakkamaa fi himatamaa toora xiyyeffannoo Biiroo kanaa jalatti xiyyeeffannoo argatee hammatamee hin jiru.

Gama biraatiin, akka armaan olitti boqonnaa lammaffaa keessatti ilaaluuf yaalame gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa yakkaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabu ilaalchisee *seerotni keenya* [108]uwwisa bal'aa kennanii jiru. Itti-g afatamummaan abbaa alangaatiif gama

[104] Gabaasa raawwii hojii Biiroo Haqaa Oromiyaa KGT II keessaa Kan Waggaa Lamaa fi Walakkaa (2 fi 1/2) Adoolessa 1 bara 2008-Muddee 30 bara 2010, fuula 2
[105] Isuma Olii, fuula 5
[106] Isuma olii, Fuula 11
[107] Isuma olii,Fuula 5
[108] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Lab. Lak. 199/2009; Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak161 /2005; Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa Qajeelfama Lakk 9/2006; Maanuuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008); Sandani Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006)

kanaan sanadoota sadarkaa idil-addunyaa keessatti teechifaman hedduun isaanii seerota keenya, maanuwaaliiwwan hojii fi sanada JBAH hojiirra jiru keessatti haammatamaniiru jechuun ni danda'ama. Kunis xiyyeeffannoon dhimmichaaf kenname gaarii ta'uu agarsiisa.

Haata'u malee, hanqinaaleen gama seerota keenya kanneeniitiin mul'atanis ni jiru. Imaammatni Sirna Haqa Yakkaa biyya keenya gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qabu tumaalee gara garaa jalatti yoo qabaatellee dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu akka hin taane ifatti teechisee hin jiru. Labsiin Qaamolee Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe Lab. Lak.199/2008 waa'ee bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa fi Dambiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Lab. Lak.161/2005 keessatti bilisummaa ogummaa abbaa alangaa fi gahee abbaan alangaa mirga shakkamaa ykn himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti qabu hanga maluu fi kanneen maanuwaalii keessatti haammataman teechisanii hin jirani. Kanneen keessaa: ragaa himatamaa fayyaduu fi eessatti akka argamu beeku himatamaaf kennuu[109], namoota qulqulluu ta'uun isaanii hubatame himata irraa bilisa taasisuu,[110] mirgi heera mootummaatiin qabu shakkamaaf himamuu,[111] hiiktuun afaanii akka ramadamuuf mana murtii yaadachiisuu,[112] abukaatoon himatamaaf akka dhaabatu mana murtii yaadachiisuu[113] fa'a kanneen jedhan caqasuun ni danda'ama.

Daangaan bilisummaa Abbaa Alangaa biyyaa biyyatti garaagara yoo ta'u biyyoota Awurooppaa baay'ee keessatti sadarkaan bilisummaa fi akkaataan hundeeffama hojii abbaa alangummaa mana murtii waliin kan wal fakkaatu yoo ta'ubiyyootuma Awurooppaa biro keessatti immoo abbaan alangaa qaama seera raawwachiiftuu jalatti kan ramadamuu fi akkuma ogeessa seeraa tokkotti kan ilaalamuu dha[114]. Ta'uus, sirna kamiyyuu keessatti dhiibbaan bilisummaa abbaa alangaa irratti uumamu guutummaa hojii abbaa seerummaa / the whole trial/ irraatti dhiibbaa uumuu akka danda'u ni amanama. Sirna baayyee keessatti haalli caaseffama hojii abbaa alangaa sadarkaa gara garaatti / hierarch/ sadarkeessuudhaan yoo ta'u caasaadhuma sadarkeeffame kana keessatti garuu bilisummaa abbaa alangaa

[109] Olitti Yaadannoo 88, Keewwata 53
[110] Isuma olii, Keewwata 9
[111] Isuma olii, Keewwata 20/2/
[112] Isuma olii, Keewwata 53
[113] Isuma olii, Keewwata 53
[114]European Network of Council for Judiciary,Independence and Accountability of Prosecution, Report 2014-2016 Fuula 4 Biyyoota kanneen akka Beeljiyam, Bulgaari'aa, Faransaay, Itilii fi Roomaaniyaa keessatti abbaan alangaa fi abbaan seeraa sadarkaa bilisummaa wal fakkaataa ta'e qabu.

kabajamuu qaba. [115] Haariiroo fi walitti dhufeenyi qaamolee abbaa alangaa sadarkaa garagaraa irra jiraan seera ifa ta'een kan daanga'ee fi itti gaafatamummaa illee kan hordoofsisu ta'uu qaba[116]. Maxxansa qaamni ***European Network of Council for Judiciary*** jedhamu baaseen Awurooppaa keessatti bilisuummaa fi itti gaafatamummaa abbaa alangaa ilaalchisee mana hojii abbaa alangaa keessatti ajajni qaama olaanaa irraa kennamu barreeffamaan akka ta'uuf gaafachuuf abbaan alangaa mirga akka qabu ni kaa'a. Qajeelfama kennameen kan walii hin galle yoo ta'e abbaan alangaa kun qaama biraa ykn abbaa alanagaa biraatin akka bakka bu'amuuf gaafachuuf mirga qabaachuu qaba jechuun sanadni kun kaa'eera.[117] Seerota sirna haqaa Naannoo Oromiyaa bulchan yoo ilaalle garuu mirgootni kunneen kaa'amanii hin jira. Abbaan alangaa eeruu dhiyaate hin himachiisu jedhee cufuuf paanaaliif dhiyeessuu qaba. Paanaaliin kun ni himachiisa jedhee yoo murteesse abbaan alangaa galmee qorataa ture itti amanuu baatuu illee himachuuf dirqama akka qabu hojimaatni biiroo haqaa Oromiyaa ni agarsiisa.[118] Abbaan alangaa qajeelfama hoogganaa isaa irraa ykn qaama olaanaa irraa kennamuuf barreeffamaan akka kennamuuf gaafachuuf seerri isa aangeessu hin jiru. Kanarra darbees qajeelfama qaama olaanaa irraa kennamuuf yoo itti amanuu baate hojiin qajeelfamni itti kenname abbaa alangaa biraatin akka hojjatamu gaafachuuf mirga qabaachuu isaa seerri mirkaneessu akka naannoo Oromiyaatti hin jiru. Kunis bilisummaa ogummaa abbaa alangaa irratti dhiibbaa kaa'eera.

Dirqamootni abbaan alangaa mirga shakkamaa yakkaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabu hedduun isaanii kan haammataman Maanuwaalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) keessatti dha. Maanuwaaliin kun erga qophaa'ee waggootiin lama kan darban yoo ta'ellee, jiraachuu isaatuu namni beeku muraasa dha.[119] Maanuwalicha hojiirra oolchuuf Biiroonis xiyyeeffannaa kennee itti adeemee hin jiru.[120] Kana malees, maanuwaalii kana hojiirra oolchuuf kaka'uumsi hooggansas ta'e ogeessa sadarkaa naannoo

[115] European Network of Council for Judiciary,Independence and Accountability of Prosecution, Report 2014-2016 Fuula 26

[116]Isuma olii

[117] Isuma olii

[118] Afgaaffii obboo Abbaayinah Birhaanuu, IG WH Mag/Adaamaa gaafa 05/10/10 gaggeeffama IG WH Mag/Adaamaa, Masarat Tiksaa A/A/M/H/K/W/H/G/A/Adaamaa, gaafa 05/10/10 gaggeeffame.

[119] Zelaalam Keennasaa, IG Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10 gaggeeffame; Masarat Guutamaa, IG W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee; Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa Aanaa T/Kuttayee, Af-gaaffii gaafa 03/05/10 gaggeeffame; Jilaaluu Mul'isaa: AAMHK, Waajjira Haqaa Godina Jimmaa, af-gaaffii Guyyaa 21/05/10; Warqinaa Galataa, IG WaHaqaa Aanaa Gimbii, Af-gaaffii Guyyaa 10/05/10 gaggeeffame

[120] Pheetiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 03/05/10 taassifame

hanga aanaa jiru biratti mul'atu gadi aanaa dha.[121] Kana malees, maanuwaalichi bifa qajeelfamaatiin kan qophaa'e waan hin taaneef humni dirqisiisuu isaa laafaa dha. Kunis abbootiin alangaa bu'uura maanuwaalichaan dirqama isaanii bahuu dhabuun akka itti-gaafatamummaa hordofsiisutti akka hin ilaalle kan taasisu dha.

Seerotaa akka naannoo keenyaatti jiraniin walqabatee hanqinni biraa mul'atu abbootii alangaa dhugaa bu'uureffachuun himatamaan haqa akka argatu deeggaraniif uwwisni seeraa eegumsa godhuuf haala gahaa fi ifa ta'een kan hin jirre ta'uu dha. Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfiin naamusaa yookin bulchiinsaa sababa kanaan yeroo irratti fudhatamu gara qaama walaba ta'eetti, fakkeenyaaf mana murtiitti sirni komii isaa ittiin dhiyeeffachuu danda'u hin jiru. Naamusa abbaa alanagaa mirkaneessuuf biyyootni garagaraa sirna garagaraa ni diriirsu. Sirni diriiru kunis abbaa alangaa sodaa keessa kan galchan otuu hin taane bilisummaa abbaa alangaa caalatti kan mirkaneessan ta'uu qaba. FKN Sarbiyaa keessatti adabbii hojiirraa gaggeeffamuu abbaa alangaa sadarkaa dhumaatti oliyyannoo dhaan kan ilaalu mana murtii heera mootummaati /constitutional court/ dha. Manni murti kun komii dhiyaatu oliyyannoo qofaan kan ilaalu yoo ta'u murtiin mana murtii kanaan kennamu isa dhumaati.[122] Seerummaa fi haqa qabeessummaa adabbii naamusaa irratti fudhatamu abbaan alangaa hanga mana murtii kanaatti deemee falmachuuf mirga ni qaba. Akka naannoo Oromiyaatti garuu qaamni mana hojii abbaa alangaa irraa walaba ta'eefii komii tarkaanfii naamusaa abbaa alangaa irratti sadarkaa gumii waliigalaatti fudhatame ilaaluuf seeraan hundaa'ee hin jiru. Tarkaanfiin gumii waliigalaan fudhatame koreedhuma hogganaa Biiroo haqaatin walitti qabamuu fi biiroo irraa bilisa hin taaneen oliyyannoo dhaan kan ilaalamuu dha. Komii oliyyannoo dhaga'uuf qaamni mana hojii kana irraa bilisa ta'e hundeeffamuu dhabuun isaa carraa abbootii alangaa mirga isaanii kabachiisuuf qaban kan dhiphisu waan ta'eef bilisummaa hojii isaanii irratti dhibbaa kan qabuu dha.

Rakkoon inni biraa bakka kanatti ka'uu malu, abbaan alangaa shakkamaan tokko bu'uura SDFY keewwata 28'tiin wabiin bahuu kan qabu ta'uu yoo amane yookin namootni seeraan ala to'annaa jala jiraachuu yoo hubate dhuunfaadhaan tarkaanfiin fudhachuu danda'u jiraachuu dhabuu dha. Rakkoon kunis kan maddu sanada JBAH olitti boqonnaa lama keessatti ilaalle irraa akka hubatamutti, abbaan alangaa qorataan poolisii hanga itti amanutti

[121] Guutuu Oljiraa, It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa, Af-gaaffii guyyaa 10/05/10

[122] Republic Of Serbia, Ministry Of Justice,Law on Public Proecution, *the official gazette of the republic of serbia,* no. 116/08, 104/2009, amended by law on amendments and supplements to the law on public prosecution, published in official gazette of rs no. 101/2010 art. 98

shakkamaan sun akka gadi dhiifamu gochuu hin danda'u. Sababni isaa dhimmichi aangoo waliinii akka ta'eetti sanadichaan waan teechifameefi dha. Kana irraa kan ka'e abbaan alangaa mirgi shakkamaa gama kanaan sarbamuu yoo hubatellee, mirga himatamaa kabachiisuuf qofaatti gahee taphatu akka hin qabneetti akka hubatu kan godhu dha. Kana malees, sanadni JBAH kun gaheewwan poolisiif kennaman kan akka yeroo beellamaa gaafachuu keessatti gaheen abbaan alangaa qabu kan hin jirre ta'uu isaati.[123]

Bu'uura SDFY kw. 28 tin shakkamaa tokko gadi lakkisuufis ta'e gadi lakkisuu dhiisuuf aangoon bal'aa /discretion power/ poolisiif kennamee jira. Shakkamaan bu'uura SDFY kw. 28 tin mirgi wabii naaf haa eegamu jechuun poolisiitti iyyachuu hin danda'u. Keewwata seeraa kana irraa kan hubatamu poolisiin gosa yakka raawwatamee irratti hundaa'uun ofii isaatiif yoo itti amane shakkamaa gadi lakkisa malee iyyata mirga shakkamaadhaan dhiyaaten miti. Shakkamaan mirga wabiif kan iyyatu yoo poolisiin bu'uura SDY kw. 28/1/ gadi lakkisuu baatee dha.[124] Sanadni JBAH namoota SDFY kw. 28 tin gadi lakkifaaman ilaalchisee abbaa alangaa fi poolisiin yeroo walii galuu dhabanitti aangoo dhumaa abbaan adeemsa qorannoo yakkaa fi murtii haqaa kennisiisaa waajjira poolisiif kenneera.[125]

Gama biraatin bu'uura SDFY kw. 8/2/ qorannaa yakkaan wal qabatee abbaan alangaa qajeelfama barbaachisu poolisiif kennuu akka danda'u akkasumas poolisiin hojii isaa bu'uura seeraatin hojjachuu isaa mirkaneeffachuu akka qabu ifaan ni kaa'a. Gosa qajeelfamaa abbaan alangaa poolisiif kennuu danda'u guutummaan tarreessee kan hin jirre yoo ta'ellee keewwatni kun garuu abbaa alangaan ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa ta'e poolisiif kennuu akka danda'u ifatti aangeesseera. Keewwatinumti kun poolisiin hojii isaa bu'uura seeraatin raawwachuu isaa abbaan alangaa hordooffii gochuun mirkaneeffachuu akka qabu ni kaa'a. Dabalataanis, Imaammatni Haqa yakkaa Itiyoophiyaa hojii qorannaa yakkaatiin wal qabatee jirun abbaan alangaa poolisiif qajeelfama barbaachisaa ta'e kennuu akka danda'u, akkasumas ajaja ykn qajeelfama abbaa alangaatin kennamu raawwachuu fi kabajuuf poolisiin dirqama akka qabu ni kaa'a.[126]

Gama tokkoon SDFY kw. 8 fi Immammata Haqa Yakkaa Itiyoophiyaa kutaa 3.5, gama biraatin SDFY kw. 28/1/ fi JBAH yoo kan xiinxallu ta'e yaada wal faalleessu qabu. SDFY

[123] Olitti yaadannoo 102, mata duree 2.2.3 (m), fu.22
[124] Olitti yaadannoo 65, kw. 28/2/
[125] Olitti Yaadannoo 102,….fuula 18
[126] Olitti Yaadannoo 62, kutaa 3.5, fuula 10

kw. 8 fi immaammatni haqa yakkaa abbaan alangaa ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa poolisiif kennuu akka danda'u yoo kaa'u SDY kw. 28/1/ fi sanadni JBAH shakkamtoota waajjira poolisitti wabiin gadi lakkisuuf aangoo dhumaa kan qabu poolisii ta'uu kaa'an. Bu'uura keewwataa fi sanada kanaatin abbaan alangaa poolisiif qajeelfama kennuu ykn ajaju akka hin dandeenyee ni hubatama. Ogeessootni baay'een keewwata 28 ilaalchisee sanadni JBAH abbaa alangaa aangoo dhorkate jedhu. Jalqabuma kw. 28 yoo ilaalle garuu aangoo bal'aa /discretion power/ poolisiif kennee jira. Kanaaf JBAH'n seera kan faana kan wal faallessu otuu hin taane kan cimsee dha.

Rakkoon qabatamaan jiru gama kanaan rakkoo hojimaataa qofa otuu hin taane rakkoo seeraa illee kan dabalatuu dha. Harcaatii gama poolisiin uumamu to'achuuf shakkamtoota mana murtiitti iyyachuun otuu hin barbaachisin wabiidhuma waajjira poolisiitti galamuun akka gadi lakkifamaniif abbaa alangaatiif aangoo dhumaa kennuun barbaachisaa dha. Kanaaf immoo seerri deemsa falmii foyya'uu qaba.

Akka waliigalaatti, sadarkaa Biiroo Haqaa Oromiyaatti kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaatiif xiyyeeffannaan gahaan kennamee hin jiru. Seerotni garagaraa aangoo fi gahee Biiroo Haqaa akkasumas gahee abbootiin alangaa mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti qaban ilaallatanis hanqinaalee hedduu kan qabani dha.

3.2. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Qorannaa Yakkaatti

Sadarkaa qorannaa yakkaatti abbaan alangaa mirgi shakkamaa yakkaa akka kabajamu gahee olaanaa taphachuutu irraa eeggama. Gahee kanas karaawwan bahachuu danda'u keessaa isaan gurguddoo itti aansuun tokko tokkoon ilaaluuf yaalla.

3.2.1. Mirgoota Bu'uuraa Shakkamtoota Yakkaa Hubachiisuu fi Kabachiisuu

3.2.1.1. Mirga callisuu fi mirga gorsaa seeraa argachuu

Sadarkaa dhagaha dhimmaa duratti mirgootni gara garaa shakkamaan yakkaa qabu Heera mootummaa fi seerota gara garaatiin adda bahaniiru. Mirgoota shakkamaa kanneen keessaa muraasni: mirga deebii kennuu dhiisuun callisuu, mirga gorsaa seeraatiin bakka bu'amuu, mirga wabiin gadi dhiifamuu fa'a dha. Sanadoota itti-gaafatamummaa abbaa alangaa tumuuf sadarkaa adduyaatti qophaa'anii fi boqonnaa lama jalatti ilaalle keessattis abbaan alangaa mirgoota bu'uuraa kanneen shakkamaa hubachiisuu fi mirgoota kanneenitti akka fayyadamu deeggaruuf dirqama akka qaban ibsameera.

Qabatama haala naannoo keenyaatiin abbootiin alangaa itti-gaafatamummaa kana hammam bahachaa akka jiran ilaaluuf daataan bifa gara garaatiin walitti qabameera. Gaaffii "yeroo shakkamaan jecha isaa kennu abbaan alangaa bakka sanatti argamuudhaan mirgi shakkamaa heera motummaatiin eegameef kabajameefii jecha isaa kennuu ni mirkaneessaa?" jedhu dhiyaateef deebiin hirmaattotni kennan kan itti aanu dha.

Gabatee 2

	Baay'ina	Dhibbeentaadhaan	Dhibbeentaa sirrii /Valid Percent/
Eeyyeen	50	26.7	82.0
Lakkii	11	5.9	18.0
Ida'ama	61	32.6	100.0
Haftuu /Missing System/	126	67.4	
Dimshaasha	187	100.0	

Akka daataa kanaa yoo ta'e, abbaan alangaa yeroo himatamaan jecha isaa kennu yeroo hedduu (%82) argamee mirgi himatamaa kabajamuu ni hordofa. Sadarkaa kanatti abbaan alangaa %18 yeroo himatamaan jecha isaa kennu argamuu dhabuu daataan agarsiisu kunis rakkoon salphaa hin jedhamne gama kanaan jiraachuu kan agarsiisu dha.

Akka hirmaattotni bar-gaaffii deebisan jedhanitti abbaan alangaa dirqama kana bahachaa hin jirani. Abbaan alangaa mirga shakkamaan yakkaa bu'uura seeraatiin qabu itti himuu irratti rakkoo bal'aa qabu.[127] Keessattuu, shakkamaa yakka cimaa raawwate jedhamee yaadame mirga isaatiif yaaduun hin mul'atu.[128] Daataan marii garee sirreeffamtoota seeraa waliin taasifame irraa argames abbaan alangaa yeroo qorannaan gaggeefamus ta'e sana dura mirga shakkamtootni qaban hubachiisuuf akkasumas akka isaaniif kabajamu hojjetu hedduu hin

[127] Insp.Ol Kamaal Taaddasa, BB It/G Waajjira Poolisii Aanaa Gomaa, Af-gaaffii gaafa 22/05/10 gaggeeffame; Abbee Haajii, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ciroo, Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame; Kamaal Bakaraa, Hog/wa/Ha/go/Ad/Ma/Adaamaa, afgaafii guyyaa 02/07/2010 taasifame, Seenaa Zawudoo,Ab/Ad/Ho/Qor/Mu/Ha/Kennisiisaa, A/Shaashamannee, afgaafii Guyyaa 15/05/010 taasifame

[128] Masarat Guutamaa, I/G W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee, Pheetiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii 03/05/10 taassifame

mul'atu.[129] Daataan kun akka agarsiisutti abbaan alangaa shakkamtootni eeruu isaanirratti dhiyaate akka amanan sossobuu malee mirga isaan qaban hubachiisuu irratti hin xiyyeeffatu. Mirgi abukaatoon deeggaramuuf qaban akka kabajamuuf yeroo ofii gaafatanillee abbootiin alangaa "abukaatoon isin hin fayyadu, dhimmi keessan lafarra isin jalaa harkisuu malee maal isiniif godha" jedhanii haalii itti deebisan kan jiru ta'uu sirreefamtoota seeraa marii garee irratti hirmaatan irraa hubatameraa..[130]

3.2.1.2. Sababa gahaa malee shakkamaan to'annaa jala akka hin oolle taasisuu

Sadarkaa qorannaa yakkaatti karaan abbaan alangaa mirgi shakkamtootaa akka kabajamu gahee isaa taphachuu danda'u inni tokko namootni ragaa gahaa malee to'annaa jala akka hin oolle taasisuun wal qabateeti. Qabatama gama kanaan jiru adda baasuuf daataan bifa gara garaatiin funaanameera. Gaaffii "Namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamneef abbootiin alangaa hangam hojjataa jiru?" bifa jedhuun hirmaattota bar-gaaffiif dhiyaateef deebiin itti aanu kennameera.

Gabatee 3

	Baay'ina	Dhibbeentaa	Dhibbeentaa sirrii /Valid Percent/
Daran gadi aanaa	1	.5	1.7
Gadi aanaa	8	4.3	13.3
Giddu galeessa	20	10.7	33.3
Olaanaa	18	9.6	30.0
Daran olaanaa	13	7.0	21.7
Ida'ama	60	32.1	100.0
Haftuu	127	67.9	
Dimshaasha	187	100.0	

[129] Marii garee sirreeffamtoota seeraa namoota saddeet waliin Mana Sirreessaa Godina Jimmaa gaafa 21/05/10 gaggeeffame; Marii garee sirreeffamtoota seeraa namoota saddeet waliin Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa, gaafa 03/05/10 gaggeeffame,.

[130] Marii Garee sirreeffamtoota seeraa kudhan waliin Mana Sirreesaa G/W/Lixaatti, Guyyaa 08/05/10 taassifame.

Akka daataa kanaatti abbaan alangaa shakkamaan sababa gahaa malee akka hin to'atamne yookin to'annaa seeraan alaa jala akka hin turre gahee olaanaa isarraa eeggamu bahachaa hin jiru.

Daataan af-gaaffiis abbootii alangaa bira gama kanaan harcaatiin jiraachuu agarsiisa. Namoota to'annoo jala oolan daawwachuun kanneen sababa gahaa malee to'ataman yookin furmaata biraa barbaadaniif furmaata kennuurratti hojiin abbaa alangaatiin hojjetamaa jiru hanga barbaadamu bu'a-qabeessa miti. Keessumaa namoota sababa siyaasaatiin to'annaa jala oolaniin walqabatee abbaan alangaa daawwannaa taasisuufillee sodaa qaba.[131] Daawwannaan abbootiin alangaa namoota to'annaa jala oolan ilaalchisee gaggeessanis gahaa ta'uu dhabuunis ni mul'ata. Daawwannaan kun buufata poolisii tokko tokko keessatti guyyaa guyyaan kan gaggeeffamu yoo ta'ellee, manneen sirreessaa keessatti garuu torbaan lamatti yeroo tokko fa'a kan gaggeeffamu dha.[132] Kana malees, yeroo daawwannaa taasisaa jiran poolisiin shakkamaa rukutee lafatti kuffisu argee "hojii keessan eegaltaniimmoo" jedhee yeroon biraa bahe ni jira.[133] Akka waliigalaatti garuu harcaatiin kan jiruu fi bakkaa bakkatti garaagarummaan kan mul'atu ta'uu daataa kana irraa ka'uun hubachuun ni danda'ama. Rakkoo bu'a-qabeessummaa gama kanaan jiruuf sanadni JBAH abbaan alangaa poolisii ajajuu akka danda'u ifatti kaa'uu dhabuu fi rakkoon hubannoo abbaan alangaa poolisii ajajuu hin danda'u jedhuunis kan walqabatu dha. Kun garuu sababa gahaa ta'uu hin danda'u. Labsiin Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe abbaan alangaa namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamne yookin hin hidhamne ofeeggannoo barbaachisaa taasisuu[134] Kanaaf, abbaan alangaa dhimma kana keessatti gahee hin qabu jedhanii fudhachuun sirrii miti. Ta'us sanadni JBAH bu'uura seerota hojiirra jiraniitiin haala ifa ta'een fooyya'uu akka qabu kaasuun ni danda'ama.

Mata duree kana jalatti dhimmi ka'uu danda'u inni biraa dandeettii abbaa alangaa waliin kan wal qabatuu dha. Gochoota yakka hin taane yakka raawwataniiru jechuun yeroo namootni to'annaa jala oolanii himannaan irratti dhiyaatu ni mul'ata. Dhimmi qabatamaa tokko mana murtiitti ilaalame yoo ilaallu himatamtoonni kan raawwatan waadaa ykn kaadhimamummaa qofa ta'ee otuu jiruu abbaan alangaa himannaa gaa'ila irratti gaa'ila raawwachuu jechuun himateera. Manni murtiis ragaa abbaa alangaa yeroo dhaga'utti kan raawwatame gaa'ila irratti kaadhimummaa ta'ee otuu jiruu gochi kun immoo seera yakkaa jalatti yakka jedhamee

[131] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qa/Po/Go/SH/Lixaatti, A/A/H/Q/Y/M/H/K, Guyyaa 02/05/10; Zarihuun Baqqala, A/H/R/Murtee fi Sir/Se/Ma/Am/Sir/Go/Sh/Lixaa Af-gaaffii guyyaa 03/05//10 gaggeeffame

[132] Jilaaluu Mul'isaa, AA Mu/Ha/Ke, Waajjira Haqaa Godina Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 21/05/10 gaggeeffame; Girmaa Bantii, AAMHK, Qajeelcha Poolisii Go/W/Lixaa, af-gaaffii guyyaa 10/05/10 gaggeeffame,

[133] Marii sirreeffamaa waliin taasifame (Go/Arsii Lixaa Aanaa shaallaa).

[134] Olitti Yaadannoo 69, kwt 24(33)

sababa hin teenyeef jechuun himannaa dhiyaate kufaa gochuun murteessee jira.[135] Dhimma biraatin abbaan alangaa himatamaan bakka namni hin jireetti mana miidhamaa keessa seene jedhee to'annaa jala oolchuun SY kw. 605/c/ jalatti himannaa dhiyeesseera.Ragaan Abbaa Alangaas himannaa dhiyaate kana bu'uuruma himannaatin mirkaneessee jira. Manni murtiis himannaa dhiyaate yoo xiinxalutti gochi SY kw. 605/c/ jalatti akka yakkaatti bu'uureeffame himatamaan bakka miidhamaan hin jirreetti mana ykn qe'ee isaa seenuu otuu hin taane miidhamaan otuu mormuu yoo seene ykn himatamaan akka bahuuf ajajamee yoo didee kan jedhuudha jechuun himannaa dhiyaate kufaa godheera. Kunis kan agarsiisu naannoo keenya keessatti darbee darbee namootni gochoota yakka jedhamanii seera yakkaatiin hin akeekamneen to'annaa jala oolanii himannaa irratti dhiyaachaa jiraachuu isaati.

3.2.1.3. Mirga wabii bu'uura SDFY kwt 28'tiin kennamuu

Mirga himatamaan sadarkaa qorannaa yakkaatti qabu keessaa tokko waraqaa wabummaa mallatteessuun bu'uura SDFY kwt 28'tiin to'annaa jalaa bahuu dha. Himatamaan ulaagaa keewwata kanaan teechifame guutee mirgi kun akka kabajamuuf yeroo gaafatuu fi qorataan poolisii mirga kana yeroo hin kabajuuf ta'e abbaan alangaa hangam akka deeggaru hubachuudhaaf daataan bifa gara garaatiin kan funaanameera. Daataan gaaffii *"Poolisiin namoota bu'uura S/D/F/Y kwt. 28 tin mirgi wabii eegamuufii qabu yoo dhorke abbaan alangaa qaamni dhimmi isaa ilaallatu dhimmicha qoratee akka qulqulleessu hangam taasisa?"* jedhu bar-gaaffii gaafatamee deebiin argame kan armaan gadii fakkaata.

Gabatee 3

	Baay'ina	Dhibbantaadhaan	Dhibbentaa sirrii /Valid Percent/
Daran gadi aanaa	8	4.3	11.6
Gadi aanaa	13	7.0	18.8
Giddu galeessa	19	10.2	27.5
Olaanaa	21	11.2	30.4
Daran olaanaa	8	4.3	11.6

[135] Abbaa alangaa Vs Caalii Mangistuu/n2/, Mana Murtii Aanaa Najjoo, galmee lakk. 20378

Ida'ama	69	36.9	100.0
Haftuu	118	63.1	
Dimshaasha	187	100.0	

Daataan bar-gaaffii kun tattaaffiin abbaan alangaa gama kanaan taasisu fooyyee qabaachuu fi sadarkaa giddu-galeessaa fi isaa ol irra jiraachuu kan agarsiisu dha.

Daataan af-gaaffii irraa argames abbaan alangaa mirgi wabii shakkamaan bu'uura SDFY kwt 28 tiin gaafatu akka kabajamuuf deeggaruu keessatti haalli jajjabeessaan jiraatullee hanqinni akka jirus ni agarsiisa. Abbaan alangaa shakkamaan akka gadi lakkifamu yoo barbaadellee, poolisiin diduun yeroo shakkamaa to'annaa jala tursiisu bal'inaan mul'ataa jira. [136] Abbaan alangaas yeroo rakkoon akka kanaa uumamu tarkaanfiin fudhatu hin mul'atu.[137] Abbaan alangaas shakkamaan bu'uura SDFY kwt 28'tiin akka bahu osoo hin taane bu'uura SDFY 64'tiin mirga wabiitiin yoo bahe filata.[138] Dhimmoota qabatamoo mirga wabiitiin walqabatee mana murtiitti dhiyaatan irraas kanumatu hubatama. Shakkamtootni hedduun bu'uura SDFY kwt 28'tiin bahuu osoo danda'anii mirgi kun waan isaaniif hin eegamneef iyyata mirga wabii mana murtiif dhiyeessaa jiru.[139]

Akka waliigalaatti, shakkamtootni dirqama wabii waajjira poolisiitti galanii to'annaa jalaa akka bahan taasisuu irratti abbootiin alangaa deeggarsi taasisaa jiran laafaa akka ta'e kan agarsiisu dha. Akka hirmaattotni af-gaaffii deebisan jedhanitti rakkoon abbaa alangaa biratti gama kanaan mul'atu kun mirga shakkamaatiif xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuu dhiisuu[140] fi rincica poolisiin gama kanaan agarsiisu[141] irraa kan maddu dha. Rakkoo gama kanaan jiruuf rakkoon bu'uuraa rakkoo raawwachiisummaa abbaa alangaa bira jirudha malee, rakkoo aangoo gama sanada JBAH'tiin jiru qofa akka hin taane hubachuun barbaachisaa dha. Sababni isaas Labsiin Qaamolee raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf bahe abbaan alangaa namootni gochi yakkaa isaan raawwatan mirga wabii kan isaan hin dhoorkisiifne yoo ta'e yookin ragaa gahaan kan irratti hin argamne yoo ta'e poolisii waliin mirgi wabii akka eegamuuf yookin akka gadi lakkifaman taasisuu, yeroo

[136] Pheexiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 taassifame
[137] Pheexiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 taassifame
[138] Gaazaalii Abbaasimaal, Pirezidaantii MMO/ Godina Jimaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10.
[139] Iyyataa Mohaammad Mohaammad fi Aziizaa Abbaa Zinaab, MMA Gommaa, lakk. Galmee 24739, 08/05/10
[140] Insp.Ol Kamaal Taaddasa BB It/G Waajjira Poolisii Aanaa Gomaa, Af-gaaffii gaafa 22/05/10 gaggeeffame; Abbee Haajii, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ciroo,Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame; Kamaal Bakaraa, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/Ma/Adaamaa, afgaafii guyyaa 02/07/2010 taasifame; Seenaa Zawudoo, Ab/Ad/Ho/Qor/Mu/Ha/Kennisiisaa, A/Shaashamannee, afgaafii guyyaa 15/05/010 taasifame
[141] Zelaalam Kennasaa, It/Gaf/Wa/ Haqaa Aanaa Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10 gaggeeffame.

kanatti badiin isaanirratti raawwatame yoo jiraate tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu[142] Kanaaf, poolisiin kana keessatti badii raawwateef hanga tarkaanfii fudhachuutti qaamni seeraan aangeffame, dhimma kana keessatti gahee hin qabu jedhanii fudhachuun sirrii miti.

3.2.2. Himatamaan Ragaa Sobaatiin Akka Hin Himatamne Gochuu

Akka armaan ol boqonnaa lammaffaa keessatti ilaaluuf yaalle, abbaan alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akkaa hin himatamne of-eeggannoo barbaachisaa taasisuu qaba. Qabatama akka naannoo keenyaatti gama kanaan jiru adda baasuuf daataan bifa gara garaatiin walitti qabameera. Akka daataan af-gaaffii agarsiisutti himatamaan ragaa sobaatiin yeroo himatamu bal'inaan kan mul'atu dha. Kunis tattaaffiin abbaan alangaa gama kanaan taasisu laafaa ta'uu irraa kan maddu dha.[143] Ragaan abbaa alangaa maatiidhaan yookin bifa biraatiin yeroo walqindeessanii dhufan abbaan alangaa dhugaa jiru qulqulleessuuf yaaluurra himannaa saaquuf qofa adeemuutu mul'ata.[144] Himatamaan ragaa sobaatiin akka himatamu waantota sababa ta'an keessaa: abbootiin alangaa dhugummaa ragaa isaaniif dhiyaatuutiif xiyyeeffannaa gahaa kennuu dhabuu[145], bakka yakki dalagametti argamuun qorannaa gadi fageenya qabu gaggeessuu irratti hojjechuu dhabuu[146], abbootiin alangaa ogummaa qorannoo gahaa dhabuu[147], bilisummaa ogummaa dhabuu[148], dhiibbaa alaa dandamachuu dhabuu[149] fi kkf caqasuun ni danda'ama. Himatamtootni ragaa sobaatiin kan himataman yeroo hedduu

[142] Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Labsii 199/2009, kwt 24(33)

[143] Darajjee Fayyeraa, B/B perezidaantii MM/A/T/Kuttaayee, Af gaaffii gaafa 03.05/10 gaggeeffame; I/A Kom. Dinquu Guutaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ Kennisiisaa Go/Ha/Lixaa, afgaafii guyyaa 02/05/2010 gaggeeffame; Kom.Yohaanis Nagawoo,Ho/Po/A/Adaamaa, afgaafii guyyaa 02/07/2010 taasifame; Kom.Mulugeetaa Alamuu,Ho/Qa/Po/Go/Har/Lixaa, afgaafii guyyaa 02/05/2010 gaggeeffame.

[144] Marii garee sirreeffamtoota seeraa Mana Sirreessaa Go/Jimmaa, waliin gaafa 21/05/10 taasifame

[145]Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Af-gaaffii Guyyaa 02/05/10; Pheexiroos Maammoo, I/G/ W/H/Go/Sh/Lixaa, Af-gaaffii 03/05/10 taassifame; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, af-gaaffii Guyyaa 07/05/10 gaggeeffame.

[146] Yooseef Abbaba, Biiroo Haqaa Oromiyaatti B/B/A/A/H/M/H/K, af-gaaffii gaafa 26/07/10 gaggeeffame; Marii Obboo Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa fi Obboo Eebbisaa Badhaadhaa abbaa seeraa; Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo, 02/05/10 taassifamee **,** Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa Aanaa T/Kuttayee, gaafa 03/05/10 MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10; Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame.

[147] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taassifaame,

[148] Aaddee Wudinesh Tasfaayee,Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010,Obbo Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum, guyyaa 03/05/2010 fi Obbo Sisaay Tasfaayee,Ab/Ad/Ho/ij/Qo/Ya/ mu/Ha/ kenniisiisa Guyyaa 08/05/2010. taasifaame,

[149] Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Af gaaffii Guyyaa 23/05/10

yakkoota gareen raawwatamanii[150] fi dhimmoota dantaan mootummaa keessa jiru[151] fa'a irratti dha.

Galmeewwan mana murtii sakatta'amanis abbaan alangaa ragaa sobaa bu'uureffachuun himannaa yeroon hundeessu akka jiru ni agarsiisu. Galmee mana murtii tokkotti ilaalame keessatti himannaa abbaan alangaa SY kw. 32/1/ fi 690/1/b/ jalatti hundeesseen himatamtoonni biqiltuu baargamoo mancaasuun himatamaniiru.[152] Himatamtoonii gochaa kana kan hin raawwanne ta'uu ibsuun waakkataniiru. Ragoonni abbaa alangaa himatamtoonni baargamoo jedhame mancaasuu isaanii jecha wal fakkaatuun mana murtii hubachiisaniiru. Manni murtiis himatamtoonni akka ofirraa ittisaniif ajaja kennee himatamtoonnis ragaa ittisaa dhiyeeffatanii qabeenyi baargamoo himannaa keessatti caqasame akka hin mancaane ibsuun raganiiru. Manni murtii ragaa dabalataaf ajaja bulchiinsa gandaatti kenneen qabeenyi baargamoo daangaan isaa himannaa abbaa alangaa keessatti caqasamee manca'uuf dhiisuu isaa qulqulleessuun akka gabaasu ajajee gabaasa bulchiinsi gandaa kenneen baargamoon himannaa keessatti caqasame manca'ee akka hin jirre mirkaneesseera. Dhuma irrattis bu'uuruma ragaa ittisaa fi ragaa dabalataa dhiyaateen himatamtoonni bilisaan gaggeeffamaniiru. Akka dhimma kanarraa hubatamutti abbaan alangaa baargamoon jedhame manca'uu fi manca'uu dhabuu osoo hin qulqulleeffatiini fi yakki jedhamu raawwatamuu isaa haala gahaa ta'een osoo hin sakatta'iin himannaa hundeessee jira.

Dhimma qabatamaa kan biraa tokko keessattis himatamaan yakka dirqisiisanii gudeeduutiin (SY kwt 620/2/ jalatti) kan himatame yoo ta'u, miidhamtuun dhuunfaa jecha ragaa mana murtiitti kenniteen himatamaan hiriyaa ishee fedhii guutuun walquunnamtii saalaa raawwatan ta'uu fi sababa bilbila jalaa kaasuu dideef aariidhaan eeruu dhiyeessuu ibsiteerti.[153] Dhimma kana keessattis abbaan alangaa hariiroo miidhamtuu fi himatamaa gidduu ture adda baasuufi yakki jedhame dhuguma raawwatamuu isaa qorannoo gahaa osoo hin gaggeessiin gara himannaa hundeessuutti adeemeera. Jechi ragaa kun erga dhagahame booda abbaan alangaa yaada akka kennu mana murtiitiin yeroo gaafatamutti "jechi ragaa namootaa ragaa barruu kan mana yalaa dhiyeessine waliin ilaalamee murtiin barbaachisu nuuf haa kennamu" jechuun mana murtichaa gaafateera. Abbaan alangaa kun yeroo kanatti yaada akkanaa kennuun isaa

[150] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taasifaame,
[151] Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Af gaaffii Guyyaa 23/05/10 taasifaame,
[152] AA vs Abdoo Hasan fa'a (N-2), MMA Jimmaa, Lakk. Galmee 36975, 30/04/10.
[153] AA Vs Alamaayyoo Arfaasaa, MM Aanaa Mag/Bishooftuu, lakk. Galmee 02065, 01/06/10

murtiin haqaa akka kennamu hangam kutannoo fi ofitti amanamummaa akka hin qabne kan agarsiisu dha.

Gama biraatiin abbaan alangaa ragaan ofii dhiyeeffate soba ta'uu yeroo hubate ejjennoo adabsiisuu isaa jijjiirus ni jira. Abbootiin alangaa himatamaan dhugaa qabaachuu yoo hubatan bilisarree yoo bahe kan gammadaniif ni jiru. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti abbaan alangaa tokko himannaan shan kan irratti dhiyaate yoo ta'u, Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Lakk 161/2005 kwt 78 (1) (Q) jalatti himannaan 2ffaan irratti dhiyaate 'hojiirratti miidhaa dhaqqabsiisuu' mata duree jedhuun kan irratti dhiyaate dha. Ka'uumsa himannaa naamusaa kan ta'e himatamtoota SY bara 1996 bahe kwt 555(B) irra darbuun miidhaa qaamaa cimaa geessisuun himataman ilaalchisee falmiin bitaa fi mirgaa erga gaggeeffamee booda manni murtii himatamtoota bilisaan yeroo gaggeessu abbaan alangaa naamusaan himatame kun himatamtootni dhaddacha irraa yeroo gadi bahan faana gadi bahee himatamaa 1ffaadhaan "baga gamaadde" jechuun isa haammatee gammachuu isaa ibsuun "oliyyata yoo kan gaafatan ta'es ragaa keenyaan sirritti ofirraa ittisneera jedhaa deebii kennaa" jedhee gorsuun loogii raawwate sababa jedhuun himatameera. Gumiin bulchiinsa abbootii alangaa waliigalaas seeruma himatame jalatti badii taasisuun himatamaa adabeera.[154] Dhimma kanarratti abbaan alangaa kun himatamaa waliin hariiroo biro hin malle qabaachuun hanga hin mirkanoofnetti raga ittisaa isaatiin ofirraa ittisuu isaa irraa ka'uun abbaan alangaa baga gammadde waan jedheef naamusaan adabamuun isaa sirrii miti.

Akka waliigalaatti, daataa af-gaaffiis ta'e sakatta'a galmee armaan olitti ilaalaman irraa kan hubatamu abbootiin alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamne gahee isaanirraa eeggamu bahachaa akka hin jirree fi sababa kanaanis namootni qulqulluun adabbiif akkasumas xaariifi baasiif haalli itti saaxilaman jiraachuu hubachuun ni danda'ama. Rakkoo kanaafis sababni adda duraan caqasamu hanqina kutannoo fi kaayyoo hojjetaniif dagachuu abbaa alangaa bira jiru dha. Abbootiin alangaa ilaalcha kana akka hin qabaanne himannaan naamusaa bifa dhimma olii keessatti isaanirratti dhiyaatu akka sababa tokkootti fudhatamuu danda'a.

3.2.3. Ragaa fudhatama hin qabne gargaaramuu irraa of-qusachuu

Abbaan alangaa ragaan gahaa fudhatamummaa qabu yoo hin jiraanne himannaa hundeessuu irraa akka ofqusachuu qabu muuxannoowwan addunyaa fi seerotni keenya akka agarsiisan

[154] Abbaa Alangaa Garee Inspeekshinii Naannoo vs Abdurazaaq Fu'aad (Godina Buunnoo Beddelletti Abbaa Alangaa Aanaa Coraa), himannaa naamusaa 2ffaa, 1/3/2010

boqonnaa lama keessatti ilaalleerra. Dirqamni sanadootni gara garaa bifa kanaan abbaa alangaa irraa teechisan kun haala qabatamaa naannoo keenyaatiin maal akka fakkaatu daataan itti aanu ni agarsiisa.

Daataan af-gaaffii irraa argame abbootiin alangaa ragaan dhiyeeffatan kara seeraan alaatiin kan argame sababa ta'eef qofa ragaa sanatti gargaaramuun himannaa hundeessuu akka hin dhiisne kan mul'isu dha.[155] Haata'u malee, abbootiin alangaa ragaa karaa seeraan alaatiin argaman fayyadamuu dhiisuuf yoo murteessanillee, hooggantootni ragaa bifa kanaa akka fayyadaman yeroon dirqisiisan ni jira. Dhimma qabatamaa tokko keessatti eeruun waajjira poolisii magalaa Bishooftuutti dhiyaate qabeenyi miidhamaa dhuunfaa hatamee ture mooraa shakkamaa keessatti argamuu fi miseensa poolisiitiin gara buufata poolisiitti geeffamuu kan agarsiisu dha. Abbaan alangaa dhimmichi dhiyaateef ciraan qabeenyaa argame jedhame sun ajaja sakatta'iinsaa malee mana shakkamaatii fuudhamuun isaa raga kara seera qabeessa hin taaneen argame waan ta'eef akka ragaatti kan gargaaruu danda'u miti jechuun galmee bu'uura SDFY kwt 42'tiin cufeera. Miidhamaan dhuunfaa murtii kana komachuudhaan gara Wa/Ha/Go/SH/Bahaatti iyyateera. Waajjirri Haqaa Godinaa komiin kun dhiyaateefis *"ciraan seeraan ala qabame jedhamee galmee eeruu dhiyaate bu'uura SDFY kw. 42 tiin cufuun sirrii miti"* jechuun abbaan alangaa aanaa galmee kana cufe keewwata rogummaa qabuun himata akka dhiyeessu jechuudhaan xalayaadhaan ajajeera. Sababni waajjirri haqaa kun xalayicha keessatti caqases seera qabeessummaa ragaa madaaluuf aangoo kan qabu mana murtii malee abbaa alangaa miti kan jedhu dha.[156] Dhimma kanaan wal qabatee abbaan alangaa aanaa ragaa fudhatamummaa hin qabne mana murtiitti dhiyeessuu dhiisuuf yaalus waajjirri haqaa godinaa dirqisiisee jira. Akka ajaja waajjira haqaa godinaatti abbaan alangaa ragaa seeraan ala argame ta'uu isaa osoo beekuu mana murtiitti dhiyeessuu qaba. Kun immoo qajeeltoowwan sanadoota idil addunyaa keessa teechifaman waliin kan walsimu miti. Kunis rakkoo gama kanaan mul'atu keessatti hooggansi sadarkaa sadarkaan jiru gahee kan qabu ta'uu agarsiisa.

Akka waliigalaatti, daataa bifa gara garaatiin argame kana irraa kan hubatamu abbootiin alangaa ragaan dhiyeeffatan kara seeraan alaatiin kan argame sababa ta'eef, ragaa sanatti gargaaramuu irraa kan of-qusatan akka hin taanee fi darbee darbee yeroo ragaa bifa kanaa gargaaramuu irraa of qusatanis hooggansi haalli itti dirqisiisu kan jiru ta'uu isaati.

[155] Sisaay Astaaxiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, af-gaaffii Guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame.
[156] Waajjira Haqaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu, lakk. Galmee AA 03011; Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa irraa Wa/H/A/M/Bishoftuuf barreeffame, Lakk. 09397 gaafa 19/4/10

3.2.4. Ragaa Himatamaa Fayyaduu Danda'u Himatamaa Beeksisuu

Abbaan alangaa ragaan himatamaa fayyadu jiraachuu yoo hubate himatamaan akka beku yookin argatu gochuun akka irraa eeggamu sanadootni sadarkaa addunyaa fi maanuwaalii keenya akka teechisan boqonnaa lammaffaa jalatti taa'eera. Akka naannoo keenyaatti hojimaatni gama kanaan jiru maal fakkaata isa jedhu ilaaluuf daataan bifa gara garaatiin sassaabame itti aanee kan dhiyaate fakkaata. Bar-gaaffii abbootiin alangaa fi abbootiin seeraa akka guutan taasifame keessatti gaaffiin *"Abbaan Alangaa ragaa himatamaa gargaaru of-harkaa qabaachuu yoo hubate himatamaadhaaf dabarsee ni kennaa?"* jedhu dhiyaatee deebiin gabatee gadii keessa teechifame argameera.

Gabatee 4

	Baay'ina	Dhibbentaadhaan	Dhibbentaa sirrii /Valid Percent/
Eeyyeen	25	13	19.8
Lakki	101	54.0	80.2
Ida'ama	126	67.4	100.0
Haftuu	61	32.6	
Dimshaasha	187	100.0	

Akka gabatee kanarraa ilaaluun danda'amutti hirmaattota bar-gaaffii keessaa 1/5ffaa kan ta'an abbaan alangaa ragaa himatamaa fayyaduu danda'uu fi quba qabu himatamaaf ykn abukaatoo isaatiif ni kenna amantaa jedhu qabu. Kana jechuun hirmaattota kana keessaa 4/5ffaa kan ta'an amantaa kana hin qabani.

Akka hirmaattotni af-gaaffii ibsanitti abbootiin alangaa yeroo qorannoo gaggeessu ragaa himatamaa fayyadu harka isaa gale himatamaan akka beeku yookin fayyadamu hin barbaadani.[157] Galmeeleen sakatta'amanis abbootiin alangaa ragaa himatamaa fayyadu harka isaanii jiru cinaatti dhiisuun ragaa biraa gargaaramuun himatamaa adabsiisuuf yeroon yaalan jiraachuu agarsiisu. Dhimma qabatamaa tokko keessatti abbaan alangaa himatamaa irratti himannaa kan dhiyeesse SY kwt 539/1/a/ jalatti uleen rukutee yakka ajjeechaa cimaa

[157] Af-gaaffii Kom. Mulaatuu Hordofaa, It/Ga/ Wa/Po/ Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10 sa'aatii 4:13-5:06,

raawwateera jechuuni dha. Himatamaan gama isaatiin himatamaa kan ajjeese Baajaajii konkolaachisaa ture itti buusee ta'uu ibseera. Abbaan alangaa himannaa kana kan dhiyeessan miidhamaan dhuunfaa balaa tiraafikaatiin kan du'e ta'uu ragaan pilaanii agarsiisu galmee qorannaa keessa osoo jiruu ta'uu hubatameera. Abbaan alangaa raga tiraafikaa gargaaramuu dhiisuun ragaa namaa fi ragaa barruu mana yaalaa qofa irratti hundaa'uun himannaa kan bane himatamaa kana keewwata adabbii cimaa qabu jalatti haala adabsiisuuni dha. Manni murtii jecha shakkamaa irratti hundaa'uun pilaanii balaa tiraafikaa ka'ee turee fi ogeessi kaasee ture dhaddachaaf erga dhiyeessise booda keewwata himannaan jalatti dhiyaate bu'uura SDFY kwt 113/1/'tiin SY kw. 543/2/ jalatti jijjiiruun himatamaa balleessaa taasiseera.[158] Dhimma kana irraa kan hubatamu abbaan alangaa ragaa himatamaa fayyadu hanga manni murtii ajajutti osoo ifa hin godhiin tursiisuun isaa ragaan kun falmii himatamaa kan fayyaduu fi falmii abbaa alangaa immoo kan gaaffii keessa kan galchu waan ta'eefi dha. Kunis falmiin abbaa alangaa kun haqa-argamsiisuu irraa kan maqe ta'uu agarsiisa.

Galmee biraa tokko keessatti immoo abbaan alangaa himatamtuu irratti SY kwt 559/2/ jalatti himannaa kan hundeesse himatamtuu fi namni biraa yeroo wal lolaa jiran miidhamtuu dhuunfaa irratti walkuffisanii harka ishee cabsuun miila buqqisani sababa jedhuuni dha. Ragaan mana yaalaa galmee abbaa alangaa keessa jiru gosa lama yoo ta'u, mana yaalaa isa tokko irraa ragaan barruu dhiyaate miidhaan miidhamtuu kana irra gahe jiraachuu qofa kan ibsu yoo ta'u, ragaan inni biraa immoo miidhaan dhaqqabe sababa dhibee ilbiisaatiin ta'uu kan agarsiisu dha.[159] Dhimma kana keessattis akka arguun danda'amu abbaan alangaa ragaa himatamaa gargaaru cinaatti dhiisuun himannaa kan hundeesse ta'uu isaati.

Akka waliigalaatti, daataa bifa garaa garaatiin olitti agarsiifame irraa kan hubatamu abbootiin alangaa ragaa himatamaa fayyaduu fi harka isaanii jiru himatamaan akka beeku yookin argatu fedhii akka hin qabnee fi himannaa hundeessan keessattis ragaa bifa kanaa cinaatti dhiisuun ragaa mirga himatamaa dhiphisu irratti kan xiyyeefatan ta'uu dha.

[158] AA vs Saaliim Ahimad , MMOG/Jimmaa, lakk. Galmee 45090, 17/05/10
[159] AA vs Abbachi Guutaa, Mana Murtii Aanaa Amboo, lakk. Galmee 52091, 10/04/10

3.3. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Himannaa Hundeessuutti

3.3.1. Qabiyyee himannaa qophaa'uu fi sirna himannaan himatamaa ittiin dhaqqabsiifamuun walqabatee

Sanadootni idil-addunyaa boqonnaa lammaffaa keessatti ilaalaman akka teechisanitti dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu miti. Abbaan alangaa dantaa kamiyyuu argamu giddu galeessa godhatee himannaa hundeessuu hin qabu. Ulaagaa shakkamaa ni fayyadaa ykn hin fayyadu jedhus xiyyeeffannaa keessa osoo hin galchiin adeemsa qorannaa fi himannaa yakkaa keessatti taatewwaan raawwii yakkaa waliin wal qabatan qofa irratti xiyyeeffachuu qaba. Sadarkaa himannaa hundeessuutti abbootiin alangaa qajeeltoo kana hammam hubatanii akka ittiin hojjetan adda baasuuf daataan bifa gara garaatiin funaanameera. Akka hirmaattotni af-gaaffii deebisan ibsanitti abbootiin alangaa hedduun murtii balleessummaa kennisiisuu malee haqa argamsiisuu irratti hin xiyyeeffatani.[160] Himannaa qopheessan keessattis abbootiin alangaa itti yaadanii haala mirga himatamaa dhiphisuu danda'uun himannaa yeroon qopheessan ni jira. Fakkeenyaaf, ragaa abbaa alangaa yaada himatamaa fayyadu dubbachuu danda'ullee akka ragaa abbaa alangaa 3^{ffaa} ykn 4ffaatti dhiyeessuun himatamaan akka ragaa ittisaa hin taasifanne gochuuf yaaluun ni mul'ata.[161]

Dhimmootni qabatamaan xiinxalamanis rakkoon kun jiraachuu kan agarsiisani dha. Dhimma tokko keessatti abbaan alangaa himatamtoota yakka gudeeddii raawwatan SY 32/1/a/ /b/, 37/1/ fi 620/3/ jalatti himannaa irratti hundeesseera. Himannaa abbaa alangaatiin dhiyaate kana keessatti sa'aatii yakki itti dalagame yoo xiqqaate tilmaamaanillee of keessaa hin qabu. Kana malees himannichi maqaa namoota waliin ta'uun yakkicha dalagee ifatti hin keenye. Manni murtii dhimmichi dhiyaateef himannaan abbaan alangaa dhiyeesse kun mirga himatamaan ofirraa ittisuuf qabu kan dhiibu waan ta'eef fooyya'ee akka dhiyaatu ajajeera.[162]

Rakkoon inni biraa mirga ofirraa ittisuu himatamaatiin walqabatee ka'uu danda'u, himatamaan himannaa isarratti dhiyaate dursee argatee akka dhiyaatu carraan kennamuufi dhabuu dha. Akka daataan marii sirreeffamtoota seeraa waliin taasifame irraa argame

[160] Obbo Heddoo Marsaa, obbo Wayyeessaa Muldhataa, Obbo Baayyuu Garramuuw; sirreeffamtoota mana sirreessaa G/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taassifame fi obbo Baayyuu Garramuw, sirreeffamtoota mana sirreessaa G/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taassifame.
[161] Getaachoo Tuuchoo: Pirezidantii, MMA Gimbii, Af-gaaffii Guyyaa 10/05/10
[162] AA vs Gabbisaa Deebisaa, MMOG/SH/lixaa, 12665, 13/08/09

agarsiisutti, himannaan abbaa alangaa himatamtootaaf kan kennamu dhadacha irratti dha.[163] Kunis mirgaa fi dandeettii ofirraa ittisuu shakkamtootaa kan dhiphisu dha.

Akka waliigalaatti, qabiyyeen himannaa abbaan alangaa dhiyeessu haala mirga himatamaa dhiphisuun yeroon qophaa'u jiraachuu fi haalli itti himatamaa dhaqqabsiifamus himatamaan deebii kennuuf yeroo gahaa kan hin kennine ta'uun isaa kan hubatamu dha.

3.3.2. Hiiktuu afaanii fi ogeessa seeraatiin deeggaramuu himatamaatiin walqabatee

Mirgoota namoota himatamanii heeraan beekamtii argatan keessaa tokko afaan dhaddachaa kan hin beekne yoo ta'e bilisaan hiiktuu afaanii argachuu dha. Mirgi himatamaa kun akka kabajamuuf abbaan alangaa deeggarsa taasisuu akka qabu hog-barruuwwan boqonnaa lama keessatti ilaalle ni agarsiisu. Qabatama akka naannoo keenyaatti jiru hubachuuf daataan funaaname himatamaa afaan hojii naannichaa hin dandeenyeef hiiktuun akka ramadamu abbootiin alangaa hin hojjetani.[164] Abbootiin alangaa dhimma kana gahee mana murtii qofa godhanii ilaalan ni jiru.[165] Manneen murtii ogeessa afaan hiiku qacaranii hin qabne kan jiran yoo ta'u, kanneen qaban keessattis ogeessotni hojii kana irratti ramadamanii jiran gahuumsa barbaachisu waan hin qabneef abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa ofumaa tajaajila hiikkaa afaanii yeroon kennan ni jira.[166] Manni murtii afaan himatamaan sirritti hin hubanneen itti fufa yoo ta'ellee, abbaan alangaa hiiktuun afaanii waan hin ramadamneef falmiin itti fufuu hin qabu bifa jedhuun mormii haalli itti kaasuu hin mul'atu.[167]

Himatamaan yakka cimaadhaan himatamee fi ogeessa seeraatiif kanfaluu hin dandeenye mootummaarraa abukaatoo tolaa mirga argachuu akka qabu heeraa fi seerota keenyaan beekamtii argateera. Daataan marii garee sirreeffamtoota seeraa waliin gaggeeffame irraa argame akka agarsiisutti mirgootni heera mootummaatiin qabnu gonkummaa nuti hin himamne akkasumas hanga guyyaa gara mana sirreessaatti nu darbaniiniif ariifatu malee

[163] Marii garee sirreeffamtoota seeraa baay'inaan kudha ta'aan waliin Mana Sirreesaa G/W/Lixaa-Gimbii tti gaafa Guyyaa 08/05/10 taassifame

[164] Sisaay Astaaxiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010

[165] Naahomaan Waaqumaa, B/B Hog/Wa/Ha/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame.

[166] Sisaay Tasfaayee,Ab/Ad/Ho/ij/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisa Go/Ad/Na/Finfinnee afgaafii Guyyaa 08/05/2010 taasifame.

[167]Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taasifamee; Lalisaa Disaasaa Pirezidaantii M/Murtii Aanaa Amboo, Afagaaffii gaafaa Guyyaa 03/05/10; Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjira Haqaa Aanaa Najjoo, 07/05/10.

waa'ee mirga keenya nuti himuu namni jiru kana malees abukaatoo akka nuuf dhaabbatuuf tasuma nu gargaaru.[168]jedhan.

Akka waliigalaatti, daataan olitti agarsiifame himatamaa afaan dhaddachaa hin dandeenyeef hiiktuun afaanii akka ramadamu deeggarsa barbaachisaa taasisaa akka hin jirre kan hubatamu dha. Mirgi himatamaan ogeessa seeraatiin deeggaramuuf qabus osoo hin kabajamiin yeroo hafu abbootiin alangaa mirgi himatamaa kun akka kabajamu deeggarsi taasisan kan hin jirree fi rakkoo kana yeroo hubatanitti mana murtii hubachiisuuf ittigaafatamummaa miirri itti gaafatamummaa dhabamuu hubachuun ni danda'ama.s

3.3.3. Ragaa Gahaan Jiraachuu Isaa Mirkaneessuun Himata Dhiheessuu

Namni kamiyyuu kan himatamu ragaa gahaan himannicha mirkaneessu jiraachuun isaa erga mirkanaa'ee booda dha. Yakka dalagameef ragaan gahaa ta'e bakka hin jirretti abbaan alangaa bu'uura SDFY kwt 42(1)/a/'tiin galmee cufuuf angeeffameera. Kunis namootni ragaa gahaa malee mana murtiitti dhiyaachuun baasii fi dhamaatiif akka hin saaxilamne kan taasisu dha. Qabatama akka naannoo keenyaatti jiruun abbootiin alangaa aangoo isaanii kana gargaaramuun ragaan gahaan yeroo hin jiraanne himatamaan dhamaatiif akka hin saaxilamne hagam taasisu isa jedhu adda baasuuf yaalameera. Dhimmi qabatamaan tokko akka agarsiisutti abbaan alangaa ragaa qabatamaa himannaa isaa deeggaru tokkollee osoo hin qabaatiin himatamaa irratti himannaa hundeessee himatamaan dhamaatii hedduu booda haalli bilisa itti bahu ni uumama. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti himatamtuun ijoollee ishee itti erguun daa'ima umurii waggaa 1 fi ji'a saddeet ajjeessifte jedhamuun SY kw. 32/1/c/ fi 540 jalatti himatamteerti. Ragootni abbaa alangaa dhiyaatan himatamtuun yakka kana raawwachuu ragaa kallattiis ta'e alkallattii hin kennine. Manni murtii dhimmicha ilaales himannaa dhiyaate kufaa godheera.[169]

Akka daataa kana irraa hubatamutti, abbaan alangaa himannaa hundeessuun dura ragaan gahaan jiraachuu isaa osoo hin mirkaneeffatiin haalli himannaa ittti hundeessu jiraachuu isaati. Kana irraa kan ka'e himatamtootni yeroo dheeraadhaaf to'annaa jala turanii falmiin booda ragaa gahaan isaanirratti dhiyaatu dhabamee bilisaan yeroo gaggeeffaman ni mul'ata. Dhimma ragaa gahaa fi amansiisaan irratti hin dhiyaanne bu'uureffachuun himannaa saaquudhaaf waantota sababa ta'an keessaa tokko hojimaata marii paanaaliitiin murteessuuti.

[168] Ahimadnuuri Jibiiri,Yonaata Wubsheeti, fi Ahimadiin Rashiid,sirreeffamtoota mana sirreessaa G/H/Lixaa,afgaafii guyyaa 01/05/2010 taassifame, Jamaal Tibbeessoo, Obbo Guutamaa Taaddassee fi Obbo Warqinee Turaa, sirreeffamtoota mana sirreessaa G/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taassifame.
[169] AA Vs Kuulanii Diinagdee,M/M/Olaanaa Go/Jimmaa, lakk. Galme 35401, 2/04/10

Abbaan alangaa bu'uura SDFY kwt 42(1)/a/'tiin galmee cufuuf marii paanaaliif dhiyeessuu qaba. Hojimaatni kunis sanada JBAH Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa bara 2006 fooyya'e keessatti kan haammatame dha. Galmeen sadarkaa aanaa fi Godinaatti bu'uura S/D/F/Yakkaa kwt 42(1)A tiin cufamu gareedhaan mariin irratti gaggeeffamee kan cufamu yoo ta'u, Biiroo irratti immoo murtii Paanaalii Abbootii Alangaatiin ta'a.[170] Hojimaatni kun qulqullina hojiitiif fayidaa akka qabu kan amanamuu fi abbaan alangaa himannaan hundaa'uu hin qabu jedhee amanu cufuuf ofitti amanamummaa akka argatu gahee kan qabu dha. Rakkoo kan ta'u garuu gareen kun galmeen kun cufamuu hin qabu kan jedhu yoo ta'ee fi abbaan alangaa dhimma sana qabate garuu kan itti hin amanne yoo ta'e dha. Yeroo akkasii abbaan alangaa sun dhimmi ragaa gahaan ni jira jedhee itti hin amanne irratti himata akka hundeessu akka dirqamuu fi kallattii bilisummaa ogummaatiinis akka rakkootti ilaalamuu danda'a.

3.3.1. Ijoo Seeraa Fi Firii Dubbii Dogongoraa Bu'uureffachuun Himannaa Hundeessuu, Cimsuu Ykn Heddummeessuu Irraa Of-qusachuu

Abbaan alangaa firii fi ijoo seeraa dogongoraa irratti hundaa'uun himannaa hundeessuu akkasumas falmii gaggeessuu irraa akka of-qusachuu qabu sanadootni fi seerotni keenya boqonnaa lama jalatti ilaallaman ni agarsiisu. Kana malees bay'inni himannaa fi ulfaatinni yakkaa himannaan jalatti dhiyaatuu ragaa qabatamaan kan deeggaramee ol ta'uu akka hin qabnes ni kaa'u. Dhimma kanarratti qabatama haala naannoo keenyaa adda baasuuf daataan bifa gara garaatiin funaanameera. "Abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'uureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata?" gaaffiin jedhu bifa bar-gaaffiitiin hirmaattotaaf dhiyaate deebiin argame gabatee armaan gadiitiin kan ibsame fakkaata.

Gabatee 5

	Baay'ina	Dhibbeentaadhaan	Dhibbeentaa Sirrii (Valid Percent)
Daran gadi aanaa	17	9.1	13.5
Gadi aanaa	33	17.6	26.2
Giddu galeessa	46	24.6	36.5
Olaanaa	21	11.2	16.7
Daran olaanaa	9	4.8	7.1
Ida'ama	126	67.4	100.0
Haftuu	61	32.6	

[170] JBAH Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa, bara 2006 fooyya'e, fu. 67

	Baay'ina	Dhibbeentaadhaan	Dhibbeentaa Sirrii (Valid Percent)
Daran gadi aanaa	17	9.1	13.5
Gadi aanaa	33	17.6	26.2
Giddu galeessa	46	24.6	36.5
Olaanaa	21	11.2	16.7
Daran olaanaa	9	4.8	7.1
Ida'ama	126	67.4	100.0
Haftuu	61	32.6	
Dimshaasha	187	100.0	

Daataan bar-gaaffii rakkoon kun sadarkaa giddu-galeessaa (%36.5) irra jiraachuu kan agarsiisu dha. Hirmaattotni af-gaaffii deebisan akka jedhanitti sababa malee himannaa shakkamaa cimsuu[171] fi heddummeessuun[172] dhiyyeessuun rakkoolee yeroo hedduu abbootiin alangaa biratti mul'atani dha. Himannaa cimsuuf waantota sababa ta'an keessaa tokko aangoo himannaa dhiyeessuutiin kan walqabatu dha. Fakkeenyaaf, abbootiin alangaa aanaa aangoo keessan malee himattan jedhamnee gaafatamna soda jedhu irraa kan ka'e himannaa miidhaa qaamaa jalatti dhiyaachuu danda'u yaalii ajjechaa jalatti qorachuun gara godinaatti erguun ni jira.[173] Kana malees, dhimmichi araaraan akka hin xumuramne yaaduun keewwata seeraa adabbii cimaa hordofsiisu jalatti cimsanii himachuunillee ni jira.[174]

Dhimmootni qabatamoon xiinxalamanis rakkoon sababa malee himannaa heddummeessuu fi keewwata seeraa adabbii cimaa hordofsiisu jalatti himannaa hundeessuu kun jiraachuu kan agarsiisani dha. Dhimma tokko keessatti himatamtuun ragaa sobaa qormaata 'COC' darbuu ishii agarsiisu gargaaramuun sadarkaa guddinaa argachuu hin qabnee irratti dorgomuun argachuu isheetiin abbaan alangaa himannaa lama irratti hundeesseera. Himannaan 1^{ffaan} SY kwt 696(1)/c/ irra darbuun, himannaan 2^{ffaan} immoo SY kwt 378 irra darbuun sanada sobaa gargaaramuun yakka gowwoomsuu cimaa raawwatteerti kan jedhu dha.[175] Dhimma kana keessatti himannaa 1ffaan himatamtuu kana irratti dhiyaate (seera yakkaa kwt 696(1)/c/

[171] Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame; Abbee Haajii,Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ciroo,Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame; Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/Ha/Go/A/Lixaa,afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame; Mulugeetaa Getaachoo, It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Af-gaaffii Guyyaa 22/05/10 gaggeeffame; Yaasin Ibraahim, BB priiziidaantii MMA Naggeellee Arsii, af-gaaffii gaafa 16/05/2010 gaggeeffame

[172] Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MMA Najjoo, Af-gaaffii Guyyaa 07/05/10 gaggeeffame.

[173] Pheexiroos Maammoo, It/Gaf/ W/H/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii gaafa 03/05/10 gaggeeffame; Warqinaa Galataa,Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii, Af-gaaffii gaafa Guyyaa 10/05/10 gaggeeffame

[174] Masarat Guutamaa, IG W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee,

[175] Abbaa alangaa Vs Asteer Kaffaala, MMO G/Sh/Kaabaa, Lakk. Galmee 44901, 25/02/2009

jalatti) gochaa himatamtuun raawwatte kana waliin rogummaa kan hin qabnee fi sababa malee himannaa heddummeessuuf qofa kan dhiyaate akka ta'e kan hubatamu dha.

Rakkoon keewwata adabbii cimaa hordofsiisu jalatti himachuu yeroo hedduu kan mul'atu yakkoota miidhaa qaamaatiin walqabatan irratti dha. Kunis tokko kan mul'atu yakki miidhaa qaamaa salphaa raawwatamee osoo jiruu akka yakki miidhaa qaamaa cimaa yookiin qaama hir'isuun raawwatameetti himachuu dha. Dhimma tokko akka fakkeenyaatti ilaaluuf miidhaan sababa rukuttaatiin himatamaan miidhamaa irra dhaqqabsiise buruqqii fi dhiita'uu qofa ta'uu ragaan mana yaalaa ifatti osoo agarsiisuu abbaan alangaa SY kw. 32/1/a/ fi 555/c/ jalatti himannaa hundeesseera.[176] Gama biraatiin yakki miidhaa qaamaa salphaa booksiin[177] yookin dhiitichoon[178] raawwatamee osoo jiruu akka meeshaalee balaafamoodhaan raawwatameetti SY kwt 556/2 jalatti himachuu dha. Rakkoon walfakkaataan yakkoota qabeenyarratti raawwatamaniinis walqabatee hedduumminaan ni mul'ata. Keessattuu, yakki qabeenya bade gabaasuu dhabuu SY kwt 680 jalatti dhiyaachuu osoo qabuu[179], yakki amantaa hir'isuu SY kwt 675 jalatti dhiyaachuu osoo qabuu[180] akka yakki hannaa raawwatameetti SY kwt 665 jalatti himannaa dhiyeessuun abbootii alangaa biratti ni mul'ata. Kunis adabbiin himatamaa irratti darbu akka cimu yaadameeti.

Himannaa heddummeessuu fi cimsuudhaan alattis ulaagaan gochaa yookin algochaa tumaan kutaa addaa seera yakkaa teechise osoo hin guutamiin yakki sun akka raawwatameetti himannaawwan dhiyaatan akka jiran galmeewwan sakatta'aman ni agarsiisu. Dhimma tokko keessatti himatamtootni waadaa fuudhaa-heerumaa raawwachuun wal kaadhimataniiru. Himatamtoota kana keessaa tokko dursa gaa'ila kan qabu waan ta'eef abbaan alangaa yakka gaa'ila irratti gaa'ila raawwachuutiin SY kwt 650/1/ jalatti himateera. Manni murtii dhimmichi dhiyaateef himatamtootni waadaa fuudhaa-heerumaa raawwatanillee yakka gaa'ila irratti gaa'ila raawwachuutiin himannaan isaanirratti dhiyaate bu'uura seeraa hin qabu

[176] AA Vs Bantii Dhugaasaa fi Dajanee Bantii, MMA T/Kuttaayee, Lakk. Galmee 20503, 27/03/10
[177] AA vs Abbaas Ibroo, MMA Odaa Bultum, Lakk G MM 27741, 26/8/2009
[178] AA vs Shaamil Abdallaa, MMA Odaa Bultum, Lakk G AA 05123, 12/8/2009
[179] AA vs Muummuyyee Kumsaa, MMA Amboo, lakk. Galmee 52074, 17/04/10; Fakkeenyaaf dhimmi kana keessatti himatamaan moobayilii miidhamaan dhuunfaa mana nyaataatti gatee bahe sababa fudhateef yakka qabeenya bade gabaasuu jalatti himachuu osoo qabuu SY 665/1/ jalatti yakka hannaatiin himateera. Manni murtii dhimmicha ilaale SY kwt 680 jalatti himatamaa balleessaa taasiseera.
[180] AA vs Magarsaa Baqqala, MMA/Gimbii, 18690, 08/02/10; Fakkeenyaaf, dhimma kana keessatti himatamaan meeshaalee shaqaxaa miidhamaa dhunfaa manatti akka galchuuf itti kennate fayidaa dhuunfaa isaatiif waan oolfateef abbaan alangaa SY kwt 665 ykn 682/1/ jalatti himateera. Manni murtii dhimmicha ilaale gochichi amantaa hir'isuudha jechuun bu'uura SDFY kwt 113'tiin jijjiiruun SY kwt 675/1/ jalatti adabeera.

jechuun himatamaa bilisaan gaggeesseera.[181] Dhimma biraa tokko keessatti himatamaan bakka namni hin jirretti mana miidhamaa seene sababa jedhuun abbaan alangaa SY kwt 605/c/ jalatti himannaa irratti dhiyeesseera. Manni murtii dhimmichi dhiyaateef himatamaan bakka miidhamaan hin jirretti mana himatamaa kan seene malee, bu'uura keewwata jalatti himatameetiin akka hin seenne mormiin osoo irratti ka'uu kan seene waan hin taaneef himannaan dhiyaate kufaa taasisuun himatamaa bilisaan gaggeesseera.[182]

Akka waliigalaatti, daataa bifa gara garaatiin olitti agarsiifame bu'uureffachuun abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii sirrii hin taane yookin dogongora qaban bu'uureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuun gochaa bal'inaan mul'atu dha. Kunis adda durummaan itti-gaafatamummaa jalaa baqachuu fi mirga shakkamaatiif dantaa dhabuu irraa kan maddu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

3.4. Gahee Abbaa Alangaa Sadarkaa Falmii Dhaddachaatti

3.4.1. Yaadota gara garaa mana murtiif kennamaniin walqabatee

3.4.1.1. Mirgi wabii himatamaa akka eegamu deeggaruu

Mirgoota himatamaa keessaa tokko mirga wabiin gadi dhiifamuuti. Mirgi kun haalduree irratti hundaa'ee haalli itti daanga'uu danda'u akka jiru SDFY keenya keessatti teechifameera. Haaldureewwan kunneen yeroo guuttaman abbaan alangaa mirga himatamaa kana mormuun, haaldureewwan kunneen yeroo hin guuttamnetti immoo mirga himatamaa kana deeggaruun mana murtiif yaada kennuu akka qabu ni beekama. Qabatama jiru hubachuuf daataan bifa gara garaatiin funaanameera. Gaaffiin "Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam qajeelummaadhaan deeggarsa taassisaa jira?" jedhuuf hirmaattotni bar-gaaffii deebii itti aanu kennaniiru.

Gabatee 6

	Baay'ina	Dhibbentaadhaan	Dhibbentaa sirrii /Valid Percent/
Daran gadi aanaa	12	6.4	6.5
Gadi aanaa	20	10.7	10.8
Giddu galeessa	74	39.6	39.8

[181] AA Vs Caalii Mangistuu/N2/ , MMA Najjoo, lakk. Galmee 20378, 26/03/10
[182] AA vs Ifaa Galaanaa Dabalaa, MMA Najjoo, lakk. Galmee 20403, 18/4/10

Olaanaa	43	23.0	23.1
Daran olaanaa	37	19.8	19.9
Ida'ama	186	99.5	100.0
Haftuu /missing system/	1	.5	
Dimshaasha	187	100.0	

Daataan kun abbootiin alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf irra jireessaan qajeelummaadhaan kan deeggaran ta'uu fi hangi tuffatamaa hin taane ammas (%17 ol) rakkoon akka jiru kan agarsiisu dha.

Hooggantootni qaamolee haqaa af-gaaffii deebisan gaaffii *abbootiin alangaa mirga wabii himatamaa hangam sababaawaa ta'anii mormu yookin deeggaru?* Jechuun gaafatameef yaada gara garaa qabu. Gariin isaanii abbootiin alangaa sababa gahaa malee mirga wabii himatamaa hin morman yaada jedhu qabu.[183] Gariin isaanii immoo, sababa gahaa malee mirga wabii himatamaa yeroo morman akka jiru kaasu.[184] Sababoota kaasan keessaa tokko teessoon himatamaa fagoo waan ta'eef yoo wabiidhaan gadi dhiifame deebi'ee hin dhiyaatu,[185] keessattuu namoota naannoo Oromiyaatii ala dhufan deebinee argachuu hin dandeenyu sababa jedhuun qofa mirga wabiitiin akka gadi hin lakkifamne mormuun ni jira.[186] Abbaan alangaa tokko tokko immoo mirga wabii irratti yaada kennaa yeroo jedhamanillee fedhii dhabuun callisuu fi sababa qabatama hin taane dhiyeessuun ni mul'ata.[187]

Dhimmootni qabatamoon daawwatamanis galmeelee mirga wabii tokko tokko keessatti abbootiin alangaa gaaffii mirga wabii shakkamaan dhiyeeffatu sababa amansiisaa hin taane dhiyeessuun akka morman hubatameera. Fakkeenyaaf sababoota dhimmoota armaan gadii keessatti abbaan alangaa gaaffii mirga wabii mormuuf caqase haa ilaallu:

[183] Addunyaa Alamuu, Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa,Agaaffii gaafa 02/05/2010 taasifame; Abbee Haajii,Hog/Wa/Ha/A/Ciroo, afgaafii Guyyaa 02/05/2010 taasifame; Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/Ha/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame; Eda'oo Fittaalaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/H/kenniisiisa A/Adaamii Tulluu, afgaafii guyyaa 17/05/2010 taasifame.

[184] Yirgaa Sabsibee, Perizidaantii MMA Adaamaa; Yaasin Ibraahim Perizidaantii MMA Naggeelee Arsii; Dajanee Iddeechaa Perizidaantii MMA A/Tulluu.

[185] Maammoo Tusii, B/B Pireziidaantii MMO Go/Arsii lixaa, guyyaa 14/05/2010; Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010.

[186] Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum, afgaafii guyyaa 03/05/2010 gaggeeffame; Wuddinesh Tasfaayee, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010; Eda'oo Bariisoo, Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Ya/Mu/Ha/ke, A/Nageellee Arsii, afgaafii guyyaa 16/05/2010 taasifame; Sisaay Tasfaayee, Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Ya/Mu/Ha/ke A/Sabbataa Guyyaa 08/05/2010.

[187] Shamaamee Taaddasaa, Pirezidaantii MMA Ciroo, af-gaaffii guyyaa 02/05/2010ti taasifame.

- Abbaan alangaa ‘shakkamaan yakka waliin dhahuutiin kan shakkame yoo ta’u, mirgi kun eeggameefi kan bahu yoo ta’e ragaa nu jalaa balleessuu danda’a’ jedhee mormeera. Manni murtichaa ajaja kenne keessatti shakkamaan abbaa ijoollee waan ta’eef yoo bahe ni miliqa jedhamee hin tilmaamamu, ragaan himatamaa irratti dhiyaatus ragaa sanadaa baankii irraa dhiyaatu waan ta’eef shakkamaan wabiin yoo bahe ragaa kana haalli ittiin balleessuu danda’u hin jiru jechuun mormii abbaa alangaa kufaa godheera.[188]
- Dhimma biroo tokko keessattis ‘shakkamaan dhaddacha irratti ragaa sobaa bahuudhaan kan to’annoo jala oole yoo ta’u abbaan alangaa yoo bahe ragaa balleessa sababa jedhuun gaaffii mirga wabii himatamaa mormeera’. Manni murtiis shakkamaan ragaa bifa kanaa ni balleessa jedhanii yaaduun dhama-qabeessa miti jechuudhaan mormii abbaa alangaa kufaa godheera.[189]
- Galmee mirga wabii tokko keessatti abbaan alangaa ‘shakkamtootni qabeenya nama biraa irratti jeequmsa uumuun waan shakkamaniif ragaa balleessuu fi miliqsuu danda’u jechuun mormeera. Manni murtii mormii dhiyaate kufaa gochuun mirga wabii shakkamtootaa eegeera. Shakkamtootni hanga mirga wabii gaafatanitti ji’a tokkoo fi guyaa 20 seeraan ala to’annaa jala turaniiru.[190]
- Dhimma biroo tokko keessattis abbaan alangaa ‘yakki daalagame miidhaa qaamaa ta’uu ibsuun shakkamaan miliquu fi ragaa balleessuu danda’a jechuun gaaffii mirga wabii shakkamaa mormeera. Manni murtiis yaada abbaa alangaa fudhachuun gaaffii mirga wabii dhiyaate kufaa godhee jira.[191]

Dhimma tokko keessatti abbaan alangaa tokko Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Foyya’e Lakk.161/2005 Kew.78 (1)D irra darbuu dhaan himatameera. Ka’uumsi dhimmichaa himatamtoota Labsii Sirna To’annoo Qulqullinaa fi Daldaala Bunaa naannoo Oromiyaa murteessuf bahe labsii lakk. 162/2002 kew.23(4)fi (6) irra darbuudhaan buna seeraan alaa osoo fe’anii deemanii qabamuun himatamani dha. Abbaan alangaa himatame kun kan himatame gaaffii mirga wabii himatamtootni olitti ibsaman gaafatan hin mormine sababa jedhuuni dha. Tumaan seeraa himatamtootni jalatti himataman hidhaa waggaa sadii hanga shanii gahuu fi maallaqaan kan adabsiisu dha. Himannaan naamusaa dhiyaate teessoon

[188] Iyyataa Kaasuu Warqinaa, MMA Sabbataa, Lakk G 06147, 07/03/2010
[189] Iyyataa Katamaa Ashamee, MMA Sabbataa, Lakk G 00696
[190] Iyyataa Qaadiree A/Maccaa, MMA/Gommaa, Lakk G 24747, 09/05/10
[191] Iyyataa Toofiq A/Jihaad, MMA/Gommaa,Lakk G 24491

jireenya himatamtootaa Magaalaa Hawaasaa ta'uu fi gosa yakkichaa irraa ka'uun abbaan alangaa kun himatamtootni yoo bahan akka deebi'anii seeratti hin dhiyanne tilmaamuun mormuu qaba yaada jedhu teechiseera. Himatamaan kun deebii isaa keessatti gaaffii mirga wabii himatamtootaa mormeen jira jedheera. Gumiin bulchiinsa abbootii alangaa waliigalaa abbaan alangaa himatame "mirga wabii isaanii hin mormu" jechuu isaa galmee mana murtii irraa kan hubatamudha jechuun abbaa alangaa kana ciminaan falmuu dhabuudhaan Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Lakk. 161/2005 kwt 78 (1)(D) jalatti badii taasisuun miindaa ji'a lamaatiin akka adabamu murteesseera.[192] Abbaan alangaa himatame kun mirga wabii kana hin morminellee osoo ta'ee, sababa teessoon isaanii bakka biraa ta'eef qofa himatamtootni beellamatti hin dhiyaatan jedhamee kan yaadamuu danda'uu fi mirga wabii mormuuf sababa gahaa kan ta'uu danda'u miti. Ulfaatinni yakkichaas waggaa 3 hanga 5 qofa kan adabsiisu ta'uun isaa mirga wabii kan dhorkisu miti.

Akka waliigalaatti, daataan bifa gara garaatiin argamee fi armaan olitti caqasame mirga wabii shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa mormuun walqabatee rakkoon bal'aan akka jiru kan hubachiisu dha. Sababoota amansiisaa hin taanee fi deeggarsa seeraa hin qabne bu'uureffachuun mirga himatamaa dhiphisuuf abbootiin alangaa falman ni jiru. Kunis abbootiin alangaa gahee mirga shakkamaa kabachiisuu keessatti taphachuu qaban dagachuun mirgi shakkamaa akka sarbamu godhan jiraachuu kan agarsiisuu dha. Abbootiin alangaa mirga wabii himatamaa kan hin mormine yoo ta'ellee, himannaa naamusaatiif haalli itti saaxilamaa jiran hubachuun ni danda'ama.

3.4.1.2. Ijoo seeraa ykn ragaa himatamaa fayyadu dhaddachaaf kaasuu

a. Himata duraa keessatti

Akka daataan af-gaaffii agarsiisutti Ragaa fi seera himatamaa fayyadu abbootiin alangaa dhaddachaaf hin kaasani.[193] Fakkeenyaaf, yakka dirqisiisanii gudeeduun walqabatee ragaan mana yaalaa dhiyaate himatamaa kan fayyadu yoo ta'e, ragaa himatamaa fayyadu sana dhoksuun mana yaalaa kan biraatti qorannoon dabalataa akka gaggeeffamu taasisuun ragaa himannicha deeggaru fayyadamu. Ragaa himatamaa deeggaru iccitiin qabatanii dhoksu

[192] Garee Inispeekshiinii Naannoo vs Alamuu Gutamaa (Godina Shawaa Bahaa, AA Waajjira Haqaa Aanaa Lumee)

[193] Edaa'oo Fittaalaa,Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Mu/Ha/Kenniisiisaa A/Adaamii Tulluu, Guyyaa17/05/2010; Abbee Haajii,Hog/Wa/Ha/A/ciroo,Guyyaa 02/05/2010; Obbo Sisaay Tasfaayee, Insp. Getaachoo Dagguu, Hoogganaa Waajjira poolisii A/T/Kuttaayee gaafa 03/05/10; Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/Sh/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10.

malee himatamaaf yookin abukaatoo isaaf yookin mana murtiif hin ibsamu.[194] Ragaan barruu himatamaa fayyadu yeroo jiraatus ragaa kana dhiisuun ragaa namaa qofaan himachuutu jira.[195] Fakkeenyaaf, ragaan mana yaalaa miidhamaan dhuunfaa dhukkubaan du'uu yeroo agarsiisu, ragaa namaa qofa qindeessuun yakka ajjeechaan himachuun ni mul'ata.[196]

Sababni abbootiin alangaa ragaa fi seera himatamaa fayyadu dhaddachaaf akka hin kaasne taasise, yeroo baay'ee dhimmicha mo'achuu qofa giddu-galeessa kan godhatan ta'uu,[197] himannaan naamusaa nurratti dhiyaata jedhanii sodaachuu,[198] dhiibbaa hawaasaa fi qaama alaa sodaachuu[199] fi dandeettiin adabsiisuu isaanii sababa kanaan akka hir'atu kan hin barbaadne ta'uu fa'a dha.[200] Abbootiin alangaa fi hooggantootni tokko tokko abbaan alangaa ragaa bifa kanaa kennuu hin qabu, gochaan akkanaa naamusaanillee kan nama himachiisuu danda'u dha ejjennoo jedhu qabu. Sababni isaan kaasanis iccitii galmee dabarsanii kennuu ta'a kan jedhu dha.[201] Yeroo manni murtii kaka'uumsa mataa isaatiinillee ragaa himatamaa fayyadu kaasutti abbaan alangaa komii kaasuu fi fayidaadhaan akka waan hojjatamaa jiruutti fudhachuutu mul'ata.[202] Ijoo seeraa yookin ragaa himatamaa fayyadu mana murtiif dhiyeessuun kan mul'atu abbaan alangaa sun himatamaa waliin hariiroo kan uume yoo ta'e qofaa dha.[203]

b. Falmii oliyyannoo keessatti

Akka daataan af-gaaffii agarsiisutti, rakkoon ragaa fi seera himatamaa fayyadu dhaddachaaf hubachiisuu dhabuu fi falmii dhugaarraa maqe gaggeessuu kun sadarkaa oliyyannoottis ni

---

[194] Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame; Af-gaaffii addee Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo, 02/05/10 taassifame; Mulugeetaa Getaachoo: It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10

[195] Af-gaaffii Gaazaalii Abbaasimaal: perezidaantii MMO/ Godina Jimaa, Guyyaa 23/05/10; Af-gaaffii Sanbataa Abdataa; Perezidaantii MMO MMO Go/ W/Lixaa, Guyyaa 08/05/10; Guutuu Oljiraa: It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa, Af-gaaffii guyyaa 10/05/10.

[196] Pheetiroos Maammoo, I/G W/H/Go/Sh/Lixaa, Af-gaaffii 03/05/10 taassifame, Marii Abuk. Mootummaa Caalchisaa Tolasaaasa fi Kaasawuun Gaaddisaa, Mana Murtii Olaanaa Godina Sh/Lixaa, 04.05.10 taassifame.

[197] Dajanee Iddeechaa, Gaggeessaa KTAS KTAS Yakkaa MMA Adaamii Tulluu, Yirgaa Sabsibee, Pirezdaantii MMA Adaamaa; Lalisaa Disaasaa perezidaantii M/Murtii Aanaa Amboo, gaafaa Guyyaa 03/05/10

[198] Af-gaaffii Caalaa Leellisaa, B/B/I/G Waajjira Haqaa Aanaa T/Kuttayee, 03/05/10; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, af-gaaffii Guyyaa 07/05/10; Kom. Kaasayee Fiqaaduu, It/GA/W/Poolsii Aanaa Najjoo, Guyyaa 07/05/10

[199] Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa fi Eebbisaa Badhaadhaa abbaa seeraa MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10; Zelaalam Keennasaa: itti gaafatamaa,Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa, Guyyaa 23/05/10

[200] Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa, Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame; Dajanee Iddeechaa fi Yaasin Ibraahim.

[201] Masarat Guutamaa, I/G W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taasifamee, Pheexiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, 03/05/10 taassifame

[202] Jamaal A/Booraa: perezidantii, MM/Aanaa Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10; Sanbataa Abdataa, Perezidaantii MMO Go/ W/Lixaa, Af-gaaffii Guyyaa 08/05/10.

[203] Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Af-gaaffii Guyyaa 02/05/10

mul'ata. Abbootiin alangaa murtiin mana murtii jalaa sirrii ta'uu osoo beekanii miidhamaa dhuunfaa gammachiisuuf yookin xiiqii qabachuun qofa oliyyannoo yeroo gaafatan ni mul'ata.[204] Kana malees, adabbii himatamaa yakkaa irratti kennamu ilaalchisee himatamaan yeroo oliyyannoo dhiyeeffatu abbaan alangaa komii dhiyaate irratti deebii akka kennu ni beekama. Qabatama gama kanaan jiru yeroo ilaallu abbaan alangaa sababa gahaa malee oliyyannoo himatamaan gaafatu mara irratti murtiin jalaa nuuf haa cimu yeroon jedhu ni mul'ata.[205]

Darbee darbee garuu abbootiin alangaa murtiin adabbii himatamaa irratti mana murtii jalaatiin kenname haqa-qabeessa miti jedhanii yeroo yaadan haalli itti kaasan ni mul'ata. Sababa kanaanis himannaa naamusaatiif haalli itti saaxilaman quunnamaa jira. Dhimma tokko keessatti himatamtootni SY bara 1996 bahe Kew. 32(1)A fi Dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama Lafa baadiyaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 151/2005 Kew. 33 (1) irra darbuudhaan waliin ta'uun lafa qabiyyee miidhamtuu dhunfaa osoo isheen adaraa seeraa jettuu jalaa qotan jedhamuun himatamanii MMA dhimmicha ilaaleen badii jedhamanii adabamaniiru. Himatamtootni MMO'tti oliyyatanii murtiin jalaa waan cimeef MMWO Dh/Dhaabbii Kibbaatti oliyyataniiru. Manni murtii kun ni dhiyeessisa erge jedhe booda, abbaan alangaa deebii akka irratti kennu ajajeera. Abbaan alangaa naamusaan himatame kun deebii kenne keessatti dhimmi falmii kun dhimma hariiroo malee dhimma yakkaa akka hin taanee fi lafti seeraan ala qotame jedhames kan eenyuu akka ta'e falmii hariiroo hawasaatiin gad-deebi'ee mana murtii jalaatti akka qulqullaa'u yoo ajajame mormii hin qabnu jechuun deebii kenneera. Manni murtichaa deebii abbaa alangaa bu'uureffachuun himatamtoota bilisaan gaggeesseera sababa jedhuun abbaan alangaa kun badii naamusaa falmii laaffisuutiin himatameera. Abbaan alangaa kun himannaa naamusaa irratti dhiyaateef deebii kenne keessatti *"gocha kaayyoo fi mul'ata Biiroo Haqaa fi dirqama oggeessa Abbaa Alangaa tokko irraa eeggamu bahuuf jecha dhimmichi seera rogummaa qabuun akka ilaalamu deebiin kenne akka badii naamusaatti kan ilaallamuu miti… ani ogeessa ol'aantummaa seeraatti amanuu fi haqaaf dhaabate malee abbaa alangaa serri osoo dabuu argee itti haa cimu jedhu miti''* jechuun ibseera. Itti dabalees, *"keewwatni seeraa himatni jalatti dhiyate nama lafa nama kamiifuu hin kennamin seeraan ala qote kan ilaallatu malee kan nama dhunfaadhaan qabamee ture kan ilaallatu miti"* jedheera. Akkasumas *"ofii fayidaa argachuuf yookin nama biraatiif argamsiisuuf yaadee gochaan raawwadhe tokkollee hin jiru, ragaan kana agarsiisus*

[204] Jamaal A/Booraa, Pirezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Guyyaa 23/05/10.
[205] Marii sirreeffamtoota Mana Sirreessa G/H/Lixaa ,afgaafii guyyaa 01/05/2010 taasiifame.

tokkollee narratti hin dhiyaatne" jedheera. Gumiin abbootii alangaa waliigalaas dambii ittiin bulmaata Abboottii Alangaa Lakk. 161/2005 Kew.78 (1) b fi d jalatti yaadni (deebiin) abbaan alangaa kun dhaddachaaf kenne rakkoo naamusa cimaa falmii laaffisuuti jechuun abbaan alangaa kun akka hojiirraa gaggeeffamu murteesseera.[206]

Dhimma kan biraa tokko keessattis abbaan alangaa badii naamusaa cimaa falmii laaffisuu raawwate jedhamuun Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Lakk.161/2005 kew-78/1D/ jalatti himatameera. Sababni falmii laaffise jedhameefis himatamaan kun abbaa alangaa naannoo Dhaddacha Baha Oromiyaa ta'ee yeroo hojjatutti galmee ol'iyyataan dhiyaate tokko irratti ajaja mana murtii irraa isa dhaqqabe bu'uureffachuun deebii armaan gadii waan kenneef himatameera. 1ffaa "Ragaaleen A/A kan walfalleessu dha kan jedhameef jechi ragaalee A/A 1ffaa fi 2ffaa gaaffii duraa kan Abbaan Alangaa gaafate irratti yoo wal faalleesseyyuu gaafii keessa deebii A/A gaafate irratti kan sirraa'e waan ta'eef kan komatamu miti" jechuudhaan; 2ffaa "Adabbii ilaalchisee Manni Murtii jalaa adabbii hidhaa cimaa waggaa 11 kan murteesse yommu ta'u, ol'iyyataan kun natti baay'ateera jechuun kan komate waan ta'eef Manni Murtii kun irra deebi'ee ilaaluun bu'uura qajeelfamni adabbii 2/2006 tiin adabbii barsiisu yoo ittii kenne komii hin qabnu" jechuudhaan; 3ffaa "Gochi ol'iiyyataan kun raawwate dhuguma haaloo qabatee moo miti kan nama jechisiisu irratti jechi ragaalee A/A fi R/I/ irra deebi'amee ilaalamee murtiin haqa qabeessi yoo kenname hin morminu" jechuudhaan haala ol'iyyataa fayyaduun deebii kenne kan jedhu dha. Himannaan abbaa alangaa kana irratti dhiyaate akka jedhutti sababa kanaanis adabbiin mana murtii jalaatti kenname diiggamee ol'iyyataan bilisaan akka gaggeeffamu fi murtiin kennames dhaddacha ijibbaatarratti ol'iyyataan akka sirraa'u hin dandeenye taasiseera. Himatamaan abbaan alangaa kunis deebiin ani kenne murtiin haqa qabeeessi akka kennamu kan gargaaru malee falmii laaffisuu kan jechisiisu miti jedheera. Gumiin abbootii alangaa waliigalaas gochaan abbaa alangaa kanaa Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Lakk. 161/2005 kwt 78 (1)(D) jalatti badii dha jechuun mindaa ji'a tokkootiin akka adabamu murteesseera.[207]

Akka waliigalaatti, abbaan alangaa sadarkaa himata duraattis ta'e oliyyannoorratti seeraa fi firii dubbii yookin ragaa himatamaa fayyadu yeroo hedduu dhaddachaaf kan hin kaasnee fi himatamaan yoo kan kaasu ta'ellee sababa malee haalli itti mormu akka jiru kan hubatamu dha. Kunis abbaan alangaa haqaaf dhaabachuuf dirqama qabu kan dagatee fi murtiin

[206] Abbaa Alangaa Garee Inispeekshinii Naannoo vs Hasan Damissee (Abbaa Alangaa Naannoo, Dh/Kibba Oromiyaa)
[207] Abba Alangaa Garee Inspeekshinii Naannoo vs Addunyaa Dabalaa (Abbaa Alangaa Dhaddacha Naannawaa Baha Oromiyaa), 01/09/2007.

kennamu mirga himatamaa yakkaa kan sarbu akka hin taane gochuu keessatti gahee isaa bahachaa akka hin jirre kan agarsiisu dha. Kana keessatti tarkaanfiin naamusaa hooggansa jiruun abbaa alangaa haqaaf falmu irratti fudhatamus gahee akka qabu kan hubatamuu danda'u dha.

3.4.1.3. Yaada adabbii haqummaan kaasuun walqabatee

Bu'uura SDFY kwt 149'tiin manni murtii murtii balleessummaa erga kennee booda abbaan alangaa yaada adabbii cimsu yookin salphisu akka kaasu ni gaafata. Qabatama jiru ilaaluuf daataan mala garaa garaatiin funaanameera. Gaaffii "abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti; fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?" jedhu irratti hirmaattotni bar-gaaffii guutan deebii itti aanu kennaniiru.

Gabatee 7

	Baay'ina	Dhibbeentaa	Dhibbeentaa sirrii /Valid Percent/
Daran gadi aanaa	3	1.6	2.4
Gadi aanaa	17	9.1	13.5
Giddu galeessa	37	19.8	29.4
Olaanaa	47	25.1	37.3
Daran olaanaa	22	11.8	17.5
Ida'ama	126	67.4	100.0
Haftuu /Missing System/	61	32.6	
Dimshaasha	187	100.0	

Akka daataan bar-gaaffii kun agarsiisutti yaadni adabbii abbootiin alangaa yeroo hedduu kaasan dhugummaa kan qabu ta'uu fi dhugummaa yaada abbaa alangaa giddu-galeessaa fi isaa gaditti kan sadarkeessanis lakkoofsa olaanaa (%45 ol) akka qabu ni agarsiisa. Hirmaattotni afgaaffi deebisan abbootiin alangaa yaadota adabbii cimsanii fi salphisan bifa dhugummaa qabuun kaasan akkuma jiran,[208] kanneen yaada adabbii fudhatama hin qabnee fi mirga himatamaa dhiphisuuf qofa kaasanis ni jiru. Abbootiin alangaa hedduun immoo yaada adabbii cimsu qofa kaasu.[209] Kanaafis, ka'uumsi isaa sababni adabbii cimsu yoo hin kaane abbaan alangaa haalli ittiin madaalamuu fi akka rakkoo naamusaa qabuutti haalli itti fudhatamu ni jira.[210]

Galmeewwan gara garaa qorannoo kana gaggeessuuf daawwataman keessatti abbootiin alangaa sababoota armaan gadii fi gahaa hin taane kaasun adabbiin akka cimu mana murtii gaafatu. Isaanis:

- Himatamtootni nama miidhuuf yakka kan raawwatan waan ta'eef,[211] ((himannaan kan dhiyaate SY kwt 527(1)(B) jalatti barbarree miidhaa fayyaa hordofsiisuu danda'u qopheessan jechuuni dha. Sababni abbaan alangaa adabbii akka cimsu kaase yakkicha kan hundeessu waan ta'eef sababa adabbii cimsu ta'uu hin danda'e).
- Nama barate ta'ee qonnaan bulaa irratti yakka kana waan raawwateef,[212]
- Firii dubbii kutaa addaa seera yakkaa keessatti ibsame akka sababa cimsuutti kaasuu (fakkeenyaaf, yakki halkan raawwatamuu),[213] kkf caqasuun ni danda'ama.

Gama biraatiin, yaada adabbiitiin walqabatee abbootiin alangaa sababa gahaa malee adabbiin hidhaa nuuf haa filatamu yeroon jedhan ni jira. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti himatamtootni poolisii yoo ta'an miidhamaan dhuunfaa immoo I/G waajjira haqaa fi haadha manaa isaati. Himatamtootni miidhamtoota kana arrabsuu, doorsisuu, seeraan ala dallawaa seenuu fi aangootti fayyadamuun to'annaa jala oolchan jedhamuun SY kwt 605/a/, 615, 580, 423, 618/A, 613/3/ jalatti himannaa (counts) torbaan kan himataman yoo ta'u, himatamaan

[208] Addunyaa Alamuu, Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa, afgaafii Guyyaa 02/05/2010 taasifame; Eda'oo Fittaalaa, Ab/Ad/Ho/ij/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke A/Adaamii Tulluu,afgaafii guyyaa 17/05/2010 taasifame.
[209] Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa – Amboo, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taassifaame.
[210] Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjria Haqaa Aanaa Najjoo, 07/05/10.
[211] AA vs Taaddalach Labaa fa'a N-2, MMA Shaashamannee, Lakk G 54186.
[212] AA vs Birhaanuu Tafarraa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 27195. Yakki himatamaan jalatti badii jedhame amantaa hir'isuu SY kwt 675 jalatti dha. Manni murtichaa sababa adabbii cimsuuf dhiyaate kana osoo hin fudhatiin kufaa godhee bira darbeera.
[213] AA vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005. Yakki himatamaan badii jalatti jedhame hanna cimaa SY kwt 669/2/C jalatti kan kufe sababa yakkichi halkan raawwateef yoo ta'u, dabalataan halkan ta'uu isaatiif akka adabbiin itti cimu gaafatamee, Manni murtichaas sababa adabbii cimsuuf dhiyaate fudhachuun adabbii cimseera.

1ffaan himata lama jalatti himatamaan 2ffaan himannaa sadi jalatti badii jedhamaniiru. Abbaan alangaa himatamtoota kana irratti adabbiin hidhaa akka murtaa'u gaafateera. Sababa isaa garuu hin ibsine. Manni murtii himatamtoota lameenuu adabbii maallaqaatiin adabeera.[214]

Dhimmoota tokko tokko keessatti immoo abbaan alangaa yaada himatamaaf adabbii salphisu yoo beekellee mana murtiif hin kaasu. Fakkeenyaaf, himatamaan yeroo amanullee akka sababa adabbii salphisu qabuutti abbaan alangaa hin kaasu.[215] Sababa kanaan himatamaanis osoo hin kaasiin adabbiin osoo hin salphatiiniif yeroo hafu ni mul'ata. Himatamaan kuusaa yakkaa kan hin qabne yeroo ta'us akkasuma abbaan alangaa yeroo hin kaasnee fi himatamaadhaaf adabbiin osoo hin salphatiin yeroo hafutu mul'ata.[216]

Gama biraatin SDY kw. 148/1/ jalatti erga ragaan ittisaa dhaga'amen booda ijoo firii dubbii fi seeraa mana murtiif kaasuu akka danda'u ni kaa'a…..

Akka waliigalaatti, daataan bifa gara garaatiin walitti qabame abbaan alangaa yaada adabbii himatamaaf adabbii salphisu, darbee darbee yoo ta'e malee, kaasuu akka hin barbaannee fi yaada adabbii cimsu yeroo kaasus sababa adabbii cimsuuf gahaa hin taanee fi seeraan fudhatama hin qabne bal'inaan akka kaasaa jiru hubachuun ni danda'ama.

3.4.2. Gaaffii ragaa ittisaa gaafataniin walqabatee

Abbootiin alangaa ragaa ittisaa himatamaan dhiyeeffatu kabajaan qabachuu fi yaada isaanii sodaa malee akka ibsachuu danda'anii fi bilisummaan akka itti dhagahamu taasisuuf dirqama qabu. Qabatamni jiru maal akka fakkaatu adda baafachuuf daataan bifa gara garaatiin walitti qabameera. Gaaffiin "abbaan alangaa gaaffii qaxxaamuraa abbaan alangaa dhadacha irratti ragaa ittisaa gaafatu dhiibbaa /burjaajessuu, aarsuu fi dorsiisuu/ irraa hangam bilisa kan ta'ee dha? jedhu bar-gaaffiin hirmaattotaaf dhiyaatee deebiin argame akka itti aanutti dhiyaateera.

Gabatee 8

	Baay'ina	Dhibbeentaadhaan	Dhibbeentaa sirrii (Valid Percent)
Daran gadi aanaa	2	1.1	3.6
Gadi aanaa	19	10.2	33.9
Giddu galeessa	22	11.8	39.3

[214] AA vs In/Ol/Zakariyaa Abdallaa, MMA Ciroo, Lakk G 33574.
[215] AA vs Kabbadaa Abbabaa, MMA Mag/Naqamtee, lakk G 00459; AA vsBaalchaa Baassaa, MMA Shaallaa,Lak G 12989; AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990
[216] AA vs Isaaq Sheeh Hasan, MMA Shaallaa, Lakk G 12953; AA vs Fantahun Fiixee, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221

Olaanaa	11	5.9	19.6
Daran olaanaa	2	1.1	3.6
Ida'ama	56	29.9	100.0
Haftuu (Missing System)	131	70.1	
Dimshaasha	187	100.0	

Akka daataan kun agarsiisutti gaaffiin qaxxamuraa abbaan alangaa ragaalee gaafatu yeroo hedduu dhiibbaa kan of keessaa qabu ta'uu kan agarsiisu dha. Akka hirmaattotni af-gaaffii deebisan ibsanitti rakkoon bakka kanatti mul'atu keessaa tokko rakkoo ilaalcha abbaa alangaa biratti darbee darbee mul'atu yoo ta'u, innis: gama tokkoon ragaa ittisaa akka qaama haqaaf deeggarsa taasisu tokkootti osoo hin taane yeroo hunda akka qaama haqa haqa dabsuutti ilaaluu,[217] fi gama biraatiin immoo himatamaa adabsiisuuf qofa kaayyeffachuu dha.[218] Kana irraa kan ka'e ragaalee ittisaa dhiyaatan sababa malee mormuu, gaaffii qaxxamuraatiin burjaajessuuf yaaluu, dorsiisuu fi sodaachisuun ni mul'ata.[219] Akka ragaan ittisaa hin dhiyaanne doorsisuu fi hanga dhoorkuutti deemuuf yaaluunis ni jira.[220] Kana malees, gaffiilee gaaffii duraa keessatti hin kaane, gaaffiilee rogummaa hin qabnee fi ijoo himannaa hundeesseen ala jiran gaffii qaxxaamuraa keessatti kaasuun ragaaleen ittisaa akka ofitti amanamummaa dhaban taasisuuf yaaluun ni mul'ata.[221]Gaaffii himatamaan yaadachuuf hin dandeenye, fakkeenyaaf mataa isaa gabaabsee murate moo dheereesseeti? kkf jechuun ragaa ittisaa burjaajessuuf ni yaalama.[222] Daataan marii garee sirreeffamtoota seeraa waliin taasifamee tures ragootni ittisaa abbootii alangaatiin doorsisni irra gahu akka jiru kan agarsiisu dha.[223] Ragooleen ittisaa yeroo hedduu namoota hubannoo seeraa hin qabne waan

[217] Mul'isaa Ejjataa, pirezidaantii MMOGAN/Finfinnee, 8/05/2010; Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo, Guyyaa 07/05/10; Marii Abukaatoo ittisaa, Mulu'aalam Haragaawwii, Shaambal Qajeelaa,Asaaminawuun Raggaasaa, MMO go/W/Lixaa, Guyyaa 08/05/10

[218] Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo, Af-gaaffii gaafa 02/05/10 taassifamee

[219] Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum,afgaafii guyyaa 03/05/2010 gaggeeffame,Obbo Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/Ha/Go/A/Lixaa,afgaafii guyyaa 15/05/2010 taasifame

[220] Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame.

[221] Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, af-gaaffii guyyaa 23/05/10; Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjra Haqaa Aanaa Najjoo, 07/05/10; Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa, gaafaa 04/05/10 sa'aatii, Af-gaaffii, yawuubdar Afarraa, Abukaatoo Ittisaa, MMO Go/Jimmaa, Guyyaa 21/05/10; Tolamaariyaam Dhibbisaa: perezidanti MM/Aanaa Gommaa, 22/05/10.

[222] Af-gaaffii Sanbataa Abdataa , Perezidaantii MMO Go/ W/Lixaa, Guyyaa 08/05/10.

[223] Marii garee sirreeffamtoota seeraa sadeet waliin, Mana Sirreessaa Go/Jimmaa, 21/05/10.

ta'aniif gaaffii qaxxaamuraa bifa armaan oliitiin dhiyaatuufiin salphaatti kan burjaaja'anni dha.[224]

Akka waliigalaatti, daataa bifa gara garaatiin funaaname kana irraa akka hubatamutti abbootiin alangaa ragaan ittisaa himatamaan dhiyeeffatu yaada isaanii bilisa ta'anii akka ibsatan haalli gufuu itti ta'an jiraachuu isaati. Sababa kanaanis haqni haalli itti dabuu fi namootni ragaa sobaatiin akka adabaman haalotni taasisan uumamaa akka jiran hubachuun ni danda'ama.

3.4.3. Ragaa adeemsa seeraa hordofee hin argamnee fi qaama mirga namoomaa shakkamaa cabsan irratti tarkaanfii fudhatamu

Abbaan alangaa ragaan inni dhiyeesse soba ta'uu ykn adeemsa seeraa sirrii ta'e hordofee kan hin argamne ta'uu yeroo hubatu ragaan sun akka haqamu mana murtii hubachiisuuf dirqama akka qabu hog-barruulee fi seerotni keenya boqonnaa 2 olii jalatti teechifaman ni agarsiisu. Haala qabatamaa naannoo keenyaa keessatti hojimaatni kun jiraachuu fi dhabuu adda baafachuuf daataan bifa adda addaatiin funaanameera. Gaaffiin "abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irratti kennamu hangam gaafatu?" jechuun bar-gaaffiin gaafatamee deebiin itti aanu kennameera.

Gabatee 9

	Baay'ina	Dhibbeentaadhaan	Dhibbeentaa sirrii /Valid Percent/
Daran gadi aanaa	31	16.6	24.6
Gadi aanaa	39	20.9	31.0
Giddu galeessa	28	15.0	22.2
Olaanaa	22	11.8	17.5
Daran olaanaa	6	3.2	4.8

[224] Insp. Ol. Damee Fufaa, AA/H/I/S/S/Seeraa, Mana Sirreessaa Godina W/Lixaatti, 08/05/10; Getaachoo Tuuchoo, perezidantii, MMA Gimbii, Guyyaa 10/05/10.

Dimshaasha	126	67.4	100.0
Haftuu	61	32.6	
Ida'ama	187	100.0	

Daataan kunis tattaaffiin abbaa alangaa gama kanaan jiru gadi aanaa ta'uu agarsiisa. Akka hirmaattotni af-gaaffii jedhanitti ragaa mirga namoomaa sarbuun argame yookin ragaa adeemsa seeraa osoo hin hordofiin argame irratti tarkaanfii barbaachisaa hin fudhatani. Sababni isaas gochaan akkasii akka rakkoo naamusa falmii laaffisuutti haalli itti fudhatamu waan jiruufi madaaallii dandeeetti adabsiisuu isaas waan gadi buusuufi dha.[225] Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfii kana osoo fudhatee akka fayidaadhaan gochaa kana taasiseetti fudhatama.[226] Kanaaf, abbootiin alangaa ragaan isaanii soba ta'uu yookin fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yoo hubatan himannaa kaasu malee mana murtiif ragaan sun akka haqamu yaada hin dhiyeessani.[227] Hirmaattotni af-gaaffii deebisan tokko tokko immoo abbootiin alangaa tarkaanfii akka kanaa akka fudhatan haguuggiin seeraa dandeessisullee hin jiru amantaa jedhu qabu.[228]

Mirgi namoomaa shakkamaa yookin himatamaa yeroo sarbamus qaama mirga shakkamaa sarbu irratti tarkaanfii fudhachuun walqabatee abbaan alangaa qaama mirga isaanii sarbe irratti tarkaanfii barbaachisaa yeroon fudhatan yeroo hedduu hin mul'atu.[229] Jala dhaabannaa gama poolisiitiin jiru dandamachuu dhabuu fi kutannoodhaan tarkaanfii fudhachuun hedduu hin mul'atu.[230]. Fakkeenyaaf yeroo tokko tokko poolisiin akka malee namoota reebanii manni murtii qaama gocha kana raawwate irratti galmeen qoratamee akka dhiyaatu yoo ajajellee abbaan alangaa qoratee himannaa poolisii irratti hundeessaa hin jiru.[231] Darbee darbee yeroo

[225]Wuddinesh Tasfaayee, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010; Obbo Kamaal Bakar, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/Adaamaa, Afgaafii guyyaa 02/07/2010 gaggeeffame; Kom.Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/Kennisiisaa/Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame; Kom.Amdulaam Xilaahun, Ho/Wa/Po/A/Ciroo, afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame; Kom.Yohaanis Nagawoo,Ho/Po/A/Adaamaa, afgaafii guyyaa 02/07/2010 taasifame

[226] Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjria Haqaa Aanaa Najjoo, Af-gaaffii gaafa 07/05/10 gaggeeffame

[227]Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo, guyyaa 02/05/2010ti af-gaaffii taasifame; Pheetiroos Maammoo, itti gaafatamaa W/H/Go/Sh/Lixaa, Af gaaffii 03/05/10 taassifame; Jilaaluu Mul'isaa: AAMHK, W/Haqaa Godina Jimmaa, Guyyaa 21/05/10.

[228]Gaazaalii Abbaasimal, Pirezidaantii MMO/Godina Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10 gaggeeffame; Warqinaa Galataa, Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii, Af-gaaffii Guyyaa 10/05/10 gaggeeffame.

[229] Obboo Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa, Guyyaa 01/05/2010; Obbo Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum, Afgaafii guyyaa 03/05/2010 gaggeeffame fi Aaddee Wudinesh Tasfaayee,Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010 gaggeeffame.

[230] Af-gaaffii addee Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo, 02/05/10 taassifamee, Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame;

[231]Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010 gaggeeffame;

itti adeemamus abbaan alangaaa qindoomina hojii balleesse jedhamee ittiin ceepha'ama[232]. Kana irraan kan ka'e abbaan alangaa fi poolisiin bakka waliin qorachaa jiranitti shakkamaa kaballaan rukuchuu fi doorsisuun ni jira.[233] Bakka tokko tokkotti garuu qaamni nageenyaa yeroo shakkamaa irratti yakka raawwatu abbootiin alangaa tarkaanfii fudhatan ni jiru.[234] Sababa mirga namoomaa cabseef poolisii naamusaan himachuun darbee darbee ni jira.[235]

Akka waliigalaatti, daataa bifa gara garaatiin walitti qabame irraa ragaa seeraan ala shakkamtoota irratti dhiyeeffaman hambisuu fi cabiinsa mirga namoomaa qaamolee gara garaatiin shakkamaa yookin himatamaa irra gahan hambisuuf hojiin gama abbaa alangaatiin hojjetamu gadaanaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

3.5. Dhimmootni si'oominaan furmaata akka argatan gochuun kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaatiif gumaachuu

Shakkamaan yakkaa kamiyyuu qorannoon yakkaa isarratti gaggeeffamu yeroo gabaabaa keessatti xumuramee dhimmi isaa yeroo gabaabaa keessatti furmaata akka argatu mirga qaba. 'Haqni bubbule akka haqa dhoorkatameetti fudhatama' jechamni jedhus kanuma kan deeggaru dha. Qabatama gama kanaan jiru sakatta'uudhaaf daataan bifa gara garaatiin walitti qabameera. Bar-gaaffii hirmaattota qorannichaatiin guuttame keessatti gaaffiin "abbaan alangaa eeruun himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti qorannaan isaa akka xumuramu hangam hojjata?" jedhu gaafatamee deebiin itti aanu kennameera.

Gabatee 10

	Baay'ina	Dhibbentaadhaan	Dhibbentaa sirrii /valid percent/
Daran gadi aanaa	1	.5	1.6
Gadi aanaa	3	1.6	4.9
Giddu galeessa	22	11.8	**36.1**
Olaanaa	25	13.4	**41.0**
Daran olaanaa	10	5.3	16.4
Ida'ama	61	32.6	100.0

[232] Af gaaffii obboo Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa Aanaa T/Kuttayee, gaafa 03/05/10; Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa, Af-gaaffii Guyyaa 23/05/10

[233] Marii Abuk. Mootummaa obboo Caalchisaa Tolasaaasa fi Kaasawuun Gaaddisaa, Mana Murtii Olaanaa Godina SH/Lixaa,04.05.10 taassifame; Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa, Af-gaaffii gaafa 04/05/10 taasifaame; Wudinesh Tasfaayee,Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,Guyyaa 08/05/2010 gaggeeffame.

[234] Kom. Mulugeetaa Taklee, Qajeelcha Po/Go/Jimmaa, Guyyaa 21/05/10 @ 21/05/10, afgaaffi Alamuu Amantee:Ad/Ho/Ij/S/S/seeraa/Mana sirreessaa Godina JimmaaGuyyaa 21/05/10; Addunyaa Alamuu,Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa,Guyyaa 02/05/2010 gaggeeffame; Dassaalenyi Taaddasaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke Aanaa sabbataa,afgaafii guyyaa 09/05/2010

[235] Abbee Haajii,Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ciroo,Af-gaaffii gaafa 02/05/2010 gaggeeffame.

Haftuu /Missing System/	126	67.4	
Dimshaasha	187	100.0	

Daata bar-gaaffii kana irraa qorannoon yeroo gabaabaa keessatti xumuramee dhimmi himatamaa furmaata akka argatu abbootiin alangaa tattaaffii olaanaa akka taasisaa jiran hubachuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, hirmaattota bar-gaaffii guutan keessaa si'oominni sadarkaa qorannaatti jiru giddu-galeessaa fi isaa gadi jechuun deebii kan kennanis lakkoofsi isaanii xiqqaa miti (%42 oli). Akka daataan af-gaaffii irraa argame agarsiisutti galmee qorannaa yeroon xumuruun himannaan akka qophaa'u gochuu irratti harkifannaan mul'ataa jira.[236] Sababni harkifannoo qorannootiif ka'uumsa ta'u, rakkoo dandeettii fi naamusaa waliin wal qabata. Darbee darbee galmee lafarra harkisuun fayidaa irratti eeguun ni jira.[237] Hanqinni humna namaas hojiin qorannoo akkaataa istaandardii JBAH'tiin teechifameen akka hin raawwatamne taasisuu keessatti gahee qaba.[238] Eeruu himatamaa irratti dhiyaatu yeroo gabaabaa keessatti qulqulleessuu irratti abbootii alangaa bira harkifannaan caalaatti kan jiru sadarkaa godinaatti dha.[239] Sadarkaa aanaatti immoo sababni harkifannaa kanaa poolisii fi abbaan alangaa hojii walitti dhiibuun jiraachuu dha.[240] Poolisiin dhimmicha qabate leenjii waan deemeeef, rakkoon hawaasummaa waan isa mudateef, kkf sababoota jedhaniin dhimmootni yeroo harkifatanis ni quunnama. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti poolisiin galmee isaa qabate sababa leenjii deemeef qorannoon xumuramee nu hin geenye waan ta'eef, shakkamaan mirgi wabii isaa yoo eeggame waan baduuf mirga wabii isaa ni mormina jedheera.[241]

Galmeen qorannaa erga xumurameen boodas himannaa hundeessuudhaaf harkifannaan ni jira. Yeroo tokko tokko dhimma kana paanaaliin mari'achuu qabna, himannaan seera kam jalatti banamuu akka qabu itti yaadna, kkf sababa jedhuun yeroo dheeraa fudhachuun lafarra

[236] Guutuu Oljiraa: It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa,guyyaa 10/05/10Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/SH/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10; Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10; Mulugeetaa Getaachoo, I/G W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10;

[237] Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10; Mulugeetaa Getaachoo, It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10; Guutuu Oljiraa, It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa, guyyaa 10/05/10; Insp.Ol Kamaal Taaddasa: BB It/G Waajjira Poolisii Aanaa Gomaa, , 22/05/10.

[238] Mulugeetaa Getaachoo, It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa, Guyyaa 22/05/10; Guutuu Oljiraa: It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa, guyyaa 10/05/10

[239] Kom.Amdulaam Tsilaahun,ho/wa/ Po/A/Ciroo,afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame,Kom.Darajjee Muldhataa,Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa, afgaafii guyyaa 26/05/2010 gaggeeffamee fi Insp. Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame..

[240] Kom.Amdulaam Tsilaahun,ho/wa/ Po/A/Ciroo,afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame,Kom.Darajjee Muldhataa,Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa, afgaafii guyyaa 26/05/2010 gaggeeffamee fi Insp. Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame..

[241] AA vs Ashannaffii Balaay, MMO Go/W/lixaa, Lakk G 35294

harkisuun ni jira.[242] Kana malees, galmeewwan aanaa irraa qulqullaa'anii dhufan irrattis abbootiin alangaa godinaa ariitiidhaan furmaata hin kennani.[243] Dhimma kanaan walqabatee rakkoo uumamuuf keessattuu sadarkaa godinaatti ka'uumsa kan ta'u, ragootni guuttamanii dhiyaatan malee galmeen hin banamu qajeelfamni jedhu Biiroo irraa kenname sababa jedhuun dhimma lafarra harkisuun ni jira.[244]

Himatni erga hundaa'e boodas manni murtii dhimma sana istaandardii JBAH'n teechifate keessatti fala akka itti kennu gochuu keessatti abbaan alangaa gahee mataa isaa ni qabaata. Qabatama gama kanaan jiru adda baasuuf af-gaaffiin gaafatame akka agarsiisutti abbootiin alangaa dhimmi himatamaa yeroo gabaabaa keessatti akka murtii argatu dhaddacha irratti yeroon gaafatan hedduu hin mul'atu.[245] Kunis rakkoolee kutannoo fi hubannoo dhabuu abbaa alangaa irraa kan maddu dha.[246] Gama biraatiin abbaan alangaa haala murtii lafarra harkifachiisuu danda'uun beellama yeroon gaafatu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, yaada abbaan alangaa tokko dhaddacha irratti mana murtiif kaaseen 'dhimma himannaa ilaalchisee manni maree aanaa miidhamtuu fi himatamaan waan araaramaniif himannaan akka ka'u nu gaafatanii waan jiraniif mari'annee himannaa akka kaafnuuf beellamni nuuf haa kennamu' jedheera.[247] Himannaa qophaa'u keessatti qabiyyee barbaachisaa haammachiisuu dhabuudhaan himannaan irra deebiin akka fooyya'uu fi sababa kanaanis akka lafarra harkifatu yeroon godhamu ni jira. Dhimma qabatamaa tokko keessatti abbaan alangaa himatamaa kan himate SY keewwata 620/3/ jalatti himateera. Haata'u malee, qabiyyee himannichaa keessatti himatamaan gocha akkamii raawwachuun yakka kanatti akka hirmaate hin kaa'amne. Manni murtii himannaan fooyya'ee akka dhiyaatu ajaja kenneera. Kunis himannaa qulqullina hin qabne qopheessanii hundeessuu dhabuun galmeen akka lafarra harkifatu gochuu isaa hubachuun ni danda'ama.[248]

Akka waliigalaatti, galmee qorannaa yeroon xumuruun himannaa hundeessuu keessatti harkifannaan darbee darbee akka mul'atuu fi mirga shakkamaa sababa kanaan akka hin

[242] Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo, Guyyaa 02/05/10
[243] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/S/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10
[244] Kom. Nuurasaa Akkanaa, Qajeelcha Poolisii Go/SH/Lixaatti A/A/H/Q/Y /M/H/K, Guyyaa 02/05/10
[245] Taaddasaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,Af-gaaffii guyyaa 09/05/2010; Kom.Amdulaam Tsilaahun,ho/wa/ Po/A/Ciroo,afgaafii guyyaa 01/05/2010 gaggeeffame, Kom.Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa, afgaafii guyyaa 14/05/2010 taasifame fi Kom.Darajjee Muldhataa,Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa, afgaafii guyyaa 26/05/2010 gaggeeffamee
[246] Af-gaaffii Zarihuun Baqqala, A/H/R/Murtee fi Sir/Se Mana Amala sir/Go/SH/lixaa 03/05//10
[247] AA vs Caalchisaa Galaanaa, MMA T/Kuttaayee, Lakk G 20337, 12/05/09
[248] AA vs Gabbisaa Deebisaa, MMO G/Sh/Lixaa, Lakk G 12665, 13/08/09

sarbamne taasisuu keessattis abbaan alangaa gahee isarraa eeggamu bahachaa kan hin jirre ta'uu ni hubatama. Himatni erga hundaa'e boodas manni murtii dhimma sana istaandardii JBAH'n teechifate keessatti fala itti kennu akka hin dandeenye abbaan alangaa gumaacha mataa isaa kan qabu dha.

BOQONNAA AFUR

YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

Gaheen abbaa alangaa kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa keessatti maal maal ta'uu akka qabu sakatta'a hog-barruu fi seerotaa jalatti ilaalameera. Haala qabatamaa naannoo keenyaatiin abbootiin alangaa mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa kabachiisuu keessatti gahee akkamii taphataa akka jiran daataa bifa gara garaatiin walitti qabameen boqonnaa sadi keessatti agarsiifameera. Itti aansuun boqonnaa kana jalatti immoo daataa argame irraa ka'uun yaadotni guduunfaa gurguddoon maal akka ta'anii fi rakkoolee mul'atan furuuf maaltu hojjetamuu akka qabu teechisuuf ni yaalama.

4.1. Yaada Guduunfaa

Argannoowwan qorannoo kanaa akka itti aanutti gabaabbatanii kan dhiyaatani dha.

- Akka Biiroo Haqaa Oromiyaatti kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa tiif xiyyeeffannaan gahaan kennamee hin jiru. Seerota garagaraa aangoo fi gahee Biiroo Haqaa akkasumas gahee abbootii alangaa ilaalchisanii bahanii fi karoora hojii manichaa keessatti dhimma kanaaf haguuggiin kan kennameef yoo ta'es, hojiin kun raawwii hojii manichaa keessatti xiyyeffannoon kennameefi haalli itti madaalamu hin jiru.
- Abbootiin alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamne gahee isaanirraa eeggamu bahachaa akka hin jirree fi sababa kanaanis namootni qulqulluun adabbiif akkasumas xaariifi baasiif haalli itti saaxilaman jiraachuu hubachuun ni danda'ama. Rakkoo kanaafis sababni adda duraan caqasamu hanqina kutannoo abbaan alangaa haqa baasuuf qabu dha.
- Abbootiin alangaa ragaan dhiyeeffatan kara seeraan alaatiin kan argame ta'uu yoo hubatanillee, ragaa sanatti gargaaramuuf haalli itti yaalan ni quunnama. Hooggansi jirus darbee darbee rakkoo kana hambisuu irratti hojjechuu osoo qabuu, yeroo jajjabeessutu mul'ata.
- Abbootiin alangaa ragaa himatamaa fayyaduu fi harka isaanii jiru himatamaan akka beeku yookin argatu fedhii akka hin qabnee fi himannaa hundeessan keessattis ragaa bifa kanaa cinaatti dhiisuun ragaa mirga himatamaa dhiphisu irratti kan xiyyeefatan ta'uu qorannoon kun ni agarsiisa. Hanqina kanaaf ka'uumsi sodaa himannaa naamusaa fi itti gaafatamummaa hojii abbaa alangummaa qixa barbaachisuun bahachuuf kutannoo barbaadamu dhabuu dha.

- Abbootiin alangaa mirgoota bu'uuraa shakkamtootni yakkaa dhagaha dura qaban akka hubatan taasisuu fi mirgootni kunneen akka kabajamaniif deeggaruun walqabatee bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaatuus raawwiin isaa fooyya'aa dha. Daawwannaan to'atamtoota seeraatiif taasifamu haala fooyya'aa irra kan jiru yoo ta'u, namoota seeraan ala to'annaa jala jiraniif furmaataa kennuu irratti hanqina bal'aatu mul'ata. Kana malees, mirgoota shakkamtootni fi himatamtoonni qaban kan akka mirga callisuu, abukaatoon bakka bu'amuu ykn tajaajila gorsa seeraa argachuu fi hiiktuu afaanii argachuun wal qabatee rakkoo bal'aan ni mul'ata.
- Abbootiin alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii sirrii hin taane yookin dogongora qaban bu'uureffachuun himannaa hundeessuu, cimsuu ykn heddummeessuun gochaa bal'inaan mul'atu dha. Kunis adda-durummaan sodaa itti-gaafatamummaa hin malle jalaa baqachuu fi mirga shakkamaatiif dantaa dhabuu irraa kan maddu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.
- Qabiyyeen himannaa abbaan alangaa dhiyeessu darbee darbee haala mirga ofirraa ittisuu himatamaa dhiphisuun yeroon qophaa'u kan jiru yoo ta'u himannaan qophaa'uus himataamaadhaaf dhaddacha irratti kan keennamu waan ta'eef deebii kennuuf yeroo gahaa kan hin kennine dha.
- Abbaan alangaa ragaa gahaa qabaachuu isaa osoo hin mirkaneeffatiin himannaa hundeessuun akka rakkoo tokkootti kan calaqqisu dha. Rakkoon kunis caalaatti kan mul'atu yakkoota gareen raawwataman jedhamanii dhiyaatan keessatti dha. Sababa kanaan himatamaan ykn himatamtootni hanga dhimmichi mana murtiitiin furmaata argatutti hidhaa fi rakkoo garagaraaf haalli itti saaxilaman jiraachuu hubachuun ni danda'ama.
- Mirga wabii shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaatiin wal qabatee abbootiin alangaa sababoota dhama qabeessa hin taanee fi deeggarsa seeraa hin qabne bu'uureffachuun yeroo mormanii fi keewwata mirga wabii dhorkachiisu jalatti himannaa haalli itti hundeessan ni mul'ata. Keessattuu, himatamaan teessoon isaa naannoo biraati sababa jedhuu fi yakkichi dantaa mootummaatiin walqabata sababa jedhuun haalli mirgi wabiin gadi-dhiifamuu shakkamtoota yakkaa seeraan ala ittiin daanga'aa jiru yaaddessaa dha.
- Si'oominaan wal qabatee rakkoon hammaataan jiraachuu yoo baates, qorannaan yakkaaa yeroon akka xumuramu gochuu, himannaa yeroo gabaabaa keessatti hundeessuu fi falmiin si'aayinaan akka xumuramuuf deeggarsa barbaachisaa gochuun

wal qabatee hanqinni mul'atu ni jira. Kunis mirgi shakkamaa fi himatamaan yakkaa murtii ariifataa argachuuf qaban kan cabsu ta'uunsaa beekamaa dha.

- Gama biraatiin argannoon qorannoo kanaa akka agarsiisutti abbootiin alangaa dirqama ogummaa isaanii yeroo bahanitti haqa qofa giddu galeessa taasisanii kan socha'an osoo hin taane sababoota kutannoo dhabuu, dhiibbaa qaamolee gara garaa damdamachuu dhabuu, sodaa himannaa naamusaa fi k.k..f irraa kan ka'e kabajamuu mirga shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa keessatti gahee isaanirraa eegamu bahaa kan hin jirre ta'uu dha. Kunis mirgi shakkamtootaa fi himatamtoota yakkaa sadarkaa barbaadamutti akka hin kabajamne taassiseera.

4.2. Yaadota Furmaataa

Hanqinaalee gara garaa boqonnaa kana keessatti adda bahaniif qorannoon kun yaadota furmaataa armaan gadii akeekeera.

- Biiroon Haqaa Oromiyaa hojii *kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa mirkaneessuu*'tiif xiyyeeffannoo olaanaa kennuutu irraa eeggama. Kana gochuu keessatti:
    - Dhimma *kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa mirkaneessuu* akka toora xiyyeffannoo isaa tokko taasisuun raawwii isaa bifa idilaawaa ta'een madaalaa deemuu qaba.
    - Abbootiin alangaa gahee kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa ilaalchisee qaban keessatti hanqina uumaniif sirni itti gaafatamummaa isaanii mirkaneessuu dandeessisu jiraachuu qaba.
    - Qorannoon yakkaa gaggeeffamu, himannaan hundeeffamuu fi falmiin taasifamu kan mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa hin sarbinee fi hin mulqine ta'uu sirni hooggansi sadarkaa sadarkaadhaan jiru ittiin mirkaneessu diriirfamuu qaba. Keessattu odiitiin duraa fi boodaa galmee irratti taasifamu dhimma kanaaf xiyyeffannoo kennuu qaba.
- Kana malees, giddu-lixummaan hooggansaa bifa gara garaatiin taasifamu bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa kan kabajuu fi kabajama mirga shakkamaatiif of-eeggannoo barbaachisaa kan taasisu ta'uu qaba. Kana keessattis:
    - hooggansi jiru dhiibbaa qaamolee siyaasaa fi hawaasa bal'aa irraa dhufu dandamachuun abbootiin alangaa seera qofa giddu galeessa godhachuun mirga

shakkamaa fi himatamaa yakkaa keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahatan deeggaruu qabu.

- tarkaanfii naamusaaa sababa falmii laaffisuutiin fudhatamu gahee abbaan alangaa kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa keesstti qabu waliin dursee xiinxalamuu qaba.

- Seerotaa fi maanuwaaliiwwan hojii jiraniin walqabatees tarkaanfiiwwan gara garaa fudhatamuu qaban ni jiru. Isaan keessaas:
  - Imaammatni sirna haqa yakkaa keenya *"dirqamni abbaa alangaa haqa argamsiisuu malee murtii balleessummaa kennisiisuu akka hin taane"* ifatti teechisuu qaba. Kana malees, imaammatni sirna haqa yakkaa keenya ragaan seeraan ala argame haala addaatiin fudhatama haalli itti argatu jiraachuu fi sababootni dirqama mirkaneessuu (burdon of proof) abbaa alangaa irraa gara shakkamaatti dabarsuuf dandeessisan jiraachuu ni teechisa. Tumaaleen imaammatichaa kunneenii fi seerotni tumaalee imaammatichaa bu'uureffachuun bahan mirga shakkamaa ykn himatamaa yakkaa akka malee haala hin dhiphisnetti hiikkoon dhiphaan kennamuufi qaba.

  - Labsiin Qaamolee Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessuuf bahe Lab. Lak.199/2008 keessatti dhimmootni abbaan alangaa bilisummaan irratti murteessuu qabuu (prosecutorial discretion) fi itti-gaafatamummaan yakkaa namoota bilisummaa ogummaa abbaa alangaa sarbanii, kkf haammatamuu qaba.
  - Dirqamoota abbaan alangaa mirga shakkamaa yakkaa kabajuu fi kabachiisuu keessatti qabu hedduu isaanii kan qabate Maanuwaaliin Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) hojiirra akka oolu Biiroonis xiyyeeffannaa kennee itti adeemuu qaba. Maanuwaalichi humna dirqisiisuu akka qabaatuu fi bu'uura maanuwaalichaatiin hojjechuu dhabuun itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uu ifatti tumamuu fi irratti hojjetamuu qaba.
  - Abbaan alangaa balleessummaa shakkamaa irratti shakkii dhama qabeessa sababa qabuuf dhimmichi garee paanaaliitiif yoo dhiyaatee fi abbaan alangaa dhimmicha qabatee ture ejjennoo garee paanaaliitiin qabame irraa adda ta'e yoo qabaate akkasumas qajeelfama hojii hoogganaa isaatiin kennamuuf abbaan alangaa seeraan kan wal hin simne yookin sammuu /conscience/

isaatiin kan wal dhahu ta'ee yoo itti mul'ate, adeemsi galmeen sun abbaa alangaa biraatiif ittin dabarfamee kennamu jiraachuu qaba.

- Abbootii alangaa dhugaa bu'uureffachuun himatamaan haqa akka argatu deeggaraniif uwwisni seeraa eegumsa godhuuf haala gahaa fi ifa ta'een jiraachuu qaba. Kana malees, abbaan alangaa tarkaanfiin naamusaa yookin bulchiinsaa sababa kanaan yeroo irratti fudhatamu gara qaama walaba ta'eetti, fakkeenyaaf mana murtiitti sirni komii isaa ittiin dhiyeeffachuu danda'u (judicial review) jiraachuu qaba. Kanaaf Danbiin Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa haala Kanaan fooyya'uu qaba.
- Gumii abbootii alangaa naannoo cimsuu fi miseensota ejjennoo cimaa (integrity), gahuumsaa fi ofitti amanamummaa qaban irraa ijaaruun barbaachisaa dha. Kunis abbootiin alangaa yaada himatamaa yakkaa deeggaru waan kaasaniif qofa hojiirraa gaggeeffamuun akka dhaabatu dandeessisa.
- Mirga wabii waajjira poolisitti eegamuu fi gaaffii yeroo beellamaa ilaalchisee Maanuwaaliin JBAH fi Seerri Deemsa Falmii yakkaa Itiyoophiyaa aangoo abbaan alangaa qabu dhiphisuun aangoo poolisii kan bal'isu waan ta'eef gocha haqa maleessa gama poolisiin raawwatamuu danda'u hanbisuuf seerrii fi maanuwaaliin kun bifa abbaa alangaa caalatti aangeesseen fooyya'uu qabu.

- Biiroon Haqaa Oromiyaa harcaatilee qulqullina qorannoo fi dhimmoota si'oominaan wal qabatanii jiran furuuf humna namaa gahaa horachuu irratti ammas cimsee hojjachuu qaba**.**
- Kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa ilaalchisee milkaa'ina isaa sadarkaa olaanaatti mirkaneessuuf qaama abbummaan raawwii isaa hordofu cimsuun barbaachisaa dha.
- Ga'uumsaa fi naamusa abbootii alangaa sadarkaa olaanaa irraan gahuuf qaamoleen gahee qaban kan akka BHO, ILOQHQSO, kkf ciminaan hojjechuu qabu. Qabiyyeen leenjii kanaas qajeeltowwanii fi dirqama naamusa oogummaa, eegumsa heeraa fi seeraa mirgootaa shakkamaa fi ragootaa, bilisummaa bu'uuraa fi mirgoota namoomaa himatamtoota yakkaa irratti kan xiyyeefate ta'uu qaba.
- Raawwiin hojii abbaa alangaa haala idilaawaa fi saayinsawaa ta'een gaggeeffamuu fi bu'aa isaa irratti hundaa'uun tarkaanfiin sirreeffamaa fudhatamuu qaba. Raawwii dhuunfaa abbaa alangaa fi raawwii waajjiraa safaruu keessatti dandeettiin adabsiisuu (conviction rate) akka safartuutti gargaaraa akka jiru hubannoon dogongoraa abbootii

alangaa bira jiru maqfamuu qaba. Abbootiin alangaa adabsiisuu qofa akka kaayyeffatan sababoota taasisan keessaa inni ijoon rakkoo hubannoo kana gama kanaan jiru dha.

- Bilisummaa Ogummaa Abbaa Alangaa caalatti cimsuuf Waldaan Abbootii Alangaa sadarkaa naannootti hundeeffamuu qaba.
  - Hundeeffamuu Waldaa kanaatiif Biiroon haqaa Oromiyaa hojjachuu qaba.
  - Waldaan hundeeffamu kun dhiibbaa dhiibbaa fi giddu lixummaa kamiraayyuu irraa bilisa ta'uu qaba.
  - Waldaan kunis naamusaa fi bilisummaa abbaa alangaatiif ciminaan hojjachuu qaba. Kunis seerotaa fi qajeelfamoota bahaan irratti ciminaan hirmaachuu dabalchuu qaba.

Miiltoolee

Miiltoo 1

Uunkaalee daataa sassaabuuf oolan

Unka Tokko

Bar-gaaffii abbootii alangaa sadarkaa aanaa hanga naannoo jiraniin guutamu

Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa mata duree ‘‘Gahee Abbaan Alangaa Kabajamuu Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Keessatti Qabu’’ jedhu irratti yeroo ammaa qorannoo gaggeessaa jira. Qorannoon kunis abbaan alangaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka hin sarbamne hangam dirqama isaa bahachaa akka jiru sakatta’uudhaan furmaata akeekuuf kan gaggeeffamu dha. Isinis gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii dhugaa ta’e kennuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif deeggarsa akka taasiftan gaafanna.

Gahee hojii keessan: _____

Sadarkaa Mana Hojii Keessanii:

□ Aanaa □ Godina □ Naannoo

1. Abbaan alangaa ***ijoo seeraa*** himatamaa fayyaduu danda’u garuu himatamaan ykn abukaatoon isaa hin kaafne dhaddachaaf ykn abukaatoo himatamaaf ykn himatamaaf ni kaasaa?

   □ Eeyyeen

   □ Lakkii

   Yaada dabalataa yoo qabaattan

   .....

   .....

2. Abbaan Alangaa ***ragaa*** himatamaa gargaaru of-harkaa qabaachuu yoo hubate himatamaadhaaf dabarsee ni kennaa?

   □ Eeyyeen

   □ Lakkii

3. Abbootiin alangaa ragaan mirga namoomaa shakkamaa sarbuun argame jiraachuu yeroo hubatan qaama gocha kana raawwate irratti hangam tarkaanfii fudhatu?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
4. Abbaan Alangaa ragaa himannaa mirkaneessu akkuma sassaabu, ragaa himatamaa himannaa irraa bilisa taassisuu danda'u haalli itti sassaabu ni jiraa?
   - Eeyyeen
   - Lakki
5. Abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate soba ykn fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irratti kennamu hangam gaafatu?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
6. Poolisiin namoota bu'uura S/D/F/Y kwt. 28 tin mirgi wabii eegamuufii qabu yoo dhorke Abbaan Alangaa qaamni dhimmi isaa ilaallatu dhimmicha qoratee akka qulqulleessu hangam taassisaa?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
7. Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam taassisaa jira?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa

- Gadi aanaa
- Daran gadi aanaa

8. Abbaan Alangaa sadarkaa qorannaarratti yeroo shakkamaan jecha isaa kennu bakka sanatti argamuudhaan haala mirga heera mootummaatiin eegamee fi kabaja namoomaa isaa eeggateen jecha isaa kennuu isaa hangam mirkaneessa?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
9. Abbaan alangaa himannaan himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti akka murtii argatuuf dhaddacha ni hubachiisaa?
   - Eeyyeen
   - Lakki

   Yaada dabalataa yoo qabaattan .....

   .....
10. Himatamaan afaan dhadachi ittiin gaggeeffamu kan hin hubannee yoo ta'e hiiktuun afaanii akka ramadamuuf abbaan alangaa dhadacha ni hubachiisaa?
    - Eeyyeen
    - Lakki
11. Abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'uureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata? (Fakkeenyaaf: himannaa cimsuu ykn heddummeessuu)
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa
12. Abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti; fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa

- Giddu galeessa
- Gadi aanaa
- Daran gadi aanaa

13. Abbootiin alangaa qorannaan erga xumurameen booda istaandardii yeroo teechifame keessatti hangam himannaa hundeessaa jiru?
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa
14. Namootni sababa gahaa malee akka hin qabamneef abbootiin alangaa hangam hojjataa jiru?
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa
15. Abbaan alangaa dirqama mirga shakkamaa kabachiisuuf qabu sababa bahateen himannaa naamusaatiin haalli itti himatamu jiraa?
    - Eeyyee
    - Lakki
16. Abbaan alangaa qabiinsa mirgi shakkamtoota ykn himatamtoota to’annaa jala jiranii kabajamuu isaa hangam hordoffii fi daawwannaa taasiisa?
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa

Bar-gaaffii qorattoota poolisii sadarkaa aanaa hanga naannoo jiraniin guutamu

Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa mata duree ‘‘Gahee Abbaan Alangaa Kabajamuu Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Keessatti Qabu’’ jedhu irratti yeroo ammaa qorannoo gaggeessaa jira. Qorannoon kunis abbaan alangaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka hin sarbamne hangam dirqama isaa bahachaa akka jiru sakatta’uudhaan furmaata akeekuuf kan gaggeeffamu dha. Isinis gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii dhugaa ta’e kennuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif deeggarsa akka taasiftan gaafanna.

Gahee hojii keessan: _____

Sadarkaa Mana Hojii Keessanii:

□ Aanaa □ Godina □ Naannoo

1. Abbaan alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamne hangam tattaafataa jira?
   - □ Daran olaanaa
   - □ Olaanaa
   - □ Giddu galeessa
   - □ Gadi aanaa
   - □ Daran gadi aanaa
2. Abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate soba ykn fudhatamummaa kan hin qabne ta’uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irrati kennamu hangam gaafatu?
   - □ Daran olaanaa
   - □ Olaanaa
   - □ Giddu galeessa
   - □ Gadi aanaa
   - □ Daran gadi aanaa
3. Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta’e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hanga taassisaa jira?
   - □ Daran olaanaa
   - □ Olaanaa
   - □ Giddu galeessa

- Gadi aanaa
- Daran gadi aanaa

4. Abbaan Alangaa yeroo shakkamaan jecha isaa kennu bakka sanatti argamuudhaan mirgi shakkamaa heera motummaatiin eegameef kabajameefii jecha isaa kennuu ni mirkaneessaa?
   - Eeyyeen
   - Lakki
5. Abbaan Alangaa ragaa himannaa mirkaneessu akkuma sassaabu, ragaa himatamaa himannaa irraa bilisa taassisuu danda'u haalli itti sassaabu ni jiraa?
   - Eeyyeen
   - Lakki
6. Abbaan alangaa eeruun himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti qorannaan isaa akka xumuramu hangam hojjata?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
7. Abbootiin alangaa qorannaan erga xumurameen booda istaandardii yeroo teechifame keessatti hangam himannaa hundeessaa jiru?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
8. Namootni ragaa gahaa malee akka hin qabamneef abbootiin alangaa hangam hojjataa jiru?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa

Unka sadii

Bar-gaaffii Abbootii seeraa sadarkaa aanaa hanga naannoo jiraniin guutamu

Inistitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa mata duree ‘‘Gahee Abbaan Alangaa Kabajamuu Mirga Shakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Keessatti Qabu’’ jedhu irratti yeroo ammaa qorannoo gaggeessaa jira. Qorannoon kunis abbaan alangaa mirgi shakkamaa fi himatamaa yakkaa akka hin sarbamne hangam dirqama isaa bahachaa akka jiru sakatta’uudhaan furmaata akeekuuf kan gaggeeffamu dha. Isinis gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif deebii dhugaa ta’e kennuun milkaa’ina qorannoo kanaatiif deeggarsa akka taasiftan gaafanna.

Gahee hojii keessan: _____

Sadarkaa Mana Hojii Keessanii:

□ Aanaa □ Godina □ Naannoo

1. Abbaan alangaa ijoo seeraa ykn ragaa himatamaa fayyaduu danda’u garuu himatamaan ykn abukaatoon isaa hin kaafne dhaddachaaf ykn abukaatoo himatamaaf ykn himatamaaf ni kaasaa?

   □ Eeyyeen

   □ Lakkii

   Yaada dabalataa yoo qabaattan

   .....

   .....

2. Abbaan alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamneef hangam tattaafataa jira?

   □ Daran olaanaa

   □ Olaanaa

   □ Giddu galeessa

   □ Gadi aanaa

   □ Daran gadi aanaa

3. Abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate soba ykn fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irrati kennamu hangam gaafatu?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
4. Abbaan Alangaa ***ragaa*** himatamaa gargaaru ofharkaa qabaachuu yoo hubate himatamaadhaaf dabarsee kennaa jiraa?
   - Eeyyee
   - Lakki
5. Gaaffii qaxxaamuraa abbaan alangaa dhadacha irratti ragaa ittisaa gaafatu dhiibbaa /burjaajessuu, aarsuu fi dorsiisuu/ irraa hangam bilisa kan ta'ee dha?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
6. Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam qajeelummaadhaan deeggarsa taassisaa jira?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa

7. Abbootiin alangaa ragaan mirga namoomaa shakkamaa sarbuun argame jiraachuu yeroo hubatan qaama gocha kana raawwate irratti hangam tarkaanfii fudhatu?
   - Daran olaanaa
   - Olaanaa
   - Giddu galeessa
   - Gadi aanaa
   - Daran gadi aanaa
8. Abbootiin alangaa himannaan himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti akka murtii argatuuf dhadacha hubachiisaa jiruu?
   - Eeyyeen
   - Lakki
9. Himatamaan afaan dhadachi ittiin gaggeeffamu kan hin hubannee yoo ta'e hiiktuun afaanii akka ramadamuuf abbaan alangaa dhadacha hubachiisaa jiraa?
   - Eeyyeen
   - Lakki
10. Abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'uureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata? (Fakkeenyaaf: himannaa cimsuu ykn heddummeessuu)
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa
11. Abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti, fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?
    - Daran olaanaa
    - Olaanaa
    - Giddu galeessa
    - Gadi aanaa
    - Daran gadi aanaa

Af gaaffii prezidantoota mana murtii ykn bakka bu'aaf dhiyaatu

1. Abbaan alangaa ijoo seeraa ykn ragaa himatamaa fayyaduu danda'u garuu himatamaan ykn abukaatoon isaa hin kaafne dhaddachaaf ykn abukaatoo himatamaaf ykn himatamaaf ni kaasaa?
2. Abbaan alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamneef hangam tattaafata?
3. Abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate soba ykn fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irrati kennamu hangam gaafatu?
4. Abbaan Alangaa ***ragaa*** himatamaa gargaaru ofharkaa qabaachuu yoo hubate himatamaadhaaf dabarsee kennaa jiraa?
5. Gaaffii qaxxaamuraa abbaan alangaa dhadacha irratti ragaa ittisaa gaafatu dhiibbaa /burjaajessuu, aarsuu fi dorsiisuu/ irraa hangam bilisa kan ta'ee dha?
6. Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam qajeelummaadhaan deeggarsa taassisaa jira?
7. Abbootiin alangaa ragaan mirga namoomaa shakkamaa sarbuun argame jiraachuu yeroo hubatan qaama gocha kana raawwate irratti hangam tarkaanfii fudhatu?
8. Abbootiin alangaa himannaan himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti akka murtii argatuuf dhadacha hubachiisaa jiruu?
9. Himatamaan afaan dhadachi ittiin gaggeeffamu kan hin hubannee yoo ta'e hiiktuun afaanii akka ramadamuuf abbaan alangaa dhadacha hubachiisaa jiraa?
10. Abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'uureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata? (Fakkeenyaaf: himannaa cimsuu ykn heddummeessuu)
11. Abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti, fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?

Af-gaaffii Hooggantoota BHO akkasumas hooggansa manneen hojii kanaa sadarkaa godinaa fi aanaarra jiraniif dhiyaatu

1. Abbaan alangaa ijoo seeraa ykn ragaa himatamaa fayyaduu danda'u garuu himatamaan ykn abukaatoon isaa hin kaafne dhaddachaaf ykn abukaatoo himatamaaf ykn himatamaaf ni kaasaa?
2. Abbaan alangaa himatamaan ragaa sobaatiin akka hin himatamneef hangam tattaafata?
3. Abbaan alangaa ragaan himatamaa irratti dhiyaate soba ykn fudhatamummaa kan hin qabne ta'uu yommuu beeke ragaan kun akka haqamu ykn jala murtiin akka irrati kennamu hangam gaafatu?
4. Abbaan Alangaa ***ragaa*** himatamaa gargaaru ofharkaa qabaachuu yoo hubate himatamaadhaaf dabarsee kennaa jiraa?
5. Gaaffii qaxxaamuraa abbaan alangaa dhadacha irratti ragaa ittisaa gaafatu dhiibbaa /burjaajessuu, aarsuu fi dorsiisuu/ irraa hangam bilisa kan ta'ee dha?
6. Abbaan alangaa yakki shakkamaan ittiin shakkame mirga wabii kan hin dhorkisiifne yoo ta'e shakkamaan mirgi wabii isaa eegamee akka gadi lakkifamuuf hangam qajeelummaadhaan deeggarsa taassisaa jira?
7. Abbootiin alangaa ragaan mirga namoomaa shakkamaa sarbuun argame jiraachuu yeroo hubatan qaama gocha kana raawwate irratti hangam tarkaanfii fudhatu?
8. Abbootiin alangaa himannaan himatamaa irratti dhiyaate yeroo gabaabaa keessatti akka murtii argatuuf dhadacha hubachiisaa jiruu?
9. Himatamaan afaan dhadachi ittiin gaggeeffamu kan hin hubannee yoo ta'e hiiktuun afaanii akka ramadamuuf abbaan alangaa dhadacha hubachiisaa jiraa?
10. Abbaan alangaa ijoo seeraa fi firii dubbii dogongoraa bu'uureffachuun himannaa mirga himatamaa sarbu haalli itti hundeessu hangam mul'ata? (Fakkeenyaaf: himannaa cimsuu ykn heddummeessuu)
11. Abbootiin alangaa yaada mana murtiif kennan keessatti, fakkeenyaaf: yaada adabbii ilaalchisee firiin dubbii kaasan hangam dhugummaa kan qabuu dha?

12. Akka naannoo keenyaatti adeemsi hojiin abbaa alangaa ittiin hoogganamu haala gahaa fi sirnaawaa ta'een ni jiraa? Maanuuwaaliin Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa (2008) hangam hojiirra oolaa jira?
13. Abbaan alangaa lafarra harkifannaan hin malle akka hin uumamnee fi sababa kanaan mirgi shakkamaa akka hin sarbamne sirni hordoffiin ittiin taasifamu jiraa? Rakkoon gamanaan jiru akkamitti ibsama? Bu'uura Istaandardii JBAHn galmeen qorannoo yakkaa guyyaan akka itti xumuramu taa'e ni kabajamaa?
14. Shakkamaan ykn himatamaan yakkaa mirgoota bu'uuraa qabu akka hubatuu fi itti gargaaramu / fknf: mirga abukaatoo ittisaa argachuu, mirga callisuu fi wabiin bahuu/ abbootiin alangaa gahee akkamii qabu? Gahee kana hangam bahaachaa jiru?
15. Sababoonnii abbaan alangaa mirgi shakkamaa akka kabajamuuf gahee isarraa eegamu akka hin baane taasisan maal fa'aa? / Calallii, jijiirraa, guddina, bu'aa madaallii raawwii hojii, qajeelfama hojii /hand books/ , haguuggiin seeraa gahaa ta'ee dhabamuu, bilisummaa, seerota biyyattii fi sanadoota idila addunyaa ilaalchisee.rakkoo hubannoo abbaa alangaa?)
16. Hojiin kabajamuu mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa hangam xiyyeeffannaan kennameefii jira? / karoorfamuu fi raawwii isaa madaaluu/
17. Namoota yakka adabbii cimaan hin adabsiifne mirgi wabii isaanii bu'uura SDFY kw. 28 akka kabajamuuf abbaan alangaa ga'ee isaa hangam bahaa jira?
18. Sababa abbaan alangaa gahee isarraa eegamu hin bahanneef mirga shakkamaa fi himatamaa yakkaa yoo sarbame tarkaanfiin seeraan ykn hojimaataan fudhatamu maal fakkaata?
19. Mirga shakkamaa fi himatamaa kabachiisuu keessatti gahee abbaan alangaa maal ta'uu qaba? Manni hojii abbaa alangaa maal hojjachuu qaba? Sirna akkamiitu diriiruu qabaa?
20. Abbaan alangaa dirqama isaa mirga shakkamaa kabachiisuuf qabu bahuun wal qabatee himannaa naamusaa, himannaa siviilii ykn yakkaan haalli itti himatamu isin quunamee beekaa? Kanas mirga shakkamaa kabachiisuun waliin akkamitti ilaaltu?
21. Odiitii galmee taassifamu keessatti raawwiin abbaa alangaa gama mirga shakkamaa kabbachiisuutin hangam hogganamaa jira?

MIILTOO 2

Hirmaattota Af-gaaffii fi Maddoota

Namoota Af-gaaffii Deebisan

1. Abbabaa Shaalloo Abuk.dhuunfaa GO/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 4/05/2010,
2. Abbee Haajii, Hogganaa Waajjira Haqaa Aanaa Ciroo,
3. Abdiisaa Bariisoo, B/sa yuunivarsiitii Madda walaabuu fi abuk.dhuunfaa, afgaafii guyyaa 14/05/2012
4. Abdujabbaar Huseen,abuk. Dhuunfaa,af-gaaffii G/A/N/F, Guyyaa 12/05/2010 gaggeeffame,
5. Addunyaa Alamuu, Hog/Wa/Ha/G/H/Lixaa,
6. Ahimadnuuri Jibiiri,Yonaata Wubsheeti, fi Ahimadiin Rashiid,
7. Akaalee xibabuu,abuk.dhuunfaa, G/SH/Bahaa ,af-gaaffii guyyaa 28/05/2010 gaggeeffame.
8. Aliyyii Nugusee,Abuk.dhuunfaa,G/A/Lixaa, af-gaaffii guyyaa 13/05/2010 gaggeeffame.
9. Amaare, Dursaa Garee Riifoormii fi Bu/Gaarii, BHO
10. Asaaminawuun Raggaasaa, MMO Go/W/Lixaa Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa
11. Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum,
12. Badhaasoo Hassoo, Hog/Wa/Ha/A/Odaa Bultum,
13. Beekumaa Mardaasaa, B/B/I/G, Waajjira Haqaa Aanaa
14. Bidiraa Usmaan, IG Wa/Ha/Aa/Aqaaqii
15. Buzunee Waaqwayyaa, abuk. Dhuunfaa, G/SH/Babaa ,af-gaaffii, guyyaa 30/05/2010, Obbo
16. Caalaa Leellisaa B/B/I/G W/Haqaa Aanaa T/Kuttayee,
17. Caalaa Olii, abukkaatoo dhuunfaa, Go/HS/Lixaa – Amboo,
18. Caaltuu Hasan, Qindeessituu garee Inispeekshinii BHO
19. Dajanee Iddeechaa Perizidaantii MMA A/Tulluu.
20. Darajjee Fayyeraa, B/B perezidaantii MM/A/T/Kuttaayee,
21. Dassaalenyi Taaddasaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke Aanaa sabbataa,
22. Dirribaa Olii, B/B/KTAS MMO/Go/Sh/Lixaa,
23. Eda'oo Bariisoo, Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Ya/Mu/Ha/ke, A/Nageellee Arsii,
24. Eda'oo Fittaalaa, Ab/Ad/Ho/ij/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke A/Adaamii Tulluu,

25. Eebbisaa Badhaadhaa abbaa seeraa, MMO/Go/Sh/Lixaa;
26. Gaazaalii Abbaasimaal, Pirezidaantii MMO/ Godina Jimaa
27. Gammachuu Turaa, BB Pirez. MMA Shaashamannee
28. Getaachoo Tuuchoo: Pirezidantii, MMA Gimbii,
29. Girmaa Bantii, AAMHK, Qajeelcha Poolisii Go/W/Lixaa,
30. Guutuu Oljiraa: It/Ga/W/Ha/Go/W/Lixaa,
31. Huseen, abuk. Dhuunfaa,af-gaaffii G/A/N/F, Guyyaa 12/05/2010 gaggeeffame.
32. I/A Kom. Dinquu Guutaa, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ Kennisiisaa Go/Ha/Lixaa,
33. Immiruu Bitawu, BB Pirez. MMA Aqaaqii
34. Insp. Getaachoo Dagguu, Hoogganaa Waajjira poolisii A/T/Kuttaayee
35. Insp. Ol. Damee Fufaa, AA/H/I/S/S/Seeraa, Mana Sirreessaa Godina W/Lixaatti,
36. Insp. Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa,
37. Insp.Ol Kamaal Taaddasa BB It/G Waajjira Poolisii Aanaa Gomaa
38. Jaallataa Tarrafuu, B/B Perezidaantii, MM Aanaa Najjoo,
39. Jamaal A/Booraa: perezidantii, Mana murtii Aanaa Jimmaa,
40. Jamaal Alishoo Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/Har/Lixaa af-gaaffii gaafa 2/05/2010
41. Jilaaluu Mul'isaa, AA Mu/Ha/Ke, Waajjira Haqaa Godina Jimmaa,
42. Kabbadaa Damee Abuk.dhuunfaa GO/Arsii Lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010
43. Kamaal Bakar, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/Adaamaa, Afgaaf
44. Kom. Mulaatuu Hordofaa, Hogganaa W/poolisii Mag/Amboo,
45. Kom.Amdulaam Xilaahun, Ho/Wa/Po/A/Ciroo,
46. Kom.Darajjee Muldhataa,Ho/Qaj/Po/Go/SH/Bahaa,
47. Kom.Mulugeetaa Alamuu,Ho/Qa/Po/Go/Har/Lixaa,
48. Kom.Sulxaan Huseen, Ab/Ad/Ho/Ijo/Qo/Ya/Mu/Ha/ kennisiisaa/ Qa/Po/Go/A/Lixaa,
49. Kom.Yohaanis Nagawoo,Ho/Po/A/Adaamaa,
50. Maammoo Tusii, B/B Pireziidaantii MMO Go/Arsii lixaa,
51. Malkaamuu Nagarii, A/Ad/Bu/Hu/Namaa BHO
52. Masarat Guutamaa, itti gaafatamtuu W/H/Aanaa Amboo,
53. Mul'isaa Ejjataa, pirezidaantii MMOGAN/Finfinnee,
54. Mulu'aalam Haragaawwii, MMO Go/W/Lixaa
55. Mulugeetaa Getaachoo, It gaafatamaa W/ Haqaa Aanaa Gommaa,

56. Naahomaan waaqumaa, B/B Ho/Wa/Ha/Go/A/Lixaa,
57. Pheexiroos Maammoo, I/G/ W/H/Go/Sh/Lixaa,
58. Saj Ol. Rattaa Siidaa, BB A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Aa/Aqaaqii
59. Sanbataa Abdataa, Perezidaantii MMO Go/ W/Lixaa,
60. Seenaa Zawudoo, Ab/Ad/Ho/Qor/Mu/Ha/Kennisiisaa, A/Shaashamannee,
61. Shaambal Qajeelaa, MMO Go/W/Lixaa
62. Shamaamee Taaddasaa, pirezidaantii MMA Ciroo,
63. Sisaay Astaatsiqee, B/B Pireezidaantii M/M/O/G/H/Lixaa,
64. Sisaay Tasfaayee, Ab/Ad/Ho/Ij/Qo/Ya/Mu/Ha/ke A/Sabbataa.
65. Taaddalaa Yilmaa, Pirezidaantii MMA Sabbataa,A
66. Tasfaayee Muudee Abukaatoo ittisaa M/M/O/G/ Arsii lixaa af-gaaffii gaafa 14/05/2010 gaggeeffame
67. Tashaalee Angaasaa, Miseensa Garee Inispeekshinii BHO
68. Tolamaariyaam Dhibbisaa: perezidanti MM/Aanaa Gommaa,
69. Warqinaa Galataa,Waajjira Haqaa Aanaa Gimbii,
70. Wuddinesh Tasfaayee, Hog/Wa/Ha/Go/Ad/N/Finfinnee,
71. Yaasin Ibraahim Perizidaantii MMA Naggeelee Arsii;
72. Yawuubdar Afarraa, Abukaatoo Ittisaa, MMO Go/Jimmaa,
73. Yirgaa Sabsibee, Perizidaantii MMA Adaamaa;
74. Yooseef Abbaba, Biiroo Haqaa Oromiyaatti B/B/A/A/H/M/H/K,
75. Zarihuun Baqqala, A/H/R/Murtee fi Sir/Se/Ma/Am/Sir/Go/Sh/
76. Zelaalam Keennasaa, Itti gaafatamaa,Waajjira Haqaa Aanaa Jimmaa,

Galmeelee sakatta'aman

1. AA vs Abbachi Guutaa, Mana Murtii Aanaa Amboo, lakk. Galmee 52091,
2. AA vs Abdoo Hasan fa'a (N-2), MMA Jimmaa, Lakk. Galmee 36975,
3. AA vs Abbaas Ibroo, MMA Odaa Bultum, Lakk G MM 27741,
4. AA vs Abbabee Baqqala, MMA T/Kuttaayee, lakk. Galmee 20511
5. AA vs Abdii Ibraahim, MM A/Gimbii, Lakk G 18424,
6. AA Vs Alamaayyoo Arfaasaa, MMA Mag/Bishooftuu, lakk. G 02065,
7. AA vs Alamaayyoo Mallasa, MMO G/Sh/Lixaa, lakk. Galmee 04
8. AA vs Alamuu Dassee, MMA Kuyyuu, lakk. Galmee 38753
9. AA vs Ashannaffii Balaay, MMO Go/W/lixaa, Lakk G 35294
10. AA vs Ashannafii Balaay, MMO G/W/Lixaa, lakk. Galmee 35294
11. AA vs Awwal KAdir, MMA Gommaa, lakk. Galmee 24721
12. AA Vs Bantii Dhugaasaa fi Dajanee Bantii, MMA T/Kuttaayee, Lakk. G 20503,
13. AA vs Bariisoo Abbakoo, MMA Shaallaa, Lakk G 12966;[1]
14. AA vs Beekaa Mogos, MMO G/W/Lixaa, lakk. Galmee 35421
15. AA vs Birhaanuu Tafarraa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 27195.
16. AA vs Caalchisaa Galaanaa, MMA T/Kuttaayee, Lakk G 20337, 12/05/09
17. AA Vs Caalii Mangistuu/N2/ , MMA Najjoo, lakk. Galmee 20378, 26/03/10
18. AA vs Dabalaa Biraanuu, MMA Gimbii, lakk. Galmee 18725
19. AA vs Danuu Barsiisaa, MMO G/Sh/Lixaa, lakk. Galmee 02403
20. AA vs Darajjee Hundee/3/, MMO/SH/Lixaa, Lakk G 05524, 17/10/07
21. AA vs Dassa'aa Atoomsaa, MMA Najjoo, lakk. Galmee 19178
22. AA vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005.
23. AA vs Fantahun Fiixee, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221
24. AA vs Gabbisaa Deebisaa, MMO G/Sh/Lixaa, Lakk G 12665, 13/08/09
25. AA vs Gammachiis Dhaabaa, MMO G/W/Lixaa, lakk. Galmee 35302
26. AA vs Gammachis Asfaawuu, MMO G/W/Lixaa, lakk. Galmee 35384
27. AA vs Gammachuu Taaddasaa, MMO Wallagga Bahaa, Lakk G 39696;[1]
28. AA vs Ifaa Galaanaa Dabalaa, MMA Najjoo, lakk. Galmee 20403, 18/4/10
29. AA vs In/Ol/Zakariyaa Abdallaa, MMA Ciroo, Lakk G 33574.
30. AA vs Isaaq Sheeh Hasan, MMA Shaallaa, Lakk G 12953;

31. AA vs Jara Naziif/n5/, MMOG Jimmaa, lakk. Galmee 45181
32. AA vs Jihaad A/Saambii fa'a N-5, MM Aanaa Gommaa; Lakk G 23141; 21/02/09;
33. AA vs Kaasuu Warqiaa, MMO G/A/N/Finfinnee, lakk. Galmee 06147
34. AA vs Kabbadaa Abbabaa, MMA Mag/Naqamtee, lakk G 00459;
35. AA vs Keeruu Tajuu/n3/, MMOG/Jimmaa, lakk. Gamee 45387
36. AA Vs Kuulanii Diinagdee,M/M/Olaanaa Go/Jimmaa, lakk. Galme 35401, 2/04/10
37. AA vs Lameessaa Adunyaa, MMO G/W/Lixaa, lakk. Galmee 35389
38. AA vs Magarsaa Baqqala, MMA/Gimbii, 18690, 08/02/10;.
39. AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990
40. AA vs Miliyoon Ittafaa, MMA Laaloo Assaabii, lakk. Galmee 06806
41. AA vs Mu'aaz Ahmad, MMOG/Harargee Bahaa, lakk. Galmee 37361
42. AA vs Muummuyyee Kumsaa, MMA Amboo, lakk. Galmee 52074, 17/04/10;[1]
43. AA vs Qabbannaa Nagarii, MMA Laaloo Assaabbii, lakk. Galmee 06798
44. AA vs Saaliim Ahimad , MMOG/Jimmaa, lakk. Galmee 45090, 17/05/10
45. AA vs Salamoon Margoo, MMA Najjoo, lakk. Galmee 20326
46. AA vs Salamoon Tasfaayee fa'a N-3, MMWO, Lakk G 176973.[1]
47. AA vs Shaamil Abdallaa, MMA Odaa Bultum, Lakk G AA 05123, 12/8/2009
48. AA vs Siyyuum Taaddalaa, MMA Gimbii, lakk. Galmee 18054
49. AA vs Tacaana Nugusee, MMO G/sh/Kaabaa, lakk. 43308
50. AA vs Tafarraa Yaaliii,MMA Jibaat, lakk.13504
51. AA vs Tamaam Bushuraa, MMO G/Jimmaa, lakk. Galmee 45351
52. AA vs Tashooma Asaffaa, MMA Amboo, lakk. Galmee 52120
53. AA vs Tinsaa'ee Daanaa, MMO G/A/N/Finfinnee, lakk. Galmee 06278
54. AA vs Warquu Baacaa, MMA Mag/Bishooftuu, lakk. Galmee AA, 02853/09
55. AA vs Xahaa A/Foggii, MMA G/Jimmaa, lakk. Galmee 34719
56. AA vsBaalchaa Baassaa, MMA Shaallaa,Lak G 12989;
57. AAvs Yaasiin A/Maccaa, MMA Gommaa, 24717
58. Abba Alangaa Garee Inspeekshinii Naannoo vs Addunyaa Dabalaa (Abbaa Alangaa Dhaddacha Naannawaa Baha Oromiyaa), 01/09/2007.
59. Abbaa Alangaa Garee Inispeekshinii Naannoo vs Hasan Damissee (Abbaa Alangaa Naannoo, Dh/Kibba Oromiyaa)

60. Abbaa Alangaa Garee Inspeekshinii Naannoo vs Abdurazaaq Fu'aad (Godina Buunnoo Beddelletti Abbaa Alangaa Aanaa Coraa),
61. Abbaa alangaa Vs Asteer Kaffaala, MMO G/Sh/Kaabaa, Lakk. Galmee 44901,
62. Garee Inispeekshiinii Naannoo vs Alamuu Gutamaa (Godina Shawaa Bahaa, AA Waajjira Haqaa Aanaa Lumee)
63. Iyyataa Abbabaa Tashoomaa,MMA Sabbataa, Lakk G 06165
64. Iyyataa Kaasuu Warqinaa, MMA Sabbataa, Lakk G 06147, 07/03/2010
65. Iyyataa Katamaa Ashamee, MMA Sabbataa, Lakk G 00696
66. Iyyataa Mohaammad Mohaammad fi Aziizaa Abbaa Zinaab, MMA Gommaa, lakk. Galmee 24739, 08/05/10
67. Iyyataa Qaadiree A/Maccaa, MMA/Gommaa, Lakk G 24747, 09/05/10
68. Iyyataa Toofiq A/Jihaad, MMA/Gommaa,Lakk G 24491
69. Waajjira Haqaa Aanaa Magaalaa Bishooftuu, lakk. Galmee AA 03011; Xalayaa Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa irraa Wa/H/A/M/Bishoftuuf barreeffame, Lakk. 09397
70. Waj/Poolisii kutaa mag 2ffaa Vs Meetii Birruu, MMA MAg/Bishooftuu, lakk. 03108

Mariiwwan Garee Gaggeeffaman

1. Ahimadnuuri Jibiiri,Yonaata Wubsheeti, fi Ahimadiin Rashiid, fa'a, sirreeffamtoota mana sirreessaa **G/H/Lixaa**,marii garee guyyaa 01/05/2010 taassifame,
2. Jamaal Tibbeessoo, Obbo Guutamaa Taaddassee fi Obbo Warqinee Turaa, fa'a sirreeffamtoota mana sirreessaa **G/A/Lixaa**, fa'a marii garee i guyyaa 14/05/2010 taassifame.
3. Obbo Hayilee Asaffaa,Dajanee Hundee fi Tasfaayee Gaaddisaa , fa'a, marii guyyaa 07/05/2010 sirreeffamtoota mana sirreessaa **G/AD/N/Finfinnee** waliin taasifame.
4. Marii Garee sirreeffamtoota seeraa kudhan waliin Mana Sirreesaa G/W/Lixaatti, Guyyaa 08/05/10 taassifame.
5. Marii garee sirreeffamtoota seeraa Mana Sirreessaa Go/Jimmaa, waliin gaafa 21/05/10 taasifame
6. Marii garee sirreeffamtoota seeraa namoota saddeet waliin Mana Sirreessaa Godina Shawaa Lixaa, gaafa 03/05/10 gaggeeffame.

Seerota, Kitaabota

1. ABA Standard
2. Chandrasekhar an Pillai, Journal of Indian law Institute, Vol 50: 631
3. Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Dambii Lak.161 /2005,
4. *EU- counsil* – recommendation (2000)19 paragraph. 1
5. Gabaasa raawwii hojii Biiroo Haqaa Oromiyaa KGT II keessaa Kan Waggaa Lamaa fi Walakkaa (2 fi 1/2) Adoolessa 1 bara 2008-Muddee 30 bara 2010
6. Heera Mootummaa RDFI, 1987, kwt 19,20,22,23, 37
7. Imaammata seera yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe,
8. International Convention on Civil and Political Right
9. James Hamilton, Director of Public Prosecutions, Ireland, the role of public prosecutors in upholding the rule of law, 2006:1
10. Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu Irra Deebiin Fooyya'ee Qophaa'e (2006), mata duree 2.2.2 (j), fu.21
11. Labsiin Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe, Labsii 199/2009
12. Maanuwalii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa Oromiyaa Keewwata 6/3/
13. Principles and guideline on the right to fair trial and legal assistance in Africa, AU, 2003
14. Prosecution Function, Criminal Justice Section Standards
15. Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biiroo Haqaa Oromiyaa Qajeelfama Lakk 9/2006, kwt 15.
16. Seera deemsa falmii yakkaa Itoophiyaa,lan.Lak.185/196,
17. Standard of professional responsibility and statement of the essential duties and rights of prosecutors
18. The public Prosecution service at a Glance
19. The Role Of Public Prosecution In The Criminal Justice System, Recommendation Rec(2000)19

20. UN Guidelines on the Role of Prosecutors, Adopted by the Eighth United Nations Congress on the Prevention of Crime and the Treatment of Offenders, Havana, Cuba, 27 August to 7 September 1990, Preamble.
21. UN Report of the Working Group on Arbitrary Detention; E/CN.4/1999/63